# QAACCESSA AF WALALOO GEERARSA OROMOO BAALEE:

# XIYYEEFFANNAA AANAA BARBAREE

ALMAAZ KATAMAA ARADDOO

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA GAMISAAN

GUUTTACHUUF QOPHAA’EE MUUMMEE AFAAN OROMOO

FI OGBARRUUTIIF DHIYAATE

YUUNIIVARSIITII MADDA WALAABUU KOLLEEJII SAAYINSII HA-
WAASAA FI NAMUMMAATTI MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBAR-
RUUF DHIYAATE

HAGAYYA, 2011/2019

BAALEE ROOBEE

# QAACCESSA AFWALALOO GEERARSA OROMOO BAALEE :

# XIYYEEFFANNAA AANAA BARBAREE

ALMAAZ KATAMAATIIN

GORSAAN BIRHAANUU TAAKKALAA (PHD)

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA GAMISAAN

GUUTTACHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN OROMOO

FI OGBARRUUTIIF DHIYAATE

YUUNIIVARSIITII MADDA WALAABUU KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAA
FI NAMUMMAA MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUU

HAGAYYA, 2011/2019

BAALEE ROOBEE

**YUUNIIVARSIITII MADDA WALAABUU KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMUMMAATTI MUUMMEE AFAAN OROMOO FI HOGBARRUUF DHIYAATE**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa(MA) Afaan Oromoo fi Ogbarruu gamisaan guutta-chuuf Almaaz Katamaatiin mataduree “Qaaccessa Afwalaloo Geerarsa Oromoo Baalee: Xiyyeef-fannaa Aanaa Barbaree” jedhuun qophaa’e sadarkaa ulaagaa yuuniivarsiitiin kaa’e guutera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa______________________________Mallattoo__________Guyyaa_____________

Qoraa Keessaa__________________________Mallattoo___________Guyyaa___________

Gorsaa______________________________Mallattoo______________Guyyaa___________

---

Ittigaafatamaa muummee ykn walitti qabaa sagantaa digirii lammaffaa(MA)

**Waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu isaa ibsa. Kanaan dura yuuniivarsiitii ka-miyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanne ta'uu fi wabiileen waraqaa qorannoo kanaaf dubbisee itti fayyadame hunda isaanii wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.**

**Maqaa__________________________________________**

**Mallattoo________________________________________**

**Guyyaa__________________________________________**

**Qorrattuu Almaaz Katamaa waraqaan qorannoo ishii haala seera qorannaa eegeen qopheessuu ishii fi calaqqeef (defense) muummeef galchuu danda'uu ishii ani gorsaan mallattoo kootiin mirkaneessera.**

**Maqaa gorsaa____________________________________**

**Mallattoo________________________________________**

**Guyyaa_________________________________________**

# GALATA

Duraandursee Waaqayyoon waan hunda keessa na dabarsee hunda naaf raawwateef galatni yaa ta'u! Itti aansuun nuuffii tokko malee yeroo mata dureen gale irraa eegalee hamma xummuramuttuu yeroo fi humnaa isaanii aarsaa godhanii kan na qajeelchaa fi na deeggaraa turan, gorsaa koo Dr.Birhaanuu Taakkalaa galata guddaa hin dagatamne qabu.

Kan biroo yeroo maraa yaadaa fi gorsaan na duukaa hin dhabamin haadhaa, abbaa fi obboleeyyan koo, akkasumas bakkan ani deemu hundaa motora haala mijeessuun na wajjin deemee bifa suuraa fi viidiyootiin waraabuun kan na waliin ifaajaa ture abbaa manaa koo Dammallaash Alamuu fi ijoollee kootiif kabaja fi galata guddaan qaba!

Dabalataan Waajjira Aadaaf Tuurizimii godina Baalee fi aanaa Barbree akkasumas maanguddoota aanaa Barbaree osoo of hin qusatin odeeffannoo barbaachisu hundaa naaf laatan hunduu ulfina haa argatan. Kana malees hojii baruu barsiisuu faana qorannoo kana yeroon geggeessu yeroo baay'ee ay-yama naaf laachuun kan na gargaare Mana Barumsa Sad.1ffaa Haroo Dumaal nan galateeffadha. Dhumarratti, kallattii gara garaatiin namoota deeggarsa naaf godhaan hudaafuu galanni koo bira yaa gahu.

# HIIKA JECHOOTAA

- Abkaa-----------------------Korpheessa re’ee
- Albabbaa------------------qorra
- Albamee-------------------milkaa’e
- Amaanaa--------------------galcha namaa
- Arraagoo--------------------lafa
- Ayichoo/Aayyoo----------harmee/haadhaa
- Baddeeyyii-----------------bosona/muka baddeessaan itti baay’atu
- Battalti-----------------------diida
- Bayyuu----------------------dhaloota itti aanu
- Biiflee-----------------------nama dhukaasu hin qolle
- Bokkolaa--------------------rooba hamaa kan lafa dhoqqeessu
- Bosoo-----------------------dubartii harka hin tolle
- Conqollee-------------------gabaabduu
- Dilba------------------------waan Waaqa bu’u
- Diida’aa--------------------lafa Baale keessa jiru
- Duchiiftuu------------------obboleettii
- Dumbulloo-----------------qawwee
- Dumeleen-------------------bishaan/malkaa
- Dhoombir--------------------maqaa qawwee
- Gaalama---------------------maqaa lafaa kan baddaa Baalee keessatti argamu
- Golloo----------------------iccitii
- Guraandaa------------------masaraa
- Gurraa dosee tiibbaa-------sa’a aananii
- Goorana----------------------hoxxee(mana citaa)
- Gur’uu-----------------------mucha sa’aa
- Hayeeta----------------------awwaachuu
- Hayi-----------------------------qophaahuu
- Hiddee---------------------------sanyii
- Imaanoo------------------------waarsaa
- Jenaaddee-----------------------maqaa qawwee

- Kooraa---------------------------jajjabeessuu
- Koorsan --------------------------kunuunsan
- Laancaa---------------------------marga dubartiin mataatti godhattu
- Laashee--------------------------dubartii jegna
- Leeymaa--------------------------dabbasaa
- Nassaruu--------------------------gargaaruu
- Quyyisanii-----------------------dibachuu
- Quuxalee------------------------qilee
- Raagduu-------------------------kan waa'ee egeree abjootu(kan dursee beeku)
- Raaphana---------------------- gabaabduu
- Reebbataa----------------------- ari'aa/jegna
- Sakaraata-----------------------dhukkubsatte
- Samaa---------------------------dhadhaa ture
- Sawaa----------------------------xiyyaara
- Somaayyoo-----------------------muka waraanaa/eeboo
- Somaayyoon tiyya hidde-------muka jajjabaa/arooressa
- Tigraa----------------------------gurbaa/lolchiisaa
- Tiibbii-----------------------------bosona
- Toomifa-------------------------qawwee rasaasa saddeettama nyaatu
- Tooyraa--------------------------namoota/qabsaa'ota
- Shubaa---------------------------cubbuu
- Urkoo----------------------------rakkoo
- Usturii---------------------------minishirii/qawwee
- Waajiba------------------------dirqama/waan nurraa eegamu
- Walaaloo----------------------obboleewwan
- Weeboo-------------------------laga

**BAAFATA**

GALATA ........................................................................ i
HIIKA JECHOOTAA ........................................................................ ii
*Axereeraa* ........................................................................ x
BOQONNAA TOKKO:SEENSA ........................................................................ 1
1.1 Seen duubee Qorannichaa ........................................................................ 1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa ........................................................................ 4
1.3 Kaayyoo Qorannichaa ........................................................................ 5
1.3.1 Kaayyoo Gooroo ........................................................................ 5
1.3.2 Kaayyoo Gooree ........................................................................ 5
1.4 Barbaachisummaa qorannichaa ........................................................................ 5
1.5 Daangaa Qorannichaa ........................................................................ 6
1.6 Hanqina Qorannichaa ........................................................................ 6
1.7 Seenduubee Aanaa Barbaree ........................................................................ 7
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'IINSA BARRUU ........................................................................ 11
2.1 Yaad-rimee fookloorii ........................................................................ 11
2.2 Gooroowwan fookloorii ........................................................................ 11
2.3 Afoola ........................................................................ 12
2.3.1 Amaloota Afoolaa ........................................................................ 12
2.3.1.1 Lufummaa ........................................................................ 12
2.3.1.2 Hurrubummaa ........................................................................ 13
2.3.1.3 Uummatummaa ........................................................................ 13
2.3.1.4 Jijjiiramummaa ........................................................................ 13
2.3.2 Faayidaa Afoolaa ........................................................................ 13
2.3.3 Gosoota afoolaa ........................................................................ 15
2.3.4. Ogwalaloo ........................................................................ 15
2.3.4.1 Gosoota ogwalaloo ........................................................................ 16
2.3.4.2 Geerarsa ........................................................................ 16
2.3.4.3 Akkaataa geerarsi ittiin dhiyaatu ........................................................................ 17
2.3.4.4 Faayidaa Geerarsaa ........................................................................ 17

2.3.4.5 Amaloota Geerarsaa ........ 18
2.3.4.6 Gosoota geerarsaa ........ 18
2.3.4.7 Geerarsa gootaa ........ 19
2.4 Yaaxxina Qorannoo Kanaan Wal Qabatu ........ 20
2.4.1 Yaaxxina Faayideessummaa (Functionalism Theory) ........ 21
2.5 Sakatta'a Barruu Walitti Kaleenya Qabu ........ 21
BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNOO ........ 23
3.1 Saxaxa Qorannichaa ........ 23
3.2 Irraawwatamaa Qorannichaa ........ 24
3.3 Madda ragaalee ........ 24
3.4 Iddattoo filachuu fi mala iddatteessuu ........ 25
3.5 Tooftaalee funaansa ragaalee ........ 26
3.5.1 Af gaafii ........ 26
3.5.2 Sakatta'a Galmee ........ 27
3.5.3 Daawwannaa ........ 27
BOQONNAA AFUR: QAACCESSAA FI IBSA RAGAALEE ........ 29
4.1 Geerarsa Gootota Bara Dhoombir ........ 29
4.1.1 Geerarsa Gootota Kakaasu ........ 29
4.1.2 Geerasa injifannoo gootota ........ 32
4.2.Geerarsa Bara Janaaddee/Soowraa ........ 33
4.2.1 Geerarsa goota jajjabeessu ........ 34
4.2.2.Geerarsa Injifannoo Gootota ........ 41
4.2.3. Geerarsa gootota kan dabeessa jajjabeesu ........ 44
4.3 Geerarsa Bara Dhiyoo ........ 48
4.3.1 Geerarsa Booree ........ 48
4.3.2.Geerarsa Seenaa Gootota Ibsu ........ 61
4.3.3 Geerarsa Gootota Durii Faarsu ........ 66
4.3.4 Geerarsa Gootota Yeroo Ammaa ........ 67
BOQONNAA SHAN:Cuunfaa, Argannoo fi Yaboo ........ 72
5.1 Cuunfaa ........ 72
5.2 Argannoo ........ 73
5.3 Yaboo ........ 74

WABIILEE ........................................................................................................................................ 77
DABALEEWWAN........................................................................................................................................ 79

## *Axereeraa*

*Qorannoon kun qaaccessa afwalaloo geerarsa Oromoo Baalee: xiyyeeffannaa Aanaa Barbaree yoo ta'u kaayyoo gooroon qorannichaas ergaa afwalaloo geerarsi goototа Baalee qabu xiinxaluudha. Qorattuun mala qorannoo akkamtaatti kan gargaaramte yoo ta'u ragaaleen walitti qabaman jechaan qaacceffamaniiru Malli iddatteessuu qorannoo kanaa dhimma itti bahame iddatteessuu miti carraa ta'ee, iddatteessuu akkayyoo fi darbaa dabarsaadhaan odeeffannoon walitti qabame qaacceffameera. Meeshaaleen odeeffannoon ittiin guurames afgaafii, sakatta'a galmee fi daawwannaadha. Argannoon ijoon qorannoo kanaas sirnoota darban keessa ummanni Oromoo cunqursaan irra turuu fi barri sunis bara Janaaddee fi bara dhoombir jedhamuu isaa akkasumas isaa asis dhiibbaan ummata Oromoo irraa kan hin fagaanne ta'uu agarsiisa. Geerarsi goototа Oromoo faarsu: sirna ummata Oromoo miidhaa ture balaaleffachuuf, diddaa gabrummaa agarsiisuuf, aarii yookiin quuqaa garaa qaban baasuuf kan geeraramuu dha. Kana malees gootummaa ummatichaa mul'isuun hamilee labata ammaa kakaasuu, dabeessa jajjabeessuu, enyummaa ofii akka beekan ummaticha dadammaksuu fi dhaloota haaraa ittiin barsiisuuf kan geeraramaa turee dha. Iddoon itti geeraramaa tures iddoo waraanaatti yoo ta'u aanaa Barbaaree keessa, Aanota ollaa kan akka Dalloo Mannaa, Madda Walaabuu fi kan kana fakkaatan fa'i yoo ta'an qawwee janaaddee fi dhoombir qabatanii kan geeraran ta'uu odkennitoota keessaa kanneen qabatamaan waraana bara janaaddee irratti hirmaatanirraa argameera.Yeroo ammaa kana garuu geerarsi goototа Oromoo faarsu, kan bal'innaan hin mul'anne fi hurrubbummaa isaas gadi dhiisaa kan jiruu dha. Kan biraa sababa amantii irraa kan ka'e hafaa waan jiruuf abootiin amantii akkaataa inni amantiin walitti hin buune irratti akka barumsa kennaan osoo ta'ee gaarii dha. Hayyoonni Oromoollee gama kanaan gahee isaanii bahuu qabu. Dhaloonni har'aa abbootii fi maanguddoota irraa walitti qabee geerarsi kun akkaataa duriitiin akka turu fi akka dagaagu dirqama ofii bahuu qaba.Barsiisonni " Gumii Dagaagina Afaanii fi Aadaa Oromoo" keessatti barattoota hirmaachisuun shaakalsiitu irra jiraata. Kana malees dhaloonni ammaa qorannoo bal'aa irratti geggeesuu irra jiraata. Waajjirri Aaadaaf Tuurizimii Oromiyaa, kan godinaa fi kan aanaa hawaasatti gadi bu'uun geerarsa kana guuranii; galmeessanii; dhaloota itti aananiif dhaalchisuu qabu. Walumaagalatti Oromoonni hunduu gahee irraa eegamu bahuu qabu.*

# BOQONNAA TOKKO:SEENSA

Qorannoon kun qaaccessa ergaa afwalaloo geerarsa gootota Oromoo Godina Baalee Aanaa Barbaree irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u boqonnaa kana keessatti qabiyyeewwan gara garaa dhimmoota qorannichaatiin wal qabatan kanneen akka seen duubee qorannichaa, ka'umsa qorannicha, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaa fi seen duubee aanaa Barbree kan of-keessatti hammatuu dha. Isaan kunis haala armaan gadiitiin duraa duubaan ibsamaniiru.

## 1.1 Seen duubee Qorannichaa

Yaad- rimeen fookloorii bal'aadha. Fooklooriin beekumsa, dandeetti, ogummaa, kennaa addaa, falaasama aartii, amantaa, uffannaa, nyaataa fi meeshaalee ogummaa ofiin qopheeffate kan murni tokko yookiin gareen hawaasaa tokko waliin qabuu fi dhalootaa gara dhalootatti ittiin eegee dabarsuu dha. Fooklooriin dameewwan gurguddoo afur qaba. Isaanis afoola(oral literature), wanta/meeshaalee aadaa(/Material culture), duudhaa /barsiifata hawaasaa(Social falk custom) fi aartii sochii hawaasaa (per forming folk art/)dha. Qorannoof akka mijatu adda addatti yaa qoodaman malee gooroowwan kunniin walittidhufeenya cimaa qabu. Wal irraa adda bahanii jiraachuu hin danda'an. Dorson,(1972). Haaluma kanaan qorannoon kun geerasa irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, kunis goorowwan afran keessaa afoola jala jira.

Afoolli gosa ogbarruu keessaa tokko ta'ee, bal'aa fi gabbataa kan afaaniin himamaa dhufe. Afoolli aadaa, duudhaa, safuu, amantaa, seenaa, eenyummaa hawaasaa, falaasama, ogummaa fi jiruuf jireenya dhala namaa hunda ibsuu irratti gahee olaanaa qaba. Muuxannoo bara dheeraa hawaasni tokko kuufate ta'ee, kan inni ittiin ergaa waliif dabarsaa dhufeedha. Zarihuun (1992:20) akka ibsutti afoolli ibsituu eenyummaati. Kana malees meeshaa aadaa fi safuun ittiin tursiifamuudha. Hawaasni gaddaa, gammachuu, hawwii, kufaatii, deeggarsaa fi mormii qaban afoolaan calaqqisiisa. Kuni kan hubachiisu hawaasni jiruu fi jireenya isaanii keessatti muuxannoo fi muudannoo qaban afoolatti dhimma bahuun ibsachuu isaanii agarsiisa. Fedhasaa (2013) yaada kana yoo ibsu "Afoolli kalaqa sammuu keessatti qindaahuun afaaniin himamuudha. Kana keessatti haalli kuufamaa fi lufiinsa isaa himiinsa afaaniin dhugooma malee barreefaman miti. Wanti afaaniin lufaa dhufe kun seenaa, eenyummaa,

ilaalcha, duudhaa, safuu, diinagdee, amantii, siyaasa, beekumsaa fi muuxannoo dhala namaa baatee as gahe. ”

Kanaaf ummanni Oromoos jiruu fi jireenya isaa ibsachuuf afoolatti dhimma bahaa ture. Osoo bar-nootni ammayyaa hin jalqabin durayyuu beekumsa bu’uura kanatti fayyadamuun afaanumaan dha-loota barsiisaa ture. Har’as afaanumaan dhalootaa dhalootatti daddabarsa. Dastaa (2002:59) Yaada kana yemmuu ibsu “afoolli ykn og-afaan dhimma afaaniin dhaloota irraa dhalootatti darbaa dhufee dha. Afoola kan jedhamee beekamu kunis damee heddutti qoqqoodama” jedha. Akkasumas Geta-achoo (2008:141) gosoota ykn dameelee afoolaa yemmuu ibsu, “Gosoonni afoolaa hedduudha. Isaan-iis eebba, mammaaksa, hiibboo, ciigoo, sheekoo, oduu durii, geerarsa, sirba, tapha ijoollee, faaruu fi kan kana fakkaatan” jechuun ibsa. Kanaaf afoolli gosoota baay’ee kan of jalaa qabu ta’uu irraa hu-banna.

Oromoon saba bal’aa aadaa, safuu, duudhaa, amantaa fi kan kana fakkaatu bal’innaan qabuu dha. Qa-beenya afoolaa kana bifa seeneffamaatiin, walaloo fi arrab qareeyyiitiin haaluma itti tolutti fay-yadamee ergaa barbaade dabarfata.Ummanni kun dabalataan meeshaa aadaa, nyaata aadaa, uffata aadaa fi kan kana fakkaatu kan qabu ta’ee yeroo ayyaanaa, sirna gara garaatti fi kan kana fakkaatan irratti kan ittiin aadaa ofii calaqqisiifatan dha. Kun barreeffamaan kan daddarbu osoo hin taane afaan-umaani.

Kabaja ayyaanaa ilaalchisee ayyaanota Oromoon kabaju keessaa tokko irreecha. Irreechi ayyaana Oromoo yeroo dhiyoo keessa akka addunyaatti beekamtii argateedha. Ayyaanni kun yeroo kabajamu marga jiidhaa qabatanii, uffata aadaa uffatanii, meeshaalee aadaa qabatanii afaaniinis faarfachaa Waaqa rooba kennee midhaan biqilchee geechise, biyya nagaa godhee ifatti isaan baase galateeffatu. Sirna kana irratti Oromoota heddutu argamuun kabajni ayyaanichaa geggeeffama. As keessatti dubar-toonnis gahee olaanaa qabu. Siiqqee isaanii qabatanii, uffata aadaatiin kukkuulamanii, faaruu faar-fachaa ayyaanicha faayu.

Kan biroo ammoo Oromoon sirna gadaas qaba. Sirni kun sirna bulchiinsa dimokraatawaa ti; Ittiin wal bulchu. Akka gadaa Oromootti ilmi dhiiraa dhalate tokko sadarkaalee keessa cehu qaba. Waggaa sad-deet saddeetiin sadarkaa shan keessa darbee Abbaa Gadaa ta,ee biyya bulcha. Kunis kan ta’u umrii afurtama irratti. Sadarkaaleen kunniin duraa duubaan ijolleen dhiiraa waggaa 1-8 Dabballee, 9-16 Gaammee xixiqqoo, 17-24 Gaammee guguddoo, 25-32 Kuusaa, 33-40 Raabaa Doorii, 40-48 Gadaa

yoo jedhamu Abbaan Gadaas isaan keessaa ummataan filatamee biyya bulcha. Kanaan booda kan jiru waggaa saddeet saddeetiin hanga waggaa 80 gahutti Yuuba tokkoffaa, lammaffaa fi sadaffaa jedhamuun kan ibsamu yoo ta'u waggaa 80 booda kan jiru ammoo Gadaamoojii akka jedhamu kitaaba Barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa irratti ibsaniiru. Ababaayyoo fi kaawwan (1987). Kuni Oromoon duudhaa fi sirna ittiin wal bulchu qabaachuu kan calaqqisiisu dha.

Oromoon yoo namni wal dhabe aadaa ittiin araara buusanis qabu. Isa badii qabuu fi hin qabne adda baafachuun, inni badii qabu badii ofii amanee akkaataa itti nama miidhame san kiisuun dhiifama itti waliif godhan haala mijeessuun araarsu.Yoo namni gidduutti du'eyyuu aadaa itti gumaan nama du'e sanii bahee araara buusan qabu.

Oromoon walaloo afoolaas qaba. Walaloon waa'een wanta tokkoo qindaa'ee, mimmiidhagee, bifa gurra namaa hawwatuun qophaahuun, yeedaloodhaan kan namaaf dhiyaatuu dha. Finnegan (1977) akka ibsutti walaloon afoolaa akkuma seeneffamootaa aadaa, duudhaa, seenaa fi haala jiruufi jireenya uummata tokkoo afaaniin dhalootaa dhalootatti kan dabarsuudha. Walaloon afoola Oromoo kun bakka gara garaatti qoodamuu danda'a. Isaanis: geerarsa, weedduu, sirba, faaruu, eebba, abaarsa gumgummii fi tabaallii fa'i.

Qorannoon kun gosoota walaloo afoolaa kana keessaa geerarsa irratti xiyyeefata. Geerarsi aadaa Ormoo keesstti beekamaa dha. Dhalli namaa muuxannoo, muudanoo, gadda, gammachuu, aarii, deeggarsa, mormii, hawwii fi gootummaa keessa isaatti dhagahamu ittiin ibsachuuf geerara. Yeroo adda addaatti dhimma gara garaatiif geerarama. Tokko ajjeesee gammadee yoo geeraru kuun ammoo milkaa'uu dhabeet aariif geerara. Namni tokko sooramee yoo geeraru, inni biroo ammoo hojjatee bu'aa dhabeet geerara. Kanaafuu, geerarsi dhimma adda addaatiif geerarama. Dhimma geeraramuuf santu gosa geerarichaa murteessa. Namni qabeenya hin qabne deega irratti geerara. Kan ajjeesee dhufuuf geerarama taanaan geerarsa ajjeesaa jedhama. Akkuma kanaan gosaa gosatti qoodamee hawaasa keessa jiraachuu isaa (Fedhasaa 2013:49) lafa kaa'eera. Kunis namni tokko akka aadaa Oromootti yeroo bineensa gurguddaa akka Arbaa, Gafarsaa, Leencaa fi kan kana fakkaatu yeroo ajjeese, akkasumas dirree lolaatti bahee yoo diina isaa lolee moo'ate hawaasa keessatti nama sana jajuuf namoonni yeroo geeraraniif namichi gocha sana raawwate dhiirummaa yookiin jegnummaa isaa ibsuuf kan geeraruu dha. Yaada kanaan walqabsiisee Ayyaanaa, (1991:47) yeroo ibsu "Geerarsi akkasumaan kan geeraramu osoo hin taane waan qabatamaa ta'e tokko mul'isuun; akksumas dhiirummaa mul'dhisuuf '' jechuun kaa'a.

Walumaa galatti, geerarsi Oromoo dhalattoota ummatichaa biratti iddoo guddaa kan qabuu fi haala gaariin ergaa dabarsuu kan danda'uudha. Geerarsi daawwitii waliin jireenyaa gamtaa fi dhuunfaa calaqqisiisudha. Haaluma kanaan qorannoo kun afwalaloo geerarsa gootota Oromoo Godina Baalee Aanaa Barbaree irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u ergaan keessatti darbu bal'innaan qaacceffamee jira.

## 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Oromoon yeroo dheeraadhaaf yaada, fedhii, gammachuu, gadda, seenaa, aadaa fi duudhaa isaa og afaaniin ibsachaa kan ture ta'uun ni beekama. Haala kana ilaalchisee Addisuu(1999), "The Oromo oral society hence gerarsa played a key role in transmited historical knowledge and culture values from generation" jedha. Kunis afaan Oromoo yeroo dheeraadhaaf afaan dubbii malee afaan barreef-famaa akka hin turree fi seenaa, sonaa fi aadaa isaa kan ittiin walii dabarsaa ture afaaniin keessattuu geerarsa akka ture ibsa. Yeroo ammaa kana ammoo afaan barnootaa, afaan qo'annoo fi qorannoo ak-kasumas afaan hojii ta'ee jira. Guddina afaanii kana keessatti afoollis gahee olaanaa qaba waan ta'eef akka dagaagu gochuuf dhaloota haaraa uummta Oromoo irraa hojii guddaatu eegama.

Geerarsi walaloolee afoolaa keessaa tokko. Innis yaada qalbii hawaasaa kakaasuu irratti humana guddaa qaba. Sababni isaa bifa walalootiin qindaa'ee, yeedaloo qabaatee, meeshaalee gara garaatiin faayamee fi sochii gara garaatiin walmakee jamaa fuulduratti kan dhiyaatu waan ta'eefi. Jamaanis hirmaannaa keessaa qaba. Kana keessatti wal caqasaa sirnaan walharkaa fuudhu waan ta'eef ergaa guddaatu darba. Keessattuu geerarsi gootota faarsan yeroo gabaabaa keessatti sammuu namaa jijjiiru. Geerarsi goototaa gootummaa namni tokko ittiin beekamu kan ibsuu dha.

Aadaa Oromoo keessatti namni gochaa addaatiin beekamu tokko goota jedhama. Kunis diina injifa-chuun biyyaa ofii kan bilisoomsuu, hojii addaa hojjatee biyyaaf bu'aa kan buuse, biyya ofii kan waamsise fi kan kana fakkaatu ta'uu danda'a. Haaluma kanaan Oromoonni gootota heddu qaban. Goototni ammoo geerarsaan kan faarfaman yoo ta'u, aanaa Barbaree kana keessaa geerarsi gootota faarsan dhaloota ammaa kana biratti kan hin mul'anne ta'uutu qorattuu qorannoo kanaaf kakaase. Kan biroo sababa amantaatiin walqabatee itti fayyadamummaan isaa xiqqaachaa jira. Kunis aanaa kana keessatti haala amma jiru kanaan yoo ture gara baduutti deemuun isaa kan hin hafneedha. Ka-naaf hawaasa keessaa funaanuun bifa barreeffamaatiinis deeggarammee dhaloota haraa dhaalchisuu fi barsiisuun barbaachisaa ta'uun qorattuu kakaasera. Inni biraa geerarsi gootota faarsu kun hawaasa

kakaasuu irratti humana guddaa qabaachuu isaati. Keessattuu yeeroo ammaa kana hamilee hawaasaa kallattii gara garaatiin kakaasuu fi rakkoowwan gara garaa jalaa milqsuuf geerarsi goototaa kun murteessaa ta’uun qorattuu kakaasera. kanaaf akka waliigalaatti dhaloonni haaraan seenaa dabre irraa bifa barreeffamaan hubatanii isaanis akka mirga ofiif qabsaa’anii fi geerarsi akka hin banne gochuufii dha. Haaluma kanaan qorannoon kuni gaaffilee kanaa gadii deebisa.

1. Afwalaloon geerarsa Oromoo Aanaa Barbaree ergaa akkamii of keessaa qaba?
2. Afwalaloon geerarsa Oromoo Aanaa Barbaree kun yoomessa akkamii keessatti dhiyaata?
3. Geerarsi goototaa, Aanaa Barbaree kun akkamiin hurrubama?
4. Afwalaloon Geerasa goototaa hawaasaaf maal fayyada?
5. Afwalaloo geerarsaa keessatti gootummaan gama kamiin ibsama?

## 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa ergaa afwalaloo geerarsa Oromoo Baalee Aanaa Barbaree qaaccessuu dha.

### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoon Gooree qorannoo kanaa:

1. Eragaa afwalaloon geerarsa Oromoo Aanaa Barbaree qabu ibsuu.
2. Yoomessa afwalaloon geerarsi Oromoo Aanaa Barbaree keessatti dhiyaatu adda baasuu.
3. Akkaataa afwalaloon geerarsa Oromoo Aanaa Barbaree itti hurrubamu addeessuu.
4. Faayidaa afwalaloon geerarsa goototaa hawaasaaf qabu ibsuu.
5. Afwalaloo geerarsaa keessatti karaalee gootummaan ittiin ibsamu addeessuu.

## 1.4 Barbaachisummaa qorannichaa

Firii argannoo qorannoo kanatti qaamni fayyadaman kanneen armaan gadiiti:

- ✓ Qorattuun afoola hawaasa keessaa guuruun kuusuu fi dhaloota haaraa waa’ee geerarsaa bifa barreeffamaatiin tursiisanii ittiin isaan barsiisuuf.

- ✓ Hawaasa aanaa Barbaree faayidaa ogafaanii hubatanii akka kunuunfatan fi akka itti fayyadaman isaan gargaara
- ✓ Uummanni Oromoo Aanaa Barbaree kaka'umsa horatee biyya ofii, saba ofii, mirga ofii fi kan kana fakkaatuuf qabsaa'ee bilisooma.
- ✓ Barsiisotaa fi barttootni manneen barnootaa Aanaa Barbaree keessatti qabiyyee afoolaa jalatti ittiin wal barsiisu. As keessatti waa'ee biyya ofii, waa'ee gootota saba ofii fi kan kana fakkaatu bal'innaan hubachuun onnee horatu.
- ✓ Hojjattoota waajjira Aadaa fi turiizimii Aanaa Barbareetiif bifa galmeen kuufatanii aadaa akka barsiisan fi akka kunuunsuun dhalootaaf dabarsan isaan fayyada.
- ✓ Qorattoota waa'ee afoolaa irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif akka madda ragaa lammaffaatti isaan tajaajila.

## 1.5 Daangaa Qorannichaa

Afoolli Oromoo waan adda addaa of keessaa qaba. Qorannoon kun kan irratti xiyyeeffatu gosoota afoolaa keessaa geerarsa gootota faarsani. Kunis gosoota afoolaa heddu jiran qabiyyee tokko keessatti qorachuun rakkisaa waan ta'eefi. Gama biraatiin afwalaloo geerarsa gootota Baalee aanaa Barbaree qofarratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, sababni isaas geerarsa gootota faarsan kana iddoowwan gara graa deemanii qorachuun waan bal'atuufi. Akkasumas yeroo jiruu fi haala jiru waliin walqabatee Godinaalee Oromiyaa hunda waliin gahuun hin danda'amu. Dabalataan qorattuun jiraattuma Baale Aanaa Barbaree waan taateef odeeffannoo qulqulluu fi qabatamaa argachuurratti itti salphata. Gama biraatiin gootootni bebbeekamoon aanota muuraasa keessatti kan argaman yoo ta'u: aanaa Barbaree gandoota gara garaa irraa fi Waajjira Aadaaf tuurizimii Godina Baalee irraa odeeffannoon funaanameera. Kunis kan ta'eef qorannichi Aanaa Barbareetti hojjatamuyyuu geerarsi waa'ee gootota faarsan akkasumas odeeffannoon waa'ee gootota dabalataan ni argama jedhamee waan amanameefi. Haaluma kanaan qorannoon kun akkaataa armaan olitti dhiyaate kanaan daanga'e.

## 1.6 Hanqina  Qorannichaa

Qorannoon kun qaaccessa ergaa afwalaloo geerarsa gootota Oromoo Baalee aanaa Barbaree irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, akka hanqinaatti  wantoonni muudatan maanguddoonni gandoota fagoo irra jiran guyyaa odeeffannoo kennuuf beellamanitti sagantaa biroo qabachuun yeroo qusachuuf jecha ragaa gahaa fi quubsaa kennuu irraa of qabuu yoo ta'u ittuma deddeebi'uun kan funaannamee fi akka

namoota biroo eeran malleen iddattoo filachuu fi iddatteessuu garaa garaa mata duree qorannoo ka-naaf ta'utti fayyadamuun gandoota gara garaa keessaa filachuun akka falaatti qorattuun fayyadamtee jirti. Kan biroo yeroo yoomessi nam tolcheen uumametti meeshaaleen qabatanii geeraran gahaan kan hin argamne yoo ta'u, akkasumaan kan geeraranii fi iddoo biraatti ammoo qawwee fi eeboon argamus namootni jalaa fuudhan/qaban ayyamamaa ta'an gahaan hin argamne. Ta'us hammuma argamaniin itti deemmamee odeeffannoon argame qaacceffameera.

Gama biraatiin Aanaa Barbaree kana keessatti yeroo baay'ee rakkoo ifaan addaan ciccituu muuda-chuun baratamaadha. Kun ammoo hojii qorannoo kanaatiin walqabatee: barreessu, 'print' gochuu, moobaayilii chaarjessuu fi kan kana fakkaatu irratti hudhaa guddaa ture. Haata'u malee rakkoo kana-jenareetaraan bakka fayyadamanitti chaarjeffachuun kan furattee dha.

Inni biroo ammoo gandoota aanaa kanaa keessa karaan konkolaataa waan hin jirreef, sababa rakkoo geejjibaatiin deemanii odeeffannoo funaanuun ulfaataa ta'uun isaa beekamaa dha. Keessattuu yeroo roobaa baay'ee rakkisaa dha. Haata'u malee rakkoo kanaaf akka furmaataatti wanti qorattun itti fay-yadamte yeroo roobni hin jirretti motoraan fayyadamuun, iddoowwan hamma tokko dhiyoo ta'an immoo miilaan deemuun odeeffannoo funaannattee jirti.

## 1.7 Seenduubee Aanaa Barbaree

Aanaan Barbaree aanota Godina Baalee keessatti argaman keessaa tokko. Moggaasa maqaa aanaa kanaa ilaalchisee yaada lamatu jira. Inni tokko barbaree facaasanii yeroo gabaabaa keessatti sababa gaheef biyyi kun biyya barbareeti jechuun "Barbare" kan itti moggaafame ta'uu yaada agarsiisu yoo ta'u, yaanni inni lammataa immoo biyyeen Aanaa Barbaree diimaa waan ta'eef maqaa kana argatte kan jedhu ta'uu jiraattota achii irraa odeeffannoon argameera.

Aanaan tun magaalaa guddoon ishii Haroo Dumaal yommuu jedhamtu magaalaa guddittii godinichaa Roobe irraa 99km gara Kibbaatti fagaattee argamti. Aanotni aanaa Barbaree daangessan Kaabaan aa-naa Gooroo, Kibbaan Dalloo Mannaa, Bahaan aanaa Gurraa Dhaamolee fi Lixaan ammoo aanaa Goobbaati.


Aanaan tun lafa bal'inna hektaara 153786 irratti teessee yoo argamtu gandoota kudha saddeet(18) of keessa qabdi. Haalli qilleensa ishii gandi ja'a(6) naannoo qilleensa badda daree yoo ta'u kaawwan hafan garuu gammoojjii oo'aa keessatti argamu. Haalli qilleensaa gara garaa kana keessatti akkaataa

gandoonni itti argaman dhibbeentaan(%) yeroo ibsamu: baddaa 5%, badda dareen25% fi gammoojjiin 70%.

Haalli teessuma lafaa ishii bu’aa bahii heddu kan qabduu fi akka barbaadanitti bakka barbaadan keesa naanna’uuf kan baay’ee mijatuu miti. Magaalaa goddoo aanattii keessa yoo dhaabatan gaarreen gurguddoo akka daallaatti ishii marsetu halaalatti mul’ata.

Baay’inni ummata aanaa kana keessa jiraatuu kan magaalaa dhi 4,686 fi dub 4,466 Ida’ama 9,152 yoo ta’u kan baadiyyaa dhi 59,652 fi dub 56,857 Ida’ama 116,509 dha.Walii galatti dhi 64,338 fi dub 61,323 ida’amni 125,661 dha. Halli jiruu fi jireenyi hawaasa aanaa kanaa qonnaan bulaa fi horsiise bulaa yoo ta’an kaawwan hafan ammoo daldaaltotaa fi hojjattota mootummaa ti.

Haalli oomisha aanaa kanaa midhaan keessaa xaafii, adaree(boqqoolloo)fi darbeedarbee naannoo badda dareetti qamadii yoo ta’u, ashaakiltii keessaa buna, jimaa, fuduraa fi muduraa adda addaatu oomishama.




Suuraa 1: Kaartaa Aanaa Barbaree (Bulchiinsa Magaalaa Aanaa Barbaree Irraa)

**Gandoota Aaanaa Barbaree keessatti argaman**

- Awaash Qolaatii
- Gaadulla
- Gabee Qeequu
- Galma
- Goraa Baadmannaa
- Goraa Baantuu
- Goraa Hiddoo
- Gooroo Burcoo

- Hamballa
- Haarawaa Aaanolee
- Haroo Dumaal
- Haroo Naannoo
- Leedii Ceekataa
- Meexxii Qondaalaa
- Sirrima
- Walta’ii Barbaree
- Walta’ii Burqituu
- Walta’ii Darasaa

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'IINSA BARRUU

Boqonnaa kana jalatti barreeffamoota qorannoo kanaan walqabatantu sakatta'ame. Isaaniis yaad-rimee fookloorii, gooroowwan fookloorii, afoola, ogwalaloo, gosoota og-walaloo, geerarsaa, faayidaa geerarsaa, amaloota geerarsaa, gosoota geerarsaa fi haala duraa duuba geerarsi itti dhiyaatu qorannoo kanaan walitti hidhata waan qabaniif armaan gaditti dhiyaatanii jiru.

## 2.1 Yaad-rimee fookloorii

Yaad-rimeen fookloorii bal'aadha. Waan hawaasni jiruu fi jireenya isaa toora qabsiisuuf beekumsa ganamaa gargaaramee kalaquun gamtaan ittiin gargaaraman mara akka ilaallatu koorsii fookloorii irratti ibsamee jira. Akkuma jireenyi dhala namaa walxaxaa ta'e hiikni fooklooriis walxaxaadha. Fooklooriin afaaniin ibsamuu danda'a. Fakkeenyaaf eebba, mammaaksa, oduu durii fi geerarsa isaan kunniin afooala /oral literature/ yoo jedhaman kaan ammoo kalaqa hawaasaa ijaan mul'atan ykn wan-ta aadaa /material culture/ jedhamanii kanneen beekkamanii dha. Fakkeenyaaf, meeshaalee garagaraa, nyaata aadaa, uffata aadaa, haala ittiin manneen ijaramanii fi kan kana fakkaatan. Kan biroo duudhawwan hawaasaa /social folk custom/ sirna ayyaanaa gara garaa mul'atu, akkaataa waliin ji-reenyaa hawaasaa keessatti hariiroo hawaasummaa kan agarsiisu yoo ta'u, kan xummuraa ogummaa sochii qaamaa /performing folk art/ waliin walqabatee gaddaa fi gammachuu, bal'inaa fi dhiphina ga-hee hawaasaa keessatti sochii qaamaa mul'atuu dha. Fakkeenyaaf yeroo shaggooyyeen fi geelloon sirbamu, geerarsi geeraramu, akkasumas booyicha nama du'ee irratti sochiin qaamaa mul'atu dha. Walumaa galatti maalummaa fookloorii kana ilaalchisee Dorsan (1972:2) akka ibsutti bara ammaa fookloorii yoo jedhamu waanuma afaanumaan dhaloota irraa dhalootatti dabru qofa osoo hin taane akka dame barnoota tokkootti qo'annoo isaas dabalata jedha. "In the present work folklore will mean both field of learning and the whole subject matter of the field"

## 2.2 Gooroowwan fookloorii

Fooklooriin kan hawaasni tokko muuxannoo, dandeettii, aartii, amantaa, uffannaa, nyaataa fi meeshaalee ogummaan qopheeffatee dhalootaa dhalootatti kan ittiin eegee dabarsuu dha. Haalli ittiin dabru ammoo raawwiin, himiinsaan, ijatti mul'achuun ta'uu danda'a. Inni himiinsaan dabru afoola /Oral literature/jedhama. Kan hafan kan akka meeshaalee aadaa, nyaata aadaa, uffannaa aadaa, gochaaleen adda addaa qabatamaan hojiidhaan kan dabran jiru. Kana malees barsiifataa fi ayyaa-naleen hedduun dhaloota haaraaf ni dabru. Kanaaf fooklooriin akka damee saayinsii hawaasatti

ogummaa yookiin artii jalatti ramadama yaada jedhu koorsii fookloorii irra taa'ee jira. Haaluma ka-naan Richard Dorson(1972 fookloorii akka qorannoof mijatutti dame /Gooroowwan /afuritti kan qoode yoo ta'u, kunis tokkoon tokkoon isaanii wal-irraa akka adda hin baane ibsee jira. Gooroowwan kunniinis :-

- Afoola /oral literature/
- Wanta/Meeshaalee aadaa/material culture/
- Duudhaa /Barsiifata hawaasaa/social folk custom/
- Aartii sochii hawaasaa /performing folk art/ dha.

## 2.3 Afoola

Afoolli kalaqa sammuu ilma namaa ta'ee kan qindaa'ee afaaniin dhaloota irraa dhalootatti dabruudha. Afoolli aadaa, duudhaa, safuu, seenaa, eenyummaa hawaasaa, ogummaa fi jireenya hawaasaa ibsuuf kan gargaaruu dha. Kan hawaasaan kalaqamee hawaasaaf kallattii garaa garaatiin bashannansiisaa nuffii tokko malee ergaa bal'aa dabarsuu dha. Muuxannoo bara dheeraa hawaasni tokko kuufatee qa-bu kan dabarsuu dha. Zariihuun(1992:10) akka ibsutti afoolli ibsituu eenyummaa fi meeshaa aadaa fi safuun ittiin tursiifamuu dha. Hawaasni gadda, gammachuu, hawwii fi kufaatii, deeggarsaa fi mormii qaban afoolaan calaqqisiisu. Kanumaan walqabatee Fedhasaa(2013) Afoolli kalaqa sammuu keessatti qindaahuun afaaniin kan himamuu dha. Kana keessatti haalli kuufamaa fi lufiinsaa himiinsa afaaniin dhugooma malee barreeffamaan miti. Wanti afaaniin lufaa dhufe kun baattuu seenaa, eenyummaa, falaasama, ilaalchaa, duudhaa, safuu, diinagdee, amantii, siyaasa, beekumsaa fi muuxannoo dhala namaa baatee as gahee jira.

### 2.3.1 Amaloota Afoolaa

Afoolli amaloota adda addaa heddu kan qabu yoo ta'u kanneen bu'uura ta'an Addunyaa (2014:166) akka ibsetti Lufummaa, Hurrubummaa, uummatummaa fi jijjiiramummaa dha. Tokko tokkoo isaanii bifa armaan gadiitiin kaa'amnii jiru.

#### 2.3.1.1 Lufummaa

Afoolli baroota dheeraaf turuu fi dhalootaa dhalootatti daddarbuun isaa lufummaa isaa ibsa. Afoolli tokko daangaa ce'ee hawaasa tokko irraa hawaasa birootti ce'uun makamuun isaa lufummaa isaa ibsa. Afoolli deeggarsa gochaa malee jechaa qofaan daddarbu hin jiru. Fakkeenyaaf eebba, abaarsa, mammaaksa, sheekoo fi kanneen kana fakkaatan jechaan kan dabran yemmuu ta'u shaggooyee, atee-

tee, ragada, geelloon, geerarsaa fi kanneen kana fakkaatan jechaan deeggaramanii gochaan darbuu Wasaneen (2008) kan ibsee dha.

#### 2.3.1.2 Hurrubummaa

Hurrubummaan amaloota afoolaa keessaa tokko yoo ta'u afoolli lubbuu akka horatuu fi miidhagina akka qabaatu taasisa. Yaada kana Zariihuun(1992:22) akka ibsetti afaalli akka lubbuu horatu kan taasisu hurrubummaa akka ta'e kaa'ee jira. Hurrubummaan afooolli akka jiraatuuf haalli uumama isaas adeemsi lufummaa isaa kan ittiin mirkanaa'uu dha. Afoolli hundi yoomeessa mataa isaa irratti hundaa'ee hurrubdootaan jamaa ykn namoota duratti hurrubamee akka dhiyaatus ibsee jira.

#### 2.3.1.3 Uummatummaa

Uummatummaaniis amaloota afoolaa kana keessaa isa tokko yoo ta'u hawaasumaan kalaqoomee kan hawaasumaaf dhiyaatu ykn kan hawaasumti itti fayyadamuu dha. Tafariin(1998:158) amaloota afoolaa keessaa tokko ta'ee abbummaan isaa uummata ta'uu ibseera. Bu'uuruma kanaan afoolli uummata Oromoos qabeenyummaan isaa kan saba Oromoo waan ta'eef Oromoon hundi abbummaa keessaa qabu. Uummatummaa afoolaa ilaalchisee, Zariihuun (1992:21) akka barreessetti hawaasni kamiiyyuu aadaa, duudhaa, gaddaa fi gammachuu, jibbaa fi jaalala, fedhii fi abdii isaa kan ittiin ibsa-tu afoola mataa isaa qaba. Abbummaan afoolaa kun dheerina yeroo keessa kan hawaasaa ta'uun waan mirkanaa'eef amalli isaa kun qabeenyummaan afoolaa kan hawaasaa ta'uu isaa kan ibsuu dha. Uumamnii fi raawwiin afoolaa harki caalaa gareedhaan waan ta'eef nama dhuunfaa irra garee irratti xiyyeeffata.

#### 2.3.1.4 Jijjiiramummaa

Jijjiiramni afoolaa amala afoolaa isa biroo yoo ta'u bu'aa bahii jiruu fi jireenyaa dhala namaa kees-satti sababoota garaa garaatiin akkaataa afoolli tokko itti daddarbu keessatti jijjiiramummaan ni mul'ata. Kunis haala yeroo waliin hawaasni gama seenaa, aadaa, falaasama, teeknooloojii, diinagdee, amntaa fi kan kana fakkaatu waliin wal simachiisuuf jijjiirama keessa seena. Misgaanuun (2011). Jij-jiiramichis gama qabiyyee, jecha, sagalee, hima, tartiibaa fi qooddattootaatiin mul'achuu akka dan-da'u ibsee jira .

### 2.3.2 Faayidaa Afoolaa

Faayidaan afoolaa addunyaa mara keessatti shoora olaanaa qaba. Sababni isaas hawaasni hundi qubee gargaaramee barreeffamaan muuxannoo jiruu fi jireenya isaa mara ibsachuu hin danda'u. Kan barreessuu danda'us waan hunda barreeffama qofaan hin ibsatu. Kanaaf afoolli aadaa, duudhaa,

seenaa, hawwii, gadda, gammachuu, qaroomina, ogummaa, dandeettii fi falaasama hawaasaa kan mul'isuu dha. Berhanu (2009) faayidaa afoolaa yemmuu ibsu, "Oral literature still plays a significant role on the culture of various people on the world. This is because it is impossible to commit to write the totality of the socites experiences and creation." Kun afoolli addunyaa guutuu keessatti hawaasni gara garaa aadaa isaa,muuxannoo isaa, kalaqa isaa ibsachuuf afoolatti fayyadamaa akka jiruu fi waan hunda barreeffamaan ibsuun rakkisaa akka ta'e agarsiisa. Kanaaf afoolli jiruu fi jireenya hawaasaa keessatti fayidaalee gara garaa qaba. Okweho (1992:106) akka barreessetti gammachuu fi boqonnaa nama gonfachiisuun dhiphinaa fi yaaddoo namni qabu irraa qaamaa fi sammuu namaa kan walaboomsu ta'uu isaa ibsee jira. Kunis gahee afoolli rakkoo jiruuf jireenya hawaasummaa keessatti qaamaa fi sammuu dhala namaarra ga'u irraa bilisa kan baasu ta'uu irraa hubanna.

Kana malees afoolli ogbarruu barreessuuf bu'uura cimaadha. Ciigoon, mammaaksi, weedduun, oduun durii, hiibboon ogbarruu keessatti akka mi'eessituutti galuun tajaajilu. Ogbarruuf akka yaada ka'umsaatti haala itti gargaarutu jira. Faayidaa kana Beier (1966:9) yoo ibsu, "Most translations of African poetry have beenmade by anthropologists, who were naturally more interested in the religious orsociological significance of the poemthan in their literary merit. An attempts has been made here to put together some of the available material to serve as a school reader." Yaada kana irraa kan hubatamu, jireenya hawaasa Afrikaa keessatti walaloon afaanii iddoo guddaa akka qabuu dha. Walaloon afoolaas duudhaa haala oguma waliin hidhata qabuun yoo qindaa'e yookiin yoo jijjiirame isa hayyoota xinmaddaatiin (antropologyists) qindaa'e caalaa barnootaaf akka ooluu danda'uudha.

Hawaasni Oromoo adda addaa seenaa ofii, aadaa ofii fi afaan ofii afoolatti fayyadamuun daa'imman barsiisa. Fakkeenyaaf hiibboo, sheekoo, tapha ijooollee fi kan kana fakkaataniin daa'imman leenjisu. Gama biraatiin haala rakkisaa humnaa ol ta'e yeroo nama muudatu afoolatti fayyadamuun jalaa muliqu.Bu'aa bahii jireenya keessatti nama muudatus afoolaan bira lufu.

Walumaa galattii afoolli meeshaa hawaasni tokko ofis ta'ee naannoo isaa ittiin ibsuu dha. Adeemsa jiruu fi jireenyaa keessatti dhalootaa hanga du'aatti wantoota raawwatan maaliif akka raawwatan, akkamitti akka eegalan kaa'uun gochaawwan kunniin akka hin bannee fi dhalootaa dhalootii akka dabru taasisa. Haaluma kanaan geerarsis afoola keessaa tokko yoo ta'u faayidaa eerame kanneef kan ooluu dha.

### 2.3.3 Gosoota afoolaa

Afoolli kamiiyyuu hawaasa keessatti akkaataa fi haala ittiin dhiyaatu qaba.Kana ilaalchisee Berhanu (2009) “Oral literature is closely related with actual context of use.In other words,oral literary forms arise from and are used in context of various social occasion.” Jechuun barreessee jira.Kun afoolli tokko kan itti fayyadaman akkuma galumsa dhimma darbuu barbaadamutti kallattii gara garaatiin kan dhiyaatu ta’uu nu hubachiisa. Afoolli damee garaa garaa qaba. Isaanis:seeneffama, walaloolee fi qareeyyii akka ta’an hayyuun Okpewho (1992) ibsee jira. Haaluma kanaan afoolli Oromoos kanneen of keessatti qabata.

Seeneffamoota kanneen jedhaman seenaalee sammuu keessatti kalaqamanii afaaniin himaman kan bifa keeyyataa/barruu qabanii dha. Isaan kun jaar-gocha dhangala’aa kan qabanii fi tartiiba walitti fufaadhaan kan himamanii dha. Isaanis sheekoo, ragamtaa fi kan kana fakkaatan fa’i.

Walaloolee afoolaa kanneen jedhaman ammoo warra bifa walaloo qabanii dha. Yaadota gaggabaaboo ta’an irraa kan qindaa’anii fi yeedaloo kan qabanii dha. Isaan akkasii kunniin geerarsa, weedduu, sirba, faaruu, eebbaa fi hurursa daa’immanii fa’i.

Qareeyyii isaan jedhaman ammoo jechoota ykn yaadota gaggabaabaoo ta’anii kanneen ergaa bal’aa dabarsaniidha.Isaanis: mammaaksa, hiibboo, jechamaa fi arrab qareeyyii fa’i.Haaluma kanaan qorannoon kuni gosa afoolaa keessaa walaloolee yoo ta’u, kunis geerarsa irrtti kan xiyyeeffatee dha.

### 2.3.4. Ogwalaloo

Ogwalaloon kunniin yaadni isaan keessatti dhiyaatan bifa qindoomina qabuu fi kan yoo dhagahan gurranamaa hawwatan, akkasumas gaggabaaboo ergaa bal’aa of keessatti qabanii dha. Fedhasaa (2013:49) ibsetti “walaloon afoolaa waa’ee wanta tokkoo bifa walalootiin qindeessee kan himuu dha.” Walaloon afoola aadaa Oromoo keessatti durii kaasee waa’ee ogummaas ta’ee, bu’aa bahii jireenyaa walaloon waan ibsamuuf, kunis waltajjii dhimma hawaasummaa irratti hurrubamuun waan dhugoomuuf heddu akka jaalatamu ibsee jira.

Misgaanuun (2011:6) akka barreessetti immoo walaloon afoolaa meeshaa guddaa yaada keessa namaa jiru kan ittiin alatti baafatan ta’ee, waan yaadan jaalalaa fi jibba, waa’ee mul’ataa fi abdii fuulduraa, waa’ee uumaa fi uumamaa, waa’ee bareedinaa fi fokkinaa, waa’ee roorroo fi dhiphuu akkasumas kanneen kana fakkaatan uummata dabranii warra har’aatti ifa kan godhuudha.

### 2.3.4.1 Gosoota ogwalaloo

Gosoonni walaloo afoolaa bakka garaa garaatti qooduun ni danda'ama. Fedhasaa (2013:49) akka barreessetti "Walaloon afoola Oromoo bakka gurguddoo garaa garaatti qooduun ni danda'ama. Isaanis; geerarsa, weedduu, sirba, faaruu, eebbaa, abaarsa, gumgummii fi tabaallii fa'i." Isaan kunneen hawaasa Oromoo keessatti maqaalee kanaan beekamanis daangaan huubannoo gidduu isaanii jiru akka hin beekkamne dabalee ibsee jira. Gosoota walaloo jiran keessaa qorannoon kuni geerarsa irratti xiyyeeffata.

### 2.3.4.2 Geerarsa

Geerarsi gosoota afoolaa keessaa tokko ta'ee, iddoo adda addaatti kan dhimma itti bahamuu dha. Geerarsi tokko yoom, eessatti fi maaliin akka geeraramu addaan baasuun ni danda'ama. Geerarsi eenyuyyuu geeraruu danda'u illee hawaasni nama bu'aa buuse geeraru jalaa qaba jedha Addunyaan (2014:173). Kuni ammoo qabiyyee geeraramu sana irratti hundaa'a. Hawaasani Oromoo qabiyyee geeraramu irratti hundaahuun eenyummaa, duudhaa, falaasama fi gootummaa isaa ittiin ibsata. Yaaduma kanaan wal qabatee Addisuun (199:1) haala itti aanuun ibsa."Gerarsa is traditionally perfomed spoutanucially the end of days work routs. The audienceof tradithional gerarsa performance consist of number of familar social work" jedha.Akka yaada kanaatti geerarsi yeroo dheeraaf kan dhimma itti bahamaa turee dha. Kunis yeroo duulawwan adda addaa, dalagaawwanii fi kan kana fakkaataan keessatti namoonni hojii wal fakkaataa qabaniin kan dhaggeeffatamuu dha jedhamee kaa'ame. Kunis kan huubachiisu geerarsi yeroo garaa garaa kan dhimma adda addaa ittiin calaqqisiisan ta'uu dha. Kanaaf geerarsi yeroo fi bakkuma argametti kan geeraramuu miti. Yaada kanaan walqabsiisee Tafarii( 1998:157) yeroo ibsu "Geerarsi hojii miidhaginaauffatee jireenyaa fi seenaa qindeessee akkaataa gaarii ta'ee fi fudhatama qabuun dhalootaa dhalootatti dabraa kan dhufee dha. Kanaafuu geerarsi guddina hawaasni tokko irra ture/sadarkaa guddina isaa/ jechoota nama hawwataniin kan dhiyeessuu dha."jechuun kaa'a. Yaadni kuni geerarsi sammuu ilma namaatiin kalaqamee seenaa jiruu fi jireenya namaa keessatti darbu bifa qindoomina qabuun kan miidhagfamee akkaataa dhaggeeffatoota hawwatuun dabru ta'uu nu hubachiisa. Kanaaf geerarsi Oromoo yeroo dabre keessa cunqursaa Oromoo irra gahaa ture ibsuuf gahee olaanaa qaba.

Dabalataaniis Birahaanuu (2003:24) maalummaa geerarsaa ilaalchisee yoo ibsu "Geerarsi karaa Oromoonni seenaa fi aadaa isaa ittiin ibsachuu danda'u keessaa isa tokkoo dha.Geerarsi yemmuu geeraramu miidhagina garaa garaa uffatee haala namatti toluu fi miira nama harkisuu danda'uun akka dhiyaatu nu huubachiisa. Akkasumas sagalee muuziqaa ykn anniisaa ittiin garaa namaa raasu kan

qabuu dha.”Jedha. Kunis kan nu huubachiisu geerarsi calaqqee aadaa ta’ee dameewwan og-barruu afaanii ta’uu isaa fi sagale yeedaloon dhiyaachuu isaati.

Geerarsi af walaloo hawaasa Oromoo biratti bal’inaan beekaman keessaa isa tokko. Miira uummataa sochoosuufis humana olaanaa qaba. “Gerarsa isa one type of war song.It Is a means of expressing feeling.” Kun ammo geerarsi gosa weedduu lolaa keessaa tokko ta’uu isaa nu huubachiisa. Geerarsi Oromoo bakka garaa garaatti gerarama; bakka tikaa fi eegichaa, lafa ittiin dhiisifachuuf, halkan ittiin bariisisuuf geeraramuu ni danda’a. Hojiin aartii aadaa uummata Oromoo kun walitti qabaan wayta ilaalamu hojiiwwan bulchiinsaa, misoomaa, hawaasummaa fi siyaasa uummata Oromoo kan ittiin ifa bahanii mul’atan duudhaalee aadaa uummatichaa keessaa isa tokko ta’uu ibsa. Misgaanuun (2011:78)

### 2.3.4.3 Akkaataa geerarsi ittiin dhiyaatu

Geerarsi yeroo dhiyaatu akkaataa ittiin dhiyaatu qaba. Kan geeraramus dhimmoota adda addaa bu’uura godhachuuni. Kunis kan gaggeeffamu bakka namoonni gareen wal ta’anii jiranitti yoo ta’u dhaggeeffataa fi jalaa qabaa qaba. Yaada kana Ayyaanaan (1991 :46-70) yeroo ibsu “Geerarsi yeroo geeraramu yookiin dhiyaatu wal jalaa cookuun kan jiruu dha.” jechuun ibsa. Adeemsi wal jalaa cookuu kunis, akkasumatti kan gaggeeffamu osoo hin taane kaayyoo mataa isaa kan qabuu dha. Kunis namtichi geeraru akka yaada naanneffatuu fi waan geeraramu sana akka itti yaadu ni taasisa. Karaa biraa ammoo warri dhaggeeffachaa jiran sun duub deebii dhaggeeffachaa jiranii kan ittiin ibsanii dha.

### 2.3.4.4 Faayidaa Geerarsaa

Geerarsi uummata Oromootiif faayidaa heddu qaba. Kunis cunqursaa adda addaa balaaleffachuuf, goota daddammaqsuuf, hiyyumaa jalaa miliquuf gahee olaanaa qaba. Dabalataan Birahaanuu (2003:24-27) faayidaa geerarsaa ilaalchisee qabxiilee itti aanaan kaa’a. Isaanis: “Geerarsi seenaa ibsa,geerarsi gootummaa ibsa,geerarsi rakkoo keessa turan kan ittiin calaqqisiisanii dha. Geerarsi hojii misoomaa ittiin ibsanii dha. Haaloo fi xiiqii garagaraa ibsachuuf ni oola. Artii fi ogummaa biyya tokkoo calaqqisiisuuf oola” jedha. Akka yaada barreessaa kanaatti geerarsi dhimmoota hawaasummaan wal qabatan ibsuuf faayidaan inni qabu salphaa miti. Kunis galumsa hawaasaa /social context/ keessatti akkaataa hiika qabuu fi wantoota armaan olii akka calaqqisiisuu danda’utti kan geeraramuu dha.

Huseen (2000:179) faayidaa geerarsaa yoo ibsu “Geerarsi jegnummaa calaqqisiisuuf oola, geerarsi aadaa jegnummaatiif gootummaa onnee dhiirummaa mul’isuu dha” jedha. Kunis dhimmoota garaa

garaa keessatti ta’uu mala. Yeroo lolaa akka hirmaatan taasisuuf gahee qabaachuu isaa ibsee jira. Akkasumas dhimmoota garaa garaa irratti illee milkaa’uu dhabuu isaanii geerarsaan quuqaa garaa akka ibsatan ibsa barreessichaa irraa huubachuun ni danda’ama. Haaluma kanaan faayidaan geerarsaa taateewwan hawaasaa ilaalchisee yeroo fi bakka garaa garaatti faayidaa hedduu kenna.

#### 2.3.4.5 Amaloota Geerarsaa

Geerasi amaloota garaa garaa qaba. Yaada kanas Wasanee(2008:101) amaloota geerarsaa yemmuu ibsu hurrubummaa/performance/, lufummaa, uummatummaa, jijjiiramummaa, qindaa’inaa fi miidhgummaa akka qabu ibsa. Akka yaada kanaatti geerarsi kan geeraramu waan qabatamaa ta’e tokko irratti akkaataa gocha sana ibsuuf oolutti kan geeraramuu fi yeroo geeraramu ammoo amaloota kanneen of keessatti hammachuu isaa agarsiisa. Yaaduma kana irratti Tafarii(1998:157) yeroo ibsu “Geerarsi yeroo geeraramu cal’isaniituma kan geeraramu osoo hin taane yemmuu geeraramu wal jalaa qabuu ykn wal jalaa cookuun akka namtichi geerraru suni yaada naanneffatuu fi afuura akka galfatu gargaara”jedha. Karaa biroo ammoo isa hafe akka jedhu of keessaa qaba. Bakka waljalaa cookuun jiru kanatti namtichi geeraru ni boqata yaada jedhu of keessaa qaba.

Namni geerarsa geerarudandeettii fi ogummaa isaatiin kukkuulee akkaataa jamaa isaa ofitti harkisuudanda’uun dhiyeessa. Kunis sagalee miidhagaa baasu irratti sochii qaamaa gara garaa mul’isutu yaada qalbii jamaa booji’a. Kana malees meeshaalee gara garaa kan akka goraadee, gaachana, eeboo fi kan kana fakkaatu qabateet geerara. Kana keessatti ergaan geerarsaan dabarsuun barbaadame hubatameet kaka’umsa nama keessatti hora. Keessattuu yeroo ammaa kana geerarsi haala gaariin hurrubamee dhiyaatu hawaasa bilisummaa argate kana kallatti gara garaa: gama diinagdeetiin, hawaasummaatiin, siyaasaatiin fi kan kana fakkaatuun jijjiiramni akka dhufu kakaasa; Onnees itti hora.

Walumaa galatti Okpewho (1992:4)) waa’ee amaloota gooroowwan og-barruu afaanii yoo ibsu, “one major usefulness and charactersics of any form of oral literature is the offers dilght and so on reliver us various pressure and tension both physically and mentally” jedha. Kunis faayidaan ogafanii fi amalli isaa inni guddaan gammachuu fi boqonnaa nama gonfachiisuu dha.

#### 2.3.4.6 Gosoota geerarsaa

Hayyoonni haala qorannoo isaanii irratti hundaa’uun gosoota geerarasaa bakka garaa garaatti qoodu. Kanuma irratti hundaa’uun Ayyaanaa (1991:46-70) gosoota geerarsaa bakka garaa garaatti qoodee jira. Kunis kan inni kaa’e dhimma geeraramuuf irratti hundaa’un yoo ta’u isaan keessaa muraasni haala armaan gadiitiin dhiyaatanii jiru.

- **Geerarsa Ajjeechaa**: kun caalaatti adamoo irratti kan hundaahuudha. Kunis bineensota gara garaa kan akka leencaa, arbaa, gafarsa, sattawwaa fi kan kana fakkaatan ajjeesuun mirga himachuu dha.
- **Kan Dhabee Gale**: Kan adamoo dhaqe marti ajjeesee galaa miti. Dhabanii galuunis jira. Kanaaf dhabanii galuun kan ittiin ibsamu geerarsa dhabanii galuutini.
- **Geerarsa Cabsituu**: Kana keessatti immoo kan adamoo deemee adamsuu hin barbaanne yeroo warra adamoo deeman ceephaa'an ni jira. Kanaaf immoo geerarsaan ofii hojii misoomaa gaarii qabaachuu isaanii ibsachaa warra kaan immoo cabsu. Kanaaf geerarsi akkanaa kun geerarsa cabsituu jedhamuun beekama.
- **Geerarsa kormee**: Inni kun jiruu fi jireenya keessatti quuqaa garaadhaa qaban ibsachuuf gargaara.
- **Geerarsa Mormii:** Wanta balaaleffachuu barbaadan tokko calaqqisiisuuf kan geeraramuu dha.
- **Geerarsa Ciigoo**:Kun osoo maqaa namaa hin dhahin geerarsaan nama ciiga'uu dha.Kunis bifa namni qabuun kan wal qabatu yoo ta'u,kanneen akka dheerinaa,gabaabinaa,gurraachinaa fi kan kana fakkaatan kaasuun ciigga'uuf kan geeraramuudha.
- **Geerarsa of Jajuu**: Namni tokko wanta godhe irratti olaantummaa qabu ibsachuudhaaf geerarsaan of kuulee geerara. Kunis dhimma diinagdee, beekkamtummaa fi kan kana fakkaatuuf geerarama.
- **Geerarsa faaruu**: Kun ammoo biyya ofii, lammii ofii, haadhaa fi abbaa ofii, fira ofii fi kkf ittiin jajachuuf kan ooluu dha.
- **Geerarsa nama hidhamee:** Kuni ammoo namni hidhame tokko maaliif akka hidhame, jireenya mana hidhaa,geerarsaan hima. Kunis rakkoo adda addaa ibsuuf geerarama jechuu dha.
- **Geerarsa haala shakkii fi gaabbii:** Waan tokko irratti amantaa dhabuu fi gaabbii qaban ibsuuf yookiin jiruu fi jireenya keessatti gochaa raawwanneef osoo itti hin yaadiin kan keessa lixne tokko ittiin ibsachuuf kan geeraramuu dha.

#### 2.3.4.7 Geerarsa gootaa

Aadaa fi falaasama Oromoo keessatti gootummaan iddoo guddaa kan qabuu dha. Nama gootummaa qabuuf kabajni kennamuuf olaanaa dha. Geerarsi gootaa karaalee gootummaan nama tokkoo ittiin

calaqqisiifamuu dha. Geerarsi gootaa kuni qabatamummaa hojii goototaa kan mirkaneessuu dha. Akka aadaa hawaasichaatti namni tokko goota kan jedhamu adamoo deemee yoo bineensota adda addaa ajjeesee fi dirree waraanaa deemee yoo lolee diina isaa injifatee dha. Yaada kana Ayyaanaa (1991:1-55) yemmuu ibsu "Geerarsi akkasumatti kan geeraramu osoo hin taane gochaa qabatamaatti raawwatame tokko ibsuufiidha. Akkasumas gootummaa warra dhiiraa ibsuuf geerarama." jechuun ibsee jira. Geerarsi kun bakka gara garaatti yeroo gara garaa gochaa guutummaa namoonni raawwatan ibsuuf kan geeraramuu dha. Kunis iddoo cidhaatti, jiga/daboo, yeroo haamaa, ayidaa fi kan kana fakkaatu irratti namoonni quuqaa garaa isaanii ittiin ifatti baasu. Sanuma keessa garaan nama raafama; ergaanis hubatama. Waa'een wanta geeraramuufii namatti dhagahama.

Keessattuu sirnoota darban keessa dhiibbaa guddaan kallatti gara garaatiin kan hawaasa Oromoorra gahaa ture ta'uun ifa. Dhiibbaan kunis gama hawaasummaa, diinagdee siyaasaa fi kan kana fakkaatuun hacuuccaatu ture. Yeroon ammaa kun immoo hacuuccaan akkasii akka hin jiraanneef yeroo itti tattaafatamaa jiruu dha. Kanaaf uummanni Oromoo diddaa hacuuccaa kana geerarsa goota faarsuun calaqqisiifachaa wal kakaasu. Bilisummaa argatanis akka cimsatan wal jajjabeessu. Kanuma keessa ergaa bal'aa waliif dabarsu.

Geeraraan beekumsa ofii itti dabalaa, goototа maqaa kaasaa, iddoowwan injifannoon itti argames tuttuqaa, sagalee muuziqaatiin mimmiidhagsee, meeshaalee gara garaatiin faayee dhiyeessa. Jamaadhaanis wal harkaa fuudhuun gootni faarfama. Kanuma keessa gootni biroos akka uumamu ta'a.

Walumaagalatti geerarsi gootaa yeroo faarfamu waa'ee biyya ofii, lammii ofii, saba ofii, mirga ofii fi kan kana fakkaatan irratti diddaa gabrummaa ittin calaqqisiifatu. Ittiinis wal kakaasuun qabsaa'anii uummata bilisoomsu.

## 2.4 Yaaxxina Qorannoo Kanaan Wal Qabatu

Qorannoo tokko geggeessuudhaaf yaaxxinni itti gargaaramanii qorannoo sana geggeessan murteessaa dha. Yaaxxini dirree qorannoo adda addaa dadhabinaa fi cimina mataa isaanii qabaataniiyyuu hanga yoonaatti qorannoo tokko gaggeessuuf yaaxxina filatamaa ta'ee tokko akka hin jirre qorattoonni adda addaa ibsaniiru. Kana jechuun yaaxxina tokko isa biroo qeeqa waan ta'eef hundii isaanii faayidaa mataa isaanii qabu. Haala kana Dorson (1963: 93) yemmuu ibsu "theories do exist and compete vigorously each other" jedheera. Haaluma kanaan yaaxxinni qorannoo kana keessatti dhimma itti ba'ame yaaxxina faayideessummaa yoo ta'u armaan gaditti dhihaatera.

### 2.4.1 Yaaxxina Faayideessummaa (Functionalism Theory)

Yaaxxinni kun fayyadamni afaanii kan hawaasni yoomessa geerarsi keessatti dhimma itti bahu maaliif akka isaan gargaaru xiinxaluudhaan ibsuuf gargaara. Fookilooristoonnis yaaduma kana deeggaru. Fakkeenyaaf hayyuuleen, Sims and Stephens (2005:174- 175) yaaxxina faayideessummaa yeroo ibsan, yaaxxinni kun fookilooriin hawaasa tokkoo hawaasa sanaaf faayidaa maalii akka qabu kan keessatti ilaalluudha jedhu. Akka hayyuulee kanaatti fookilooriin faayidaalee gurguddoo adda addaatiif oola jedhu. Isaanis, barsiisuu, aadaa kunuunsuu, jijjiirama amalaa fiduu, walitti dhufeenya hawaasaa cimsuu fi kan kana fakkaatuuf. Haala kanaan qorattuun tunis yaaxxina kana fayyadamtee faayidaa geerarsi hawaasaaf qabu qaaccessitee jirti. Walumaagalatti namni qorannoo tokko geggeesu yaaxxina tokko fayyadamee qorannoo geggeessuurra, yaaxxinaalee garagaraa giddugaleessa yoo godhate caalaa qorannoon isaa milkaa'aaf. Kanumarraa ka'uudhaan qorattuuniis qorannoo ishee kana keessatti yaaxxina caasseffamaa fi faayideessummaa giddugaleessa godhachuudhaan gageesitee jirti.

## 2.5 Sakatta'a Barruu Walitti Kaleenya Qabu

Ummanni Oromoo afoolawwan adda addaa afaaniin dhalootarraa dhalootatti dabarsaa dhufee kan akka galaanaa waraabamee hin dhumnee hedduu qaba. Haata'uu malee, dhiibbaa ummata oromoorraan gahaa turen afoolli Oromoo hedduun akka dagatamuu taasiiseera. Kun immoo ilmaan Oromoo aadaa, afaaniifi afoola isaanii dagatanii akka kan ormaatti maqan taasiiseera. Haalli kun immoo yeroo ammaa dhaloonni Oromoo durduubee saba isaanii akka dagataniif daandii saaqe. Rakkoolee kanaaf immoo furmaanni gooroowwan afoolaa funaanuudhaan kaa'anii akka sabni ofdagachuu jalaa bahu barsiisuudha.

Kutaa kana keessatti qorannoowwan qorannoo kana wajjiin walitti dhufeenya qaban kan itti dhiyaataniidha. Haaluma kanaan, qorattuun qoranno kanaa waraqaa qorannoo kanaan dura hojjatame qorannoo kana waliin walitti dhufeenya qaba yookiin walitti dhiyaata jettee kan yaadde akka itti aanuutti ibsameera. Kunis waraqaa qorannoo Ganzabee Kadiir (2009) kan digirii lammaffaa ittiin guttachuuf qophaa'ee, mata duree "Xiinxala Afoola Seenaa H/Aadamsaaddoo Ibsan: Godina Baalee Aanaa Gobbaa" kan jedhu wajjiin walittyeenya qaba. Lamaanuu Naannoo Oromiyaa Godina Baalee keessatti kan hojjatamaniifi afwalaloo irrattii kan xiyyeeffatan ta'uu isaatiin walfakkaatan.

Garaagarummaan qorannoo Ganzabee fi qorannoo kanaa yoo ilaallee immoo xiyyeeffannoon qorannoo Ganzabee geerarsa goottota faarsan yaa qabaatu malee afseenaa, mammaaksa, afwalaloo keessaa ammo faarruu booyichaa,faarruu baaroo fi ashoo ashilaa irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u qorannoon kun ammoo ergaa afwalaloo geerarsa goototaa qaaccessuu irratti xiyyeeffata. Gama biraatiin kan ishii Aanaa Gobbaa irratti kan hojjatame yoo ta'u kun ammo Aanaa Barbaree irratti hojjatame.

# BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNOO

Mata duree kana jalatti saxaxa qorannichaa, irraawwatamaa qorannichaa, gosa qorannichaa, madda ragaalee, iddattoo filachuu, mala iddatteessuu, gosoota iddatteessuu /iddatteessuu miti carraa: :iddatteessuu akkayyoo fi iddatteessuu dabraa dabarsaa / fi mala odeeffannoon ittiin funaanamutu duraa duubaan dhiyaate.

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoo walii gala qorannichaa kan too'atuu dha. Qorannichi maal akka fakkaatu, maal irratti akka bu'uureffatu yaadolee jedhamanitu as jalatti ibsama.Akka Cohen, Manion an Marrison (2000:75) ibsanitti, "Research design is governed by the nation of fitness for purpose. The Purpose of research determine the methodology and design of the research"jedhu.Yaada kana irraa wanti hubatamu qorannoon tokko haala xiyyeeffannoo isaa bu'uura godhachuun saxaxni isaa filatamuu isaati.

Haaluma kanaan qorannoon kuni qaaccessa ergaa afwalaloo geerarsa gootota Oromoo Baalee Aanaa Barbaree irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, gosti qorannoo mata duree kanaaf qorattuun filatte gosa qorannoo ibsaati. Qorannoon yeroo gaggeeffamu dursanii qorannicha maaliif akka gaggeessan, akkamitti akka gaggeessan, maal irratti akka xiyyeeffatu fi mala kamiin yoo fayyadaman kaayyoo barbaadan bira gahuu akka danda'an addaan baasuu gaafata. Kanaan walqabatee, Victor ( 2009:203 ) akka ibsetti " The research design is plan of action that allows the researcher to know (to paraphrase) where they came from, where they are and where they are going." jechuun kaa'era. Kunis adeemsi saxaxa qorannoo kan qorataan beekuu qabu eessaa akka ka'e, eessa akka jiruu fi gara deemuu qabu kan murteessuu dha. Kana yoo jedhu saxaxni mala qorataan qorannicha ittiin geggeessu akkaataa filannoo iddattoo isaa, tooftaalee odeeffannoon ittiin funaannamu fi maal maal akka ta'e qaacceffama.

Haaluma kanaan qorannoo kanaaf qorannoo ibsaa /descriptive research/ kun filatameef. Gosti kun sababni filatameef yaada ogeeyyii irratti hundaa'uun mata duree kanaaf mijaawaa ta'uu waan amanameefi. Dastaa (2013:107-108) waa'ee gosa qorannoo kanaa yoo ibsu "Namni afoola irratti qorannoo gaggeessu tokko barreeffama argachuu dhiisuu danda'a. Akkuma maqaan isaa mul'isu afoolli ogummaa afaaniin dhaloota irraa dhalootatti darbaa ture waan ta'eef ammas afaanumaan kan dubbatamu sirba, durdurii, hiibboo, geerarsa yoo gargaaraman dhama qabaata." jechuun ibsa. Haaluma kanaan maanguddootni bifa hubatamuu danda'un akka ibsan godhamee jira.

Malli qaaccessa ragaa isaa ammoo mala akkamtaa ti. Qorannoo akkamtaa ilaalchisee, Addunyaa (2011:11) yoo ibsu "Qorannoo akkamtaa gaaffii maaliif? akkamitti? jedhan deebisuuf carraaqa. Dhimma qorannicha keessatti dhiyaatan mara jechaan ibsa." jechuun kaa'ee jira. Qorannoo kana keessatti afwalaloon geerarsa gootota faarsan aanaa Barbaree keessatti faayidaa inni uummata Oromoof qabu, ergaa of keessatti qabu, yoomessa akkamii keessatti akka raawwatame, haala kamiin akka faarsamu, maal qabatanii akka geeraran, maaliif akka geeraran fi kan kana fakkaatan ilaalchisee maanguddoonni ibsa kennaniiru. Kanumarratti hundaa'uun odeeffannoon isaan irraa argame jechaan qaacceffameera.

## 3.2 Irraawwatamaa Qorannichaa

Qorannoon kun aanota Godina Baalee keessatti argaman keessaa aanaa Barbaree irratti kan xiyyeeffatu dha.Aanaa kun gandoota 18 kan qabu yoo ta'u, baay'inni ummata aanaa kana keessa jiraatuu dhiira 64,338 fi dubartii 61,323 ida'amni 125,661 dha. Jiraattota kanneen keessaa iddattoon mala iddatteessuu arman gaditti eeramaniin gandoota shan keessaa filataman. Sababni isaatis geerarsa gootummaa Oromoo Baalee aanaa Barbaree faarsan qaaccesuuf hawaasa gandoota kanniin keessa jiraatan keessaa filachuun odeeffannoon argamu milkaa'ina kaayyoo qorannoo kanaatiif mijataa ta'uun waan amanameefi. Kunis afoolli amala lufummaa waan qabuuf geerarsi gandoota aanaa kanaa keessaa funaanaman garaa garummaa bal'aa hin qaban.

## 3.3 Madda ragaalee

Madda odeeffannoo/ragaa lamatu jira. Isaanis madda ragaa tokkoffaa fi madda raga lammaffaa dha. Madda ragaa tokkofaa jechuun namoota ragaan dhugaa biratti argamuu danda'uu dha. Madda ragaa lammaffaa jechuun ammoo yaada madda ragaa tokkoffaa irraa argame kan babal'isu: barruulee yaada kanaan walqabatu, qorannoolee isaan walqabatu sakatta'uun kan ibsamuu dha. Haaluma kanaan qorannoon kun madda ragaa gosa lamaanuu kan of keessaa qabuu dha. Sababni isaa namoota odeeffannoo waa'een gootota irraa argamuu danda'u iddoowwan garagaraa jiran: ganda Walta'ii-Burqiuu, Awaash-Qolaatii, Harawaa, Gaadullaa fi Haroo-Dumaal irraa namoota kadha lama (12) qaamaan bira dhaquun odeeffannoon kan funaaname dha. Kana Malees ganda Haarawaa fi Awaash-Qolaatii irratti yoomessa nam tolchee umuun namoota sadi irraa bifa suur sagaleetiin qorattuun kan funaannatte yoo ta'u namoonni biroos kan geerarsicha jalaa fuudhan jiru. Kunniin madda ragaa tokkoffaati. Gama biraatiin galmeewwan geerarsa gootota ibsan Waajjira Adaaf Tuurisimii Godina Baaleetii fi aanaa

Barbareetii sakatta'uun odeeffannoo funaantee jirti. Kuni ammoo madda ragaa lammaffaa dha. Haaluma kanaan qorattuun lamaanuu akka madda ragaatti fayyadamtee jirti.

## 3.4 Iddattoo filachuu fi mala iddatteessuu

Qorataan tokko yeroo odeeffannoo funaanu iddattoo filachuun kan hin oolleedha. Sababni isaa kanneen dhimmichi ilaallatu hunda irraa odeeffannoo funaanuun rakkisaa waan ta'eefi. Iddattoon ammoo bakka bu'aa irraawwatamaa qorannoon irratti gaggeeffamuuti. Iddatteessuun ammoo adeemsa bakka bu'oota irraawwatamaa qorannichaa keessaa filachuuti. Iddattoon qorannoo tokkoo haala garaa garaatiin filamuu danda'u. AkkaSingh (2006:94) ibsutti Gosootni iddattoon ittiin filataman isaan beekamoon lama. Isaanis:iddatteessuu carraa fi miti carraa ti. Gosoota iddatteessuu kanneen keessaa kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gaha jechuun kan qorattuun itti dhimma baate iddatteessuu miti carraa yoo ta'u, innis gosoota afur kan of jalatti hammatee dha. Isaanis: Iddatteessuu akkayyoo, iddatteessuu ammargee, iddatteessuu darbaa dabarsaa fi iddatteesuu kootaa yoo ta'an kanneen keessaa ammoo iddatteessuu akkayyoo fi iddatteessuu darbaa dabarsaatti fayyadamte.

Iddatteessuun akkayyoo kan qorattuun/qorataan tokko kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun kanneen odeeffannoo irraa argachuun  danda'amu ofiif filattu/ tuu/dha. Akka Singh (2006:100) irratti ibsutti iddatteessuun akkayyoo kan qorataan kaayyoo isaa irratti hundaa'ee, kaayyoo isaa sana galmaan gahuuf ofii iddattoo kan murteessuu dha. Iddatteessuun akkayyoo odeeffannoo barbaachisaa ta'e argachuuf kan gargaaru ta'ee, namoota irraa odeeffannoo qorataan/qorattuun fudhatu/fudhattu murteessuuf illee kan qorataa gargaaruudha. Haaluma kanaan geerarsa gootota Oromoo faarsan qaaccessuuf namoota/jaarsolee odeeffannoon irraa argamuu danda'u saddeet (8) kan hawaasa qorannoon irratti geggeeffamuu danda'u bakka bu'uu danda'an mala iddatteessuu kanaan filachuun geggeeffamee jira.

Kan biroo iddatteessuu dabraa dabarsaa yoo ta'u, kan namoota qorannichaaf odeeffannoo kennan iyyaafachuun filatanii dha. Kunis namani odeeffannoo kennu suni nama biroos akka eeru taasisuun kan fufaa walitti darbuu dha. Akka Descombe (2007:17) ibsetti "With snow  balling the sample emerges through aprocess from one person to the next."jedha. Kana jechuun akaakuu iddatteessuu kana nama odeeffannoo gahaa kennuu danda'u kan namni biraa kallattii namaaf kennuun odeeffannoo funaannamuudha. Kanuma irratti hundaa'uun namoota mala akkayootiin odeeffannoo kennuuf filataman

akka nama biroo odeeffannoon irraa argamuu danda’u eeruu kennan gochuun maangudoota afur (4) eeramanii malli dabraa dabarsaa kunis qorannoo kana keessatti ittiin raawwatameera.

Walumaa galatti qorattuun gosoota iddatteessuu keessaa iddatteessuu akkayyoo fi iddatteessuu dabraa dabarsaa kanatti dhimma baatee jirti.

## 3.5 Tooftaalee funaansa ragaalee

Qorannoon tokko gaggeeffamuuf odeeffannoon funaanamuu qaba. Kunis kan funaanamu kaayyoo fi gosa qorannoo irratti hundaa’uuni. Haaluma kanaan qorattuun/taan tokko qorannoo yeroo gaggeessu tooftaalee funaansa ragaa hedduutti gargaaramuu danda’u. Tooftaaleen filataman kunniin kan qorannoo sanaaf odeeffannoo sirrii kan ittiin argatan ta’uu qabu. Qorannoon tokko haala barbaadameen dhimma barbaadame galmaan gahuuf mala yookiin tooftaa sirrii ta’etti fayyadamuun barbaachisaa dha. kanaaf qorannoo kanaaf meeshaa funaansa ragaalee heddu jiran keessaa dhimma qorannoo kanaa galmaan gahu jedhamanii kan fudhataman : af gaafii, sakatta’a galmee fi daawwannaa dha.

### 3.5.1 Af gaafii

Tooftaa funaansa ragaa kun meeshaalee odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessaa tokko ta’ee, kan qorataa fi namni odeeffannoon irraa funaannamu fuulletti wal arganii odeeffannoo walii kennanii dha. Kunis mala afaaniin / barreeffamaan osoo hin taane/ odeeffannoo kennitoota faanaa gaafii taasisanii dha. Akka Dastaan (2002:5) ibsutti, “af gaafii gosoota odeeffannoon qorannoo ittiin funaannamu keessaa tokko ta’ee kan qorataa fi odeeffattootni fuulletti wal arganii odeeffannoo waliif kennanii dha.” Haaluma kanaan tooftaan kuni namoota baratanis ta’ee kanneen hin baranne walqixa hirmaachisuuf gahee olaanaa qaba. Malli kun caaseffamaa fi miti caaseffamaa jedhamuun bakka lamatti kan qoodamu yoo ta’u qorannoo kanaaf lamaanuu murteessaadha. Haala kanaan hirmaattonni akkaatuma gaafatamaniin yaada kenniiru. Yaada isaan kennan irraa ka’uu ammoo gaafii sammuutti nama dhufu gaafachuun kan geggeeffamee dha. Kana irratti hundaa’uun malli kuni qorannoo kanaaf filatame.

Tooftaa kanaan adeemsi odeeffannoon itti funaaname dursa maanguddoota tooftaa iddatteessuu armaan olitti eeramaniin adda baafachuun wal qunnamame. Sana booda kaayyoo barbaadameef bal’inaan isaanii ibsuun huubachiisuu fi iddoo isaaniif mijatu gaafachuun guyyaa waliif beellamame. Guyyaa beellama kanaatti gaafilee kaayyoo qorannoo kanaan wal qabatan kanneen qophaa’an tokko

tokkoon gaafachuun af-gaafichi kan gaggeefamee dha. Baay'inni gaafilee dhiyaatanis caaseffamaa fi miti caaseffamaa diigdama (20) kan ta'an yoo ta'u, adeemsa gaaffii fi deebii keessatti wanta isaaniif hin gallee / isaanitti ulfaatu/ akka isaaniif galuu danda'utti irra deebi'uun ibsuun odeeffannoon barbaachisaa ta'e walitti qabame. Deebii gaafilee gaafatamanii ammoo meeshaa sagalee waraabuun waraabuu fi yaadannoo qabachuun odeeffannoon argame kan qabatamee dha. Kana keessatti geerarsi gootota barootaa adda addaa geeraraman ka'aniiru. Kana malees, gootota dur diddaa gabrummaatiin wareegaman fi kan ammas lubbuun jiran bal'innaan ka'aniiru. Iddoowwan itti waraanni geggeeffamaa turee fi cunqursaan adda addaa ummata Oromoo irratti raawwachaa ture ka'eera. Geerarsoonii isaan irraa argamanis boqonnaa itti aanu keessatti qaacceffamaniiru.

### 3.5.2 Sakatta'a Galmee

Sakkatta'i galmee meeshaalee funaansa ragaalee keessaa tokko ta'ee, madda ragaa lammaffaa ragaa ittiin funaanuuf kan gargaaruu dha. Meeshaalee funaansa ragaa kanatti gargaaramuuf qorattuun waraqaa deeggarsaa yuuniivarsiitichi kenneef qabachuun Waajjira Aadaaf Tuurizimiitti qaama dhimmi ilaallatu laalchisuun deeggarsi godhameefii jira. Galmee garaa garaa kan maxxanfamanii fi kan hin maxxanfamin irraa afwalaloo geerarsa gootota Baalee sakatta'uun kan argatte yoo ta'u isas yaadannoo irratti barreeffattee jirti. Afwalaloon geerarsoota yaadannoorratti qabataman kanniin boqonnaa itti aanu keessatti bal'innaan qaacceffamaniiru.

### 3.5.3 Daawwannaa

Qorannoo kana karaa guutuu ta'een gaggeessuun bu'aa barbaadamu bira gahuuf ragaan karaa afgaaffii fi galmeewwan gara garaa irraa argamu qofti gahaa miti. Kana waan ta'eef ragaa dabalataa qorannicha cimsuu danda'an funaannachuuf daawwannaa gochuun barbaachisaa dha. Odeeffannoo af gaafii fi galmeewwan garagaraa sakatta'uun argames ni mirkaneessa.

Haaluma kanaan yeroo geerarsi geeraramutti qaamaan biratti argamuun bifa suuraa fi viidiyyootiin waraabuun fi odeeffannoo qabachuun qorattuun daawwannaa kan geggeessite yoo ta'u, kunis yoomessi uumamaa carraa kamiinuu yoo argame, jechuuninis geerarsi gootota yeroo geeraramu argamnaan meeshaalee waraabuuf tajaajilu fi yaadannoo qabachuun qabatamaan biratti argamuun waraabuuf qorattuun karoorfattuyyuu carraan kun hin argamne. Ta'us ganda Harawaa keessatti guyyaa 17/09/2011tti yoomeessa nam tolchee uumuun namoota geerarsa geeraruu danda'an lamaa fi namoota jalaa qaban ja'a walitti qabuun akka geeraran gootee bifa viidiyoo fi suuraan waraabuun daawwannaa

geggeessiteetti. Kunis guyyaa fi iddoo isaaniif mijatu dursa isaan mariisisuun kan raawwatamee dha. As keessatti, meeshaaleen yeroo geerarsi geeraramu  barbaachisan afgaafii keessatti eeramanis daawwannaa jalqabaa kana keessatti  hin argamne.

Kana waan ta'eef, yoomessa nam tolchee guyyaa 06/10/2011 si'a lammataatiif ganda Awaash-Qolaatii keessatti uumuun bifa walfakkatuun kan daawwannaan geggeeffame yoo ta'u, qawwee bara dhoombir fi waraana qabachuun geerarame. Inni kunis bifa viidiyootiin kan waraabamee fi isa waraa-bame tokko tokkoon gurratti dhaggeeffachuun barreeffammatti jijjiiramee hiikameera.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSAA FI IBSA RAGAALEE

Ragaalee meeshaalee funaansa ragaa gara garaatiin jechuunis afgaafii, sakatta'a galmee fi daaw-wannaan funaannaman hundaa bifa bifaan isaan walitti dhiheenya qaban gar tokkotti fiduun isaan gar gar ta'an ammoo kophaa kophaatti barreessuun kan qacceffame yoo ta'u, kanneen bifa viidiyootiin waraabaman immoo gurratti dhaggeeffachaa gara barreeffamaatti jijjiiramaniiru.Itti aansuunis walalooleen isaanii qaacceffamaniiru. Geerarsi kunniinis ergaa gara garaa qabu. Akkasumas yoom fi eessatti akka geeraraman kan ibsan yoo ta'u hurrubbummaa fi faayidaawwan hawaasaaf oolanis kan keessatti hammatamee dha. Isaanis akaatuma armaan gadiitiin duraa duuban dhiyaataniiru.

## 4.1 Geerarsa Gootota Bara Dhoombir

Dhoombir kan jedhamu maqaa qawwee yoo ta'u bara mootummaa Haylasillaasee keessaa diddaa ga-brummaatiif qabsaa'oonni Oromoo kan biyya birootti badanii fudhatanii ittiin duulaniidha. Duulli yeroo san geggeeffame maqaa qawwee kanaatiin moggaafame.Boodarra garuu mootummaan Sumaaliyaa qawwee kana deeggare yaada itti jijjiiruun qabsoo akka walitti makatanii 'Oromoo Aabboo'jedhanii moggaasuun, erga moo'nii booda akka lafa Oromoo tana qoodatan itti kaase.Haata'u malee goototni Oromoo " hafu qawween kee yaa hafu malee lafa teenna hin qoodnu" sababa jedhaniif wal dhabbiin uumamuun dararaan hedduun isaan irra kan gahe ta'u, namoonni saba-ba kanaan achitti hidhamaa turanis jiraachuu odkennitootni qorattuuf seenessaniiru. Qabsaa'ota durii aanaa Barbaree yeroo sana keessatti hirmaatanii amma lubbuun jiranii fi yeroo sana wareegamanis bal'innaan maqaa isaanii kaasaniiru.

### 4.1.1 Geerarsa Gootota Kakaasu

**Fakkeenya 1**

Mandi'ee dilba buusee
Roobee dinniqii buusee
Waa faayaa dhoombirii qooqa faayaa
Toomifni hurrii buusee
Ee…

Maanguddoo ganda Awaash-Qolaatii Obbo Sulxaan Dambii Bitootessa16/2011



Suuraa 2: Qawwee dhoombir

Geerarsi kun qawwee bara durii gootootni qabatanii diddaa gabrummaa ittiin qabsaa’an kan faarsu yoo ta’u bara mootummaa Haylasillaasee keessaa qonnaan bultoonni Godina Baalee mootummaa

Sumaaliyaa Ziyaad Baarree irraa kadhatanii kan ittiin jegnummaa mul'isanii dha. Yeroo sanitti gootot ni Oromoo qawwee dhoombir kana hidhatanii kan diinarratti waraana guddaa geggeessanii dha. Qawween dhoombir yoo achii dhuka'u sagaleen isaa guddaa akka qaqawweessa Waaqaatti nama sodaachisuu yoo ta'u kan ittiin isaan diinarratti roobsanii gabrummaa jalaa ittiin bahanii dha. Kana malees toomifni qawweema yeroo sana keessa ittiin duulan yoo ta'u kan diinatti ittiin dukkana buusanii gara gortu wallaalchisan dha. Haaluma kanaan ummata Oromootiif qawweedhan kunniin faayidaa guddaa kan buusanii fi ummaticha biratti ulfina kan qaban ta'uu geerarsicha irraa hubanna.

**Fakkeenya 2**

Dhoombiroon gadii iyyaa
Dhoombiroon badii biyyaa
Hin fuudhan osoo kiyyaa

Maanguddoo ganda Walta'ii-Burqituu Obbo Huseen Waaqoo Caamsaa 5/2011

Geerarsi kun qawween dhoombir meeshaa waraanaa humna qabu yoo ta'u lubbuu namaa fi qabeenya kan barbadeessuu dha. Meeshaa waraanaa kana gootot ni Oromoo karaa gadiitiin sumaaliyaa irraa fudhatanii yeroo dhufanitti qaamni ummata Oromoo irratti dhiibbaa geggeessaa turan osoo beekanii dhiifama gaafachuu qabu ture malee fuuldura dhaabachuu hin qaban tureyyu. Yeroo sanitti gootot ni nafxanyoota kan ittiin barbadeessanii dhabamsiisan ta'uu agarsiisa.

**Fakkeenya 3**

Waleessoo yoo roobe
Duumessoon lafa gahee
Dhiira lolaaf gadi bahe
Maaltu afaan si bahe
Jiraataa ganda Walta'ii-Burqituu Obbo Suleeyman Jibrii Caamsaa 5/2011

Geerarsi kun mukni waleessoo jeedhamu yoo duumessi dhufe kan cobuu dha.Mukni kuni cobnaan roobni dhufuun isaa beekamaa dha. Karaa biraatiin roobni roobuun waan hin hafneedha.Gootnis akkuma kana takkaa kutatee manaa baanaan kaayyoo ka'eef sana galmaan ga'u malee kan duubatti hin deebine ta'uu agarsiisa. Rakkoon kamuu yoo muudate gootota kan gufachiisu osoo hin taane inumaa kan xiiqiitti galchee jajjabeessu dha. Kanaaf diinaan, gabrummaa deebisuuf yoo yaaddan isiniif hin

milkaa’u waan ta’eef hin dhama’inaa ergaa jedhu kan qabuu fi ammaa achi ummanni Oromoo duubatti akka hin deebinee kutannoo kan qabu ta’uu agarsiisa.

**Fakkeenya 4**

Dibdiphoon diphii bartee
Biiflee harka eeggattee
Allaattiin bu’aa bartee
Baha dhiiraa eeggattee
Obbo Sulxaan Dambii Bitootessa 16/2011

Geerarsi kun ergaan isaa ummanni Oromoo gootota irraa abdii heddu akka qabanii fi goototni kunniin ammoo yoo bahanii diinatti dhukaasan kan hin qolle ta’uu ibsa. Haaluma kanaan dhiirri/jegni reeffa diinaa kan lafa naqu yoo ta’u allattiinuu mi’eeffattee yookiin amaleeffattee, yeroo sagalee qawwee dhageechu foon namaa nyaachuuf waan mirkaneeffatteef kan baatuu ta’uu ibsa. Kuni goototni yoo-miyyuu mikaa’uu agarsiisa. Haaluma kanaan biyyi gootota qabu abdii akka qabu hubatama.

### 4.1.2 Geerasa injifannoo gootota

**Fakkeenya 1**

Hallayyaa dhooqqoo lafaa
Namni laal haqarra hin jirree
Akira booda kufeet hafaa
Maanguddoo ganda Walta’ii-Burqituu Obbo Aliyyii Kitoo Caamsaa 20 /2011

Geerarsi kun ergaan isaa mammaaksa Oromoo “dhugaan ni qal’atti malee hin cittu” jedhuun wal fakkaata. Kunis bara durii keessa aanaa Barbaree keessatti namootni aangoo irra jiran shira ummatar-ratti xaxaa akka turanii fi yeroon booda qabsoo goototaatiin dhugaan ummata Oromoo bahee, sirni yeroo sanis kufee, hamma tokko furmaanni kan argame ta’uu agarsiisa. Haaluma kanaan namni kamuu iddoo kamittuu carraa argatetti haqummaadhaan ummataaf dalaguu malee haqa dabsanii shira xaxuun kan nama salphisuu fi nama kuffisu ta’uu hubachiisa. Yeroo ammaa kana namuu roorroo kan of irratti hin dhiifnee fi kan akkasii yoo jiraate ummanni Oromoo hamma dhugaa ofii argatanitti kan duubatti hin deebine ta’uu agarsiisa.

**Fakkeenya 2**

Nagadanii quufanii
Amaanaa nyaatan malee
Umrii hin gabaabatanii
Shuba dubbatan malee
Eegee gaalaa conqollee
Abbaan of dhaadu hin tollee
Maanguddoo ganda Walta'ii-Burqituu obbo Aliyyii Kitoo Caamsaa20/2011

Geerarsi kun sirnoota darban keessa warrootni aangoorra turan hojjatanii of jijjiiruu ni danda'u tureeyyu. Garuu, dhiibbaa gama siysaatiin, diingdeetiin, hawaasummaatiin, aadaa fi kan kana fakkaatuun ummata Oromoorraan gahaa waan turaniif yeroo dheeraa jiraachuu hin dandeenye. Hogganummaan shira of keessaa qabu eessaanuu akka nama hin geenye f iakka nama kuffisu garsiisa. Kunis qabsoo goototni Oromoo kallattii gara garaatiin godhaniin kan kufan ta'uu agarsiisa. Aangoo qabanitti fayyadamanii waan hin taane dalaguu fi nammatti dhaadachuun umrii aangoo isaanii kan gabaabsu ta'uu fi kan namaaf hin tolle ta'uu agarsiisa.

## 4.2.Geerarsa Bara Janaaddee/Soowraa

Janaaddeenis maqaa qawwee bara durii yoo ta'u akkuma dhoombir mootummaa Sumaaliyaatiin ummmata Oromootiif kan deeggaramee dha. Duulli yeroo sana geggeeffames yeroo lammataatiif yoo ta'u mootummaan Dargii illee sobee gaafii lafaa ummata Oromoo kan deebese fakkeessuun " lafti qonnaan bultootaaf yaa deebi'u" yaada jadhu dhiyeessuun lafa bal'aa ofiif godhatee, Oromoota abbaa biyyummaa dhooggatee, kan humnaan qabeenya isaa saammaa turee fi kan mirga isaa sarbaa turee ta'uu seenessaniiru. Oromoonni hedduunis didduma gabrummaa kanaaf gara biyya Sumaaliyaatti baqatanii achi keessa turtii godhaniin leenjii loltummaa kan argatanii fi kan lamuu biyytti deebi'nii waraana mootummaa Dargii irratti duula geggeessuu isaanii kaasaniiru. Duula yeroo sanii maqaa Soowraa fi maqaa qawwee Janaaddee jedhamu kanaan moggaafamee waamamuu isaa maanguddootni eeraniiru. Goototni hedduunis itti wareegamuu fi hidhaan dararamuun isaanii ibsameera. Qabsoon yeroo sanii bu'uura qabsoo ammaa ta'uus ibsaniiru.

### 4.2.1 Geerarsa goota jajjabeessu

**Fakkeenya 1**

Guyyaa ardaa oolaa
Akka shuukkee harree
Halkan bool’a bulaa
Bakka namni hin garree
Jilbiiffadhaa lolaa
Sooraa sooraa  sooraa
Jiraataa Ganda Walta’ii Burqituu Obbo Aadam Duubee Caamsaa 20/2011

Geerarsi kuni  mootumman Haylasillaasee erga kuufee Dargiin qabateellee ummata Orommoo irratti dhiibbaan kallattii garagaraatiin geggeeffamuun kan itti fufe yoo ta’u, qabsaa’onni Oromoo yeroo sanii meeshaa waraanaa ammayyaawaa kan hin qabne waan ta’eef bosonatti galanii isuma qabaniin dhoksaadhaan yookiin riphanii hidhattoota moottummaa Dargii kan barbadeessaa turanii dha. Kunis guyyaa akkuma shuukkeen harree bakka barbaadde dheedaa yoo oolte bineensi ishii hin adamsine san goototni kunis osoo ofitti hin beeksisin guyyaa guyyaa bakka barbaadan oolanii odeeffannoo guuruun yeroo biroo immoo bosonatti badanii bool’a qabachuun riphanii kan diina adamsuun waraanaa turan ta’uu agarsiisa. Haluma kanaan goototni Oromoo diddaa gabrummaa fi saamicha ummata irratti geggeeffamu finciluun waljajjabeessaa sirna kana of irraa fonqolchuuf qabsoon akka finiinaa deemu godhuu isaanii agarsiisa.

**Fakkeenya 2**

Jaartii Alii Muussa
Guddoon eda duutee
Xiqqoon sakaraataa
Lakkii Alii Muussaa
Mintoofiin sinyaataa
Jiraataa Ganda Walta’ii Burqituu Obbo Aadam Duubee Caamsaa 20/2011

Alii Muussaa sirna Dargii keessa Dargii waliin ta'ee nama ummata Oromoo fixaa ture yoo ta'u gootototni Oromoo yeroo sanitti kan bifa geerarsaatiin ergaa dabarsaniifidha. Kunis " Jaartiin Alii Muussaa guddoon eda duutee" yoo jedhu, sirni duraan ummata Oromooratti roorrisaa ture tokko dar-be jechuu yoo ta'u, "xiqqoon sakaraataa" jechuun immoo sirni kuniis kufuuf ta'aa jiraa yoo teeche taa'ii taa'uu baannaan nuti Oromoonni si hin dhiifnu; qawwee mintoofiin si ajjeefna ergaa jedhu dabarsa. Kana malees sirna ati deeggartu kanas dhabamsiisuuf deemna yaada jedhu dabarsa, Karaa biraatiin gootototni Oromoo qawwee mintoofii kanaan diina fixaa turuu agarsiisa.

**Fakkeenya 3**

Alii Dumaal kan Albeenii bulee
Akka si hin dhaanne uleen
Obbo Alii Dumaal Caamsaa5/2011

Geerarsa kana abbuma geerarameef irraa kallattiin argame yoo ta'u, namni kuni bara soowraa keessa aanaa Barbaree kana keessatti garee qabsaa'ota Oromoo tokkoof itti gaafatamaa ta'ee bosonatti ga-luun kan Dargiirratti qabsaa'aa tureedha. Haaluma kanaan ergaan isaa of hin dagatinaa; namni yartu-un akka tasaa dagachiistee nama miidhuu dandeechi. Karaa biraatiin yeroo dhokattanii qabsooftanitti tasa qabamtanii akka uleen isin hin rukkunne of eeggannoo cimaa godhaa yaada jedhu dabarsa.

**Fakkeenya 4**

Akka goromsa gaalaa usturiin hojjaa qabaa
Akka haftittii durbaa Albeeniin kaarruu qabaa
Akka beera kamayaa dumbulloon goloo qabaa
Eegee gaalaa raaphanaa gurbaa dubbiin qabbanaa
Obbo Sulxaan Dambii Bitootessa 16/2011

Geerarsi kun qawwee bara janaadee ittiin duulan kan akka Albeenii, Usturii/Minishirii fi Dumbulloo jedhaman kan faarsu yoo ta'u, kunis kan bara janaaddee keessa gootototni Oromoo ittiin qabsaa'anii dha. Qawween kunniin usturiin dheeraa, albeeniin kaarruu, dumbulloon immoo akkaataan rasaasa itti kaayyatu kan iccitii qabu dha. Gootototni Oromoo isaaniin waraana geggeessaa kan turanii fi kan in-jifatan yoo ta'u diinotni angoorra taa'anii jabaa fakkaatan ture kan homaa fiduu hin dandeenye ta'uu

dhaama. Kana malees gootoтni Oromoo tooftaa ittiin diina isaanii moo'an dhoysaadhaan kan qaban ta'uu eera.

**Fakkeenya 5**

Diidayyoo diinni sirbee
Diida Baalee diida'aa
Jegni dhiiga dhiiraarraa sirbe
Obbo Sulxaan Dambii Bitootessa 16/2011

Geerarsi kun kan gootota kakaasu yoo ta'u diinni fagoo illee ta'u Baalee keessa ni jiru waan ta'eef nutis yeroo biyya keenya keessatti akka barbaadan ta'anii ummata keenya cunqursan taa'uu hin qabnu jedhanii, onnee isaanii kaka'ee, sodaa tokko malee dhiiga isaanii danfisanii diinatti hamileen qajeeluu mul'isa. Alagaan iddoo biraatii dhufee biyya namaa yoo tuqu kan nama hin obsisiisnee fi kan baay'ee nama aarsu ta'uu agarsiisa. Gootoтni Oromoo yeroo diinni biyyattii irratti gama diinagdeetiin, gama siyaasaatiin, gama hawaasummaatiin, gama aadaatiin, fi kanneen birootiin dhiibbaa geggeessu kan hin dhiifnee fi tarkaanfii fudhachuuf kan duubatti hin deebine ta'uu hubachiisa.

**Fakkeenya 6**

Lola gaafa kamsaa kan gaafa quxalee
Reeffa nafxanyootaa hanga wallaalanii
Haqqii teenya biyyee itti hin awwaalanii
Jazaa keenyaatu galee kan dur wallaalanii
Tooyraan duraan baala amma dacha ta'ee
Nafxanyoota badaa mataan lafa gahee
Rabbi haa nassaruu warra haqaaf bahe
Jiraataa ganda Awaash-Qolaatii Obbo Sulxaan Dambii Bitootessa 16/2011

Geerarsi armaan olii kun bo'oon afuran jalqabaa bara janaaddee keessa naannoo bara 1968tti Godina Baalee aanaa Gololchaa keessatti laga Weeb iddoo qilee quxalee jedhamutti gootoтni Oromoo aanaa Barbaree fi kanneen biroo itti dhaquun nafxanyoota baay'ee kan fixan yoo ta'u, kunis yeroo sanitti Oromoonni diddaa gabrummaatiif warroota ummata cunqursaa turan irratti waraana banananiiti. Sana booda biyyeenuu qabeenya keenya waan ta'eef kan duraan saamicha nurratti geggeessaa turtan

hanqatee amma ammoo gadoo saniifuu reeffi keessanuu itti awwaallamuu hin qabu yaada jedhu dabarsa. Cubbuu duraan ummata Oromoorratti raawwatantu isaan qabee; namni baay'een irraa dhumee; gubatanii qaana'an. Gootummaa keenya kan wallaalanii turan itti agarsiifne yaada jedhu dabarsa.

Bo'oon "Tooyraan duraan baala amma dachaa ta'ee" jedhu immoo namoonni duraan qabsaa'an muraasa turan. Amma garuu Oromoonni gootota heddu waan qabaniif baay'atanii jiru. Kanaaf nafxanyoota barbadeessanii ummanni Oromoo furmaata argachaa jira. Bo'odhan dhumaa lamaan immoonafxanyooti qabeenyaa fi humna namaa saamaa turan baay'ee qaana'anii jiru. Namoota dhugaa qaban Rabbiinuu akka gargaaru kan abdii qaban ta'uu irraa hubatama.

**Fakkeenya 7**

Itoophiyaan haadha tenyaa
Haadha ta'uu hin rattaanaa
Adaarii gad hin dhiifnuu
Lamuu isatti dachaanaa
Maanguddoo Ganda Walta'ii-Burqituu Obbo Huseen Godaanaa Caamsaa 20/2011

Geerarsi kun goototni Oromoo Oromiyaa bira darbanii lammii Itoophiyaa maraafuu kan yaadan yoo ta'u biyya ofii akka haadhaa ofiitti ilaaluu agarsiisa. Haadha ofii ammoo akka salphaatti kan dabarsanii kennanii miti waan ta'eef, biyya illee haaluma kanaan eeggamuu akka qabduu dha. Oromoota irraa duraan qabeenya isaanii, humna isaanii, lafa isaanii fi kan kana fakkaatu yeroo itti saamaa turanitti gootootni Oromoo bosonatti galanii qawwee kadhatanii diina kana of irraa barbadeessaa kan turan yoo ta'u, sirni bittaa gabrummaa, sirni abbaa lafaa fi dhiibbaawwan biroos lamuu akka nutti deebi'u kan hawwu yoo jiraate ammallee itti deebinee goonaaf. Saamichaa fi roorroon adda addaa akka hin jiraanne ummanni Oromoo qabsoo kutannoo qabu qabaachuu agarsiisa.

**Fakkeenya 8**

Sararii dhaala qabaa
Baalee hiriyaa qabaa
Hiriyaa biyya tiyyaa
Kan waliin lolu qabaa

Jiraataa ganda Walta'ii-Burqituu Obbo Suleeyman Jibrii Caamsaa 2o/2011

Geerarsi kun ergaan isaa ummanni Oromoo essattiyyuu yoo ta'e gootota kan qabu fi kan walirraa ab-dii qabuu dha. Kanaaf iddoo marattuu goototni tokkummaan gurmaa'uu irratti kan rakkina hin qabne ta'uu ibsa. Haaluma kanaan yoo tuqame kan wal irratti hin dhiifne fi tokkummaan diina of irraa bar-badeessuuf kutannoo qabaachuu  agarsiisa. Kana malees goototni kunniin rakkoon yoo hawaasa isaanniirra gahe kan soodaa tokko malee irratti qabsaanii fi diina ofii moo'achuuf immoo kan shakkii of keessaa hin qabne ta'uu agarsiisa.

**Fakkeenya 9**

Sarar gaaddisa laalii
Shallahaa mataa laalii
Hiriyaa kolfaa taphaa
Kan waliin lolu qabaa
Obbo Suleeyman Jibrii Caamsaa 20/2011

Ergaan geerarsa kanaa hiriyaa kutataa filaa mataatti diratee manaa baye qaba. Namni akkanaa kan yeroo mara nama hin ganne kan murannoon nama wajjin qabsaa'u kan abdii biyyattii ta'e ta'uu kan agarsiisuudha. Akka aadaa Oromootti shallahaa/filaa mataatti diratanii manaa baanaan namni sun goota beekamaa kutannoo qabu yoo ta'u moo'atu malee kan duubatti hin deebine ta'uu agarsiisa. Namni kun kan kabaja guddaa qabu ta'uu agarsiisa.

**Fakkeenya 10**

Hin teenyuu walaaloo maalumarra teenyaa
Nafxanyaatu nyaataa warqii lafa teenyaa
Yoo duune ajjesuun bar waajiba keenyaa
Duunee tarru malee hin dhiifnu dachii teenya
Jiraataa ganda Awaash-Qolaatii Obbo Sulxaan Dambii Bitootssa 16/2011

Geerarsi kun goototni Oromoo obboleewwan koo ka'aa biyyi keenya diinaan weerarame; qabeenya biyya keenyaa saamamee dhumee; eessa teenya? Nuti dhaloonni biyyattii osoo lubbuun jirruu alagaan albuuda keenya guuree fixee. Qabeenya dachii teenyaa wayta guuran dhiisu hin qabnu. Yoo kan callifnee ilaallu ta'e qabeenyi kun ni dhuma. Dhaloonni haaraan dhufu ammoo kana caalaa rakkoon

irra gaha. Biyya ofii eeganii labata dhufuuf dhaalchisuun  immoo dirqama keenya. Kanaafuu itti wareegamnee dhalootaaf hambisuutu nurra jiraata malee, osoo nusaaman taa'uu hin qabnu yaada jedhu walii dabarsuun, kutannoon wal jajjabeessuu agarsiisa. Kana malees ummanni Oromoo yoo dhiibbaan gara garaa: gama diinagdeetiin, gama siyaasaatiin, gama hawaasummaatiin fi kanneen birootinis irra kan gahu yoo ta'e kan ofirratti hin ilaalle fi ammaa achi obsa kan hin qabne ta'uu hubachiisa.

**Fakkeenya 11**

Hayyeeta jennaan dhufee hay jennaan dhaabatee
Ega muree ol jedhee kooraa garaan yaadatee
Kooraa malee akkamiin fardi tolee
Koorsan malee akkamiin mataan tolee
Jara kooraa hiriyaa akkamiin garaan tolee
Jiraataa ganda Awaash-Qolaatii Obbo Sulxaan Dambii Bitootessa 16/2011

Geerarsi kun goototni wal waamanii qophii gochuun diina isaanii kan ajjeesaa turanii fi kan wal jajjabeessan ta'uu agarsiisa. Kun ammoo leenjii fi meeshaa waraanaa ammayyaawaan ala yoo ta'u, erga moo'atanii booda gammachuu ofii ibsachuu agarsiisa. Kana malees goototni Oromoo haala kanaan walii galanii diinarratii rakkoo geessisuun kan nama ajaa'ibsiisu ta'uutu irraa hubatama.

**Fakkeenya 12**

Dumileen anaa jaalaa
Simbirreen takka dhuydee
Ani filee fili jettii
Hin jireen takka dhuftee
Obbo Sulxaan Dambii Bitootessa 16/2011

Geerarsi kun ergaan isaa gootota kakaasuuf yoo ta'u,“ Dumileen anaa jaalaa simbirreen takka dhuydee” yoo jedhu lagni Dumaal jedhamu aanaa Barbaree keessa jiruun wal yaa fakkeessu malee saba koo Oromoo fi biyya koo bakka birootii dhufanii na harkaa tuqan. Haala kanaan Oromoon tuqamuu  yoon argu ammoo ana gaaraan koo hin danda'u ergaa jedhu dhaama. Akkuma Oromoonni “ migirri alaa gubannaan gingilchaan manaa booche” jedhanii mammaakan biyyi ofii gama kamiinuu

tuqamnaan goototni biyyatti kan cal jedhanii hin ilaalle ta’uu agarsiisa. Kan biroo namni biyya goota qabu tuqu yartuu yookiin tuffatamtuu of hin beekne ta’uu ibsa. Ta’ullee of mul’isuun ishii akka hawaasni of eeggannoon taa’uf kan gargaaru fi goototni Oromoo ammoo diina tana kan wayittuu ishii hin likkine ta’uu agarsiisa.

**Fakkeenya 13**

Tirsuun duutee gammadee
Tirsuun kaatee ani bade
H/Ibroo Duubee  ganda Haarawaa Ebla 23/2011

Geerarsi kun ergaan inni of keessaa qabu nuti ummanni Oromoo diina keenya moo’annee; gabrummaa jalaa baanee; bilisummaa arganne. Haata’u malee diinni akka waan bade fakkaatee ammas ummatuma keesatti riphee rakkoo geessisaa jira waan ta’eef dammaqinaan biyya ofii eeguun barbaachisaa akka ta’ee fi cunqursaan lamuu akka uumata keenyatti  hin deebine  yaada jedhu of keessa qaba.

**Fakkeenya 14**

Osoo barana jedhuu barri baraan naanna’ee
Saani maseenes dhalee gurbaan adeemes galee
Arbi yoom cooraa ta’e kan gaambaallaa duuffissuu
Kan jegna gugguufsisuu kan dabeessa dhuuffisuu
Manguddoo ganda Haroo-Dumaal H/Maammad-Huseen Sooraa Ebla21/2011

Ergaan geerarsa kanaa bo’oon jalqabaa lamaan rakkoon kamuu yeroo isaa eeggatee kan furamu waan ta’eef obsa qabaachuun barbaachisaa akka ta’ee fi barri kan darbu ta’uu agarsiisa. Kunis bilisummaan duraan dhabamee ture amma argamaa jiraachuu agarsiisa. Namoonni duraan diddaa gabrummaatiif bosonatti galanii qabsaawaa turan yeroo ammaa kanatti kan deebi’anii karaa nagayaatiin yaada barbaadan bahuu danda’uu agarsiisa. Bo’oon hafan ammoo arbaan wal qabsiisee yaa dhiyaatuu malee gootni yoomiyyuu kan moo’uu, kan duubatti hin deebine ta’uu agarsiisa. Kunis qabsoon gootootni Oromoo godhan kan akka salphaatti ilaalamu osoo hin taane kan saba Oromoo bira darbee lammii Itoophiyaa hundaafuu furmaata ta’aa jiru ta’uu agarsiisa. Keessattuu sirna ammaa kana keessa bili-

summaan hanga tokko argamaa jiru kun qabsoo goototaa bara dheeraa godhameen kan argamee fi kan rakkoon kamuu duubatti deebsuu hin dandeenye ta'uu agarsiisa.

**Fakkeenya 15**

Reebbataa qolli badee
Reebaa sabbanni bade
Faana bade ballaa'ee
Mataa bade deebisee
Filfillee gurra hin geennee
Akka gurri hin dhageennee
Maaf gujii aseennee
Gujii dhawaa haphattii
Miiccan ni asaalattii
Laasheen mudhii qal'attii
Kanaaf dubbii dadhabdii
Obbo Sulxaan Dambii Bitootessa 16/2011

Geerarsi kun bo'oon afuran jalqabaa ergaan isaa jegni kutatee itti ka'ee, irratti dhumee, mirga ummataa isaa sarbamee ture kan deebise ta'uu ibsa.Bo'oodhan hafan immoo goototni kunniin yoo ilaalan lakkoofsan xiqqoo dha. Garuu isaanumti dhoysaan eeggatanii diina ofii kan rukkutan yoo ta'u fi dubartiin isaanii immoo kan goota jajjabeessitu malee kan haasawa hin dheeressine ta'uu agarsiisa.

### 4.2.2.Geerarsa Injifannoo Goototaa

**Fakkeenya 1**

Nafxanyaaf Rabbi dabee
Sawaan yaabbatu cabee
Guraadee ol fidatee
Wal nyaatee wal fixate
Guraadee jalli qolaa

Guraandaa manni onaa
Jiraata ganda walta'ii-Burqituu Obbo Suleeyman Jibrii Caamsaa 20/2011

Geerarsi kun kan agarsisu bara janaaddee ollaa Aanaa Barbaree kan taate Aanaa Dalloo-Mannaatti Xiyyaarri Nafxanyootaa goota Oromootiin kan rukkutamte yoo ta'u, nafxanyootaaf hin qajeelleef. Xiyyaarri isaaniyyuu jalaa rukkutamuun akka waaqa irraa jigu ta'e. Ofii isaaniyyuu wal ta'uu didanii walitti dacha'anii wal fixuu eegalan. Masaraan isaaniillee qullaatti hafe yaada jedhu dabarsa. Kana yoo jedhu ammoo namoonni aangoo gurguddaa qabaatanii namatti shira xaxaa turan angoo isaanii irraa bu'anii yeroo itti qaana'an kan agarsiisuu dha.

**Fakkeenya 2**

Baddaan baddeeyyi baaftee
Battalti laancaa baaftee
Jegni gaariin akkanaa
Biyya irraa urkoo baaftee
Obbo Sulxaan Dambii Bitootessa 16/2011

Geerarsi kun baddaan baddeeyyii baaftee yoo jedhu biyyi teenya gootota hedduu horatte. Isaanis dhiibbaa fi cunqursaa duraan ummata Oromoorra ture biyya irraa furuudhaan ummanni akka armaan duraa gabrummaa keessa seenee humnaan, qabeenyaan, dandeettii fi beekumsaan diina kan hin tajaajillee fi rakkoon akkasii kun kan biyya irraa furamaa jiru ta'uu agarsiisa.

**Fakkeenya 3**

Sarar gaarri dhaamochaa Weebootti aanuu fedhee
Bosoo mannii dhaamochaa kamootti aanuu fedhee
Guyyaan dubbii dhaamochaa gamnati aanuu fedhee
Guyyaan lolaa jannataa jegnatti aanuu fedhee
Maanguddoo Ganda Haroo-Dumaal H/Maammad- Huseen Sooraa Ebla 21/2011

Geerarsi kun gaarri sarar qorra kan qabu waan ta'eef laga Weeb jedhamutti aanuu akka fedhu, akkasumas nama boseettii taate yeroo maraa manni ishii kan qorru waan ta'eef kameettii filachuun gaarii akka ta'ee fi guyaa dubbiin jiru wayii immoo dubbii jalaa miliquuf jecha, nama dubbii beeku waliin jiraachuu akkasumas guyyaa lolaa ammoo nama jegna wajjin yoo jiraatan wanti fedhe yoo

galeyyuu kan hin baqanne waan ta'eef hamma lubuun wareegamanittuu jegni kan boodatti hin deebine ta'uu dhaama.

Kun akka walii galatti ummatni waan biyyaaf ta'u addaan baafatee beekuutu irra jiraata. Kanneen bu'aa biyyattiif buusanii fi kenneen miidhaa geessan addaan baafatanii isa biyyaaf toluu fi biyya ceesisu waliin ta'uutu filatama yaada jedhu dabarsa.

**Fakkeenya 4**

Anaa ganama bahuu gororriin natti dhuftee
Ayyaan tiyya qaalluudhaa ganamaan natti tuftee
Albabaan natti shuulee laga na barbaadaa
Albameet deebi'ee duchiiftuu naaf barbaadaa
Duchiiftuun raagoo jirtii raagduun harraagoo jirtii
Tasilaa qixxee raagaa ayichoon mana jirtii
Duchiiftuu ilma dahii Imaanoo mirga dahii
Warra korpheessa abkaa rooba nagayaa dahii
Obbo Sulxaan Dambii Bitootessa 16/2011

Geerarsi kun Oromoon yoo manaa ganamaan bayu milkii kan ilaallatu yoo ta'u, gororiin namatti dhufuun milkii gaarii agarsiisa. Gama biraatiin immoo Oromoonni aadaa eebba marabbaan itti wal geggeessu qaba. Haaluma kanaan haati gootaa ilma ofii eebbiftee yoo ergitu akka milkaa'anii galan beekamaa ta'uu agarsiisa. Gootni haala kanaan manaa bahee moo'ee galuu agarsiisa. Milkaa'ee yoo gale ammoo hawaasa biratti akka ulfina argatanii fi deeggaraman akkasumas gooticha moo'ee galeef korpheessi akka qalamuuf agarsiisa. Korpheessi qalamuun kuni ammoo gammachuu fi deeggarsa qabaniif ibsuufi.

**Fakkeenya 5**

Soomaayyuun tiyya hiddee
Bayyuu damee hin murannee
Hiddeen Tiyya gaalamaa
Takkaa samaa hin dibannee
Eegee shamaa booyyee

Kamaalii luqqisanii

Dhadhaa samaa urgoo kamaalii quyyisanii

Obbo Sulxaan Dambii Waxabajjii 6/2011

Geerarsi kun eeboon kiyya mukni isaa jabaa dha. Damee muka qaqalloo miti. Kan abdii qabdu, kan akka laayyotti hin cabne, kan yoo qabatan diina ittiin barbadeessaniidha. Kuni goototni Oromoo jajjaboo fi kan duubanis goototа biroo biqilchaa jiran waan ta'eef kan nama hin shulannee fi waan hin taane kan hin fudhanne ta'uu agarsiisa. Isa biyyaaf hin tollee ofirratti ilaaluun waan hin barbaachifneef kan akkasii yoo jiraate gootoni dafanii itti malu malee kan hin sodaanne ta'uu agarsiisa.

### 4.2.3. Geerarsa goototaa kan dabeessa jajjabeesu

**Fakkeenya 1**

Albeenii qaataa mukaa

Caccabsaa harkaa lukaa

Dabeessi afaan mukaa

Qabatee waliin mugaa

Jiraataa ganda Walta'ii-Burqituu Obbo Alii Dumaal Caamsaa 5/2011

Qawween Albeenii kan goototni ittiin diina ofii barbadeessaa turan yoo ta'u, innis qawwee ammayyaawaa miti. Yoo ilaalan qaataan isaa muka waan ta'eef kan ittiin injifannoon argamu hin fakkaatu. Ta'us warra waaqarra meeshaa ammayyaawaatiin lolaa tureyyuu goototni Oromoo isumaan lubbuu itti mi'eessaa akka turan fi kan ittiin isaan daakaa turan ta'uu agarsiisa. Lugni yookiin dabeessi yoo qabate kan bu'aa ittiin hin buusne waan ta'eef inumaa osoo qabatee mugu kan diinaaf karaa banu waan ta'eef qabachuu akka hin qabne agarsiisa. Karaa biraatiin qawwee hidhachuu kan qabu gootota malee gadhee miti. Gootni yoo qabate diina ofii kan ittiin unkuteessu ta'uu agarsiisa.

**Fakkeenya 3**

Sarar gaarri naanna'ee

Saree muchi aana'ee

Gurbaan haala saree

Oddoo keessa naanna'ee

Maanguddoo ganda Haroo-Dumaal H/Maammad-Huseen Sooraa Ebla21/2011

Geerarsi akkanaa kun nama sodaattuu kan ittin arrabsan yoo ta'u ergaan isaa osoo diinni marsee jiruu lugni namaa oddoo keessa dhokata yaada jedhu kan dabarsu dha. Nama gootummaa dhabee sodaarraa kan ka'e biyya ofii dabarsee kennu, akka sareetti kan ilaalamu ta'uu agarsiisa. Sareen immoo kan yoo ari'an illee bakkuma ari'anitti deebituu fi kan qalbii hin qabnee dha. Namni akkanaa kun ammoo kan waa'een biyya ofii fi bilisummaan saba ofii hin galleef ta'ee dhiibbaa irratti geggeeffamaa jiruu kan ofirratti hin arginee dha. Kana keessatti immoo sodaatanii biyya ofiis dabarsanii kennanii gabroomuun of arrabsiisuu irra jegnoomanii itti wareegamuun maqaa ofii fi biyya ofii waamsisuun dhaloota bilisoomsutu wayya yaada jedhu of keessaa qaba.

**Fakkeenya 4**

Tibbiin marsee
Bokkolaan tibbiin marsee
Gurbaan dasee tiibbaa
Godaanee gaariin marsee
Gurraa gur'uu tiibbaa
Dhalee guraanaan marsee
Gurbaan irree tiibbaa
Karra abbaan duuleen marsee
Jiraataa ganda Awaash-Qolaatii Obbo Sulxaan Dambii Bitootessa 16/2011

Geerarsi kun kan dabeessaaf geeraramu yoo ta'u goototni yeroo diinaan wal qunnamanii dhukaasa walitti banan, gurbaan /lugni yoo achii ilaalan garmalee furdaadhaa, irree baachuu dadhabee, akkasumas qaamaan goota fakkaatu sodaatee qe'ee abbaan isaa itti moo'ate keessatti baqachuu agarsiisa. Akkuma saani dhale sababa waatii ofiitiif dawoo irraa hin fagaanne dabeessis sodaachuun qe'ema keessa olii gadi dhokachuu agarsiisa. Kun ammoo qe'ee abbaa ofii yookiin biyya ofii keessatti sodaachuun akka hin barbaachifne fi diddaa gabrummaatiif wareegama goototaatiin biyyi as geeche tun ammas gootota ciccimoo heddu kan qabduu fi kan horachaa deemtu waan ta'eef kan homaa hin sodaanne ta'uu hubachiisa.

Walii galatti kan irraa hubatamu qa'ee abbaa ofii kan haqummaa irraa qabanii mitii, alagaanuu bakka birootii dhufee mirga ofii malee yoo nama mormatu ilaaluu akka hin qabnee dha.

**Fakkeenya 5**

Hayyee hayyee hayyayyee
Hayyee hayyee hayyayyee
Ee…
Yoo jiraa nyaatanii
Bullaa argan gaabbanii
Yoo jiraa sodaatanii
Du’aa argan gaabbanii
Yoo jijjiraa nyaatanii
Naaf sifeessi jedhanii
Yoo jiraa sodaatanii
Ayya badi jedhanii
Haati hin bannee
Hiriyaa sodaataa lubbuun bade
Sodaataa lubbuu leeymaa
Haatuu somaayyoo leeymaa
Ee…
Jiraata ganda Awash-Qolaatii Obbo Sulxaan Dambii Waxabajjii 6/2011



Suuraa 3:Daawwannaa Ganda Awaash Qolaatii

Geerarsa armaan olii kana qoqqooduun yoo ilaalamu bo’oon afuran jalqabaa ergaan isaa namni gadadoo keessaa bahee qanani’e yookiin inni gabroomee ture yoo bilisoome guyyaa sana irraa eegaleet waa’een seenaa keessa turee itti dhagahama. Inni aangoo irraa wayta jiru nama cunqursaa tures yeroo aangooisaa irraa kufee qaana’u onneen nama miidhamee ol ka’a. Isa duraan nama irratti geggeeffamaa tures yoos gaabbu. Garuu kuni ta’uu hin qabu duruma qaama rakkoo nama irraan gahu sodaa tokko malee kutannoon itti qabsaa’uun barbaachisaa akka ta’eedha.

Bo’oon ja’an itti aanan ammoo dabeessi yoo rakkoon isa muudate haadha deesse kan balaaleffatu yoo ta’u, kan badii ta’e haadha deesse osoo hin taane hiriyaa dabeessa waliin hiriyoomuutu sodaattuu isa godhe yaada jedhu of keessaa qaba. Ergaan isaa rakkoo keessa erga galanii booda nama balaaleffachuu irra dursaniituma of eeggannoo cimaa gochuutu nama irra jira waan jedhu dabarsa. Gama bi-

raatiin sodaattuu wajjin sodaachuun barbaachisaa akka hin taane fi gootummaa nama qabu waliin mi-choomuu akka wayyu dhaama.

**Fakkeenya 6**

Hanga alaloolaa malu aloollee
Hanganarra alatti gallaa mitii
Hanga arrabsuu malus arrabsinee
Hanganarra waa gogaa qallaa mitii
Maanguddoo ganda Haarawaa H/Ibroo Duubee Ebla 23/2011

Geerarsi kun nama waa yoo itti himan hin galleef kan geeraramu yoo ta'u irra deddeebinee gorsinee garuu homaa fudhachuu hin dandeenye kana caalaa maal gargaaruu dandeenya yaada jedhu kan of keessaa qabu yoo ta'u mammaaksa, "beekaan baargamattuu wallaalaan of jalattuu"kan jedhuu waliin deema. Karaa biraatiin ergaan isaa namni ofumaan abshaala ta'uu qaba. Waan isaaf ta'u akkasumas waan biyyaaf ta'u ofumaa beekee raawwachuun biyya ofii dhiibbaa gara garaarraa baasuutu irraa ee-gama yaada jedhu of keessaa qaba.

## 4.3 Geerarsa Bara Dhiyoo

Geerarsi armaan gaditti duraa duubaan dhiyaatan kunniin kanneen sakatta'a galmee,af gaafii fi daawwannaa irraa akkuma kaawwanii funaannaman yoo ta'u bifa walitti kaleenya qabaniin kan kaahamanii dha.

### 4.3.1 Geerarsa Booree

Geerarsi armaan gadii kun kan qorattuun galmee gara garaa geerarsa goototа faarsuun walqabate sa-katta'uun argattee dha. Kunis kan garmalee dheeratu waan ta'eef akka ergaa isaa hubachuuf tolotti haala armaan gadiitiin bo'oowwan muraasa muraasaan qoqqooduun ergaa isaa qaaccessaa kan deemtee dha.

Geerari geerari naan jedhuu
Geerarsa maal na gorsuu
Dhiira garaanuu hin obsuu
Kuti kutiin hidaaqoo
Lafa garbuutti yaatee
Kuti kutiin garaa koo

Na daddarbuutti kaatee
Nan daddarbin garaa koo
Barri darbuuf dhiyaatee
Ishoo!

Geerarsi kan geeraramu namni namatti himee osoo hin taane ofumaan dandeettima qabaniin kan quuqaa garaa qaban ittiin ibsatanii dha. Kana malees gootonni Oromoo yeroo saba isaarra cunqursaan gara garaa gahu kan obsa hin qabnee fi danda'ee hin ilaalle ta'uu agarsiisa. Kan biroo akkuma lukkuun midhaan olii gadi haadhuun babballeessitu diinni illee biyya keenyatti yaatee nu cirachaa/saamaa jirti. Kanaaf garaan koo immoo ka'ii isaan barbadeessi na godhaa jiraa. Ta'us garuu kanuma keessa miidhamni biyya keenya irras gahuu danda'a waan ta'eef, hamma tokko obsuun waan yeroon fidu eeguun barbaachisaa ta'uu beeki jedhanii of tasgabbeessuu agarsiisa. Yoo ilaalan barri ummanni Oromoo itti cunqurfamaa ture darbuuf dhiyaachaa jiraa waan ta'eef gara fuulduraatti ummanni kun gabrummaa jalaa bahuun akka barbaadee fi bakka barbaadetti afaan ofii, aadaa ofii, qabeenya ofii, beekumsa ofii fi kan kana fakkaatanitti kan fayyadamu ta'uu garsiisa.

Booraleen hin qochiisuu
Babattee tokko malee
Booruun hin dhudhaasisuu
Gurucii tokkoof malee
Booreen nama hin raffisuu
Siliimii tokkoof malee
Ishoo!

Geerarsi kuni dhiibbaan gara garaa gama diinagdeetiin, gama aadaatiin, gama hawaasummaatiin, gama siyaasaatiin fi kanneen kana fakkaataniin yoo nama irra gahe yerooma muraasaaf malee kan hin obsine ta'uu fi gootonni ammoo rakkoon akkanaa kun biyya ofiirratti yoo mul'ate kan hin dhiifne ta'uu hubachiisa.

Adaamii gaara gamaa
Ishii dhadhaabbatanii
Kajeellaa haadha ormaa
Ishee sassalfatanii

Ishoo…

Geerarsi kun alagaan biyya keenya keessatti kan baay'achaa ture ta'uu yoo agarsiisu inni ammoo kan biyyattiif bu'aa buusu osoo hin taane kan biyya saamee of qofa guddisaa turee dha. Yeroo sanitti dhalataan biyyattii bu'aawwan adda addaa argachuun ulfaataa kan ta'aa turee fi kan bu'aawwan gara garaarratti hirmaachuun kan kajeellaa/hawwii qofa ta'aa ture ta'uu ibsa. Sabni cunqursaa keessa ture mirga ofiitifuu mormachuu irratti kan rakkaachaa ture ta'uu agarsiisa.

Cufantaan henna hin gootuu
Xixxixaa mixoo malee
Ilmi sigabaa hin gootuu
Xiixaa abbaan dhalche
Ishoo!

Geerarsi kuni dhiibbaan yoo nama irra gahe gootummaa qabaatee kan biyya ofiirraa rakkoo kutan-noon diigu kan keessatti dhalate. Alagaan yeroof nama biyyaaf yaadu fakkeessee nama cirata waan ta'eef, gootuma biyya keessatti dhalatetu biyya ofiitiif yaadee hojjataaf yaada jedhu dabarsa.

Mana keenya Sibarii
Sibar bantii lafaatii
Inni hin beekne nu barii
Kan beektu qalbeeffadhuu
Nu dur sanyii namaatii

Ishoo…

Ummanni  Oromoo kan roorroon adda addaa irratti geggeeffamaa ture, ummata gootota heddu qabuu fi qabsoo cimaa godhaa ture ta'uu beekuu qabu. Kanaaf ummata kana irratti dhiibbaan siyaasaa, di-inagdee, hawaasummaa, aadaa, afaanii fi kan kana fakkaatu irratti raawwachuu hin qabu. Ummanni kun kan saba bal'aa qabuu fi biyya irraa rakkoo baasu waan ta'eef kabajamuu qaba. Walii galatti walqixxummaan mirga namaa mirkanaa'uu qaba ergaa jedhu dabarsa.

Adeeman karaa baasuu
Maaltu hime daldaalattii
Taa'an fagaara baasuu

Maaltu hime wadalattii
Akkuma daldaaltotni karaa tokkorra deddeebi'anii yoo daalagan bu'aa argatan fi bu'an argamu ammoo itti mi'aayee isaan hin teessifne namni nama irratti shira xaxuun qaxxaamuraan guddachuu bare yeroo mara sanuma raawwata. Taa'eetuma dafqa namaa xuuxuun ofii isaatii guddata. Namni akkanaa aangootti fayyadamee biyya diiga waan ta'eef, rakkoo qabaachuu isaa osoo argan dhiisuun fi isa sodaachuun barbaachisaa miti yaada jedhu ibsa.
Yaa harree dugda madaa
Madaadhaan gangalattee
Maaf madaa dabalattee
Bo'oon sadan armaan olii kun ammoo kalattii gara garatiin ummata cunqursuun dafqa namaa nyaachaa turtan yeroo ammaa kanatti akka duraanii nama dhiibuuf yoo yaaddan isiniif hin milkaa'u. Kan duruma mirga namaa sarbaa turtanuu hin dagatamne waan ta'eef cal jedhaa taa'aa. Ta'uu baannan rakkoo biraa ofitti dabaltu ergaa jedhu of keessaa qaba.
Obomboolee maajii
Maaf qilleensi raasaree
Kan hin oolle hoo du'aa
Maaf lubbuu nu raasuree

Ishoo…

Yeroo rakkoon adda addaa biyya ofiirra gahu sodaatanii cal'isuun hin barbaachisu. Oduu hin taane yookiin hollola garagaraa hawaasa keessa yoo alii gadi oofan gootni dhagahee biyya irratti hin dhiisu. Akkasumaanuu duuti hin oolu waan ta'eef biyya ofii fi mirga ofiirraati yoo du'an gootummaadha malee waan biroo miti yaada jedhu dhaama.

Allaattii allaattii nyaattee
Googaa ishii buusuu diddee
Na nyaattee budaan birrii
Gogaa koo buusuu diddee
Geerarsi kun ergaan isaa namoonni lammii biyyattii ta'anii biyya ofiirratti dhiibbaa kallattii gara garaatiin geessaa jiran kan jiran ta'uu fi isaan akkasii immoo hawaasuma keessa dhokachuun nama biyyaaf hojjatu of fakkeessaniiti. waan ta'eefis dafamee irratti hin baramu. Ta'ullee hawaasni rakkoon akkanaa kun jiraachuu beekee tooftaa isaan ittiin of dhoksanii biyyattii ittiin miidhan caalanii ar-

gamuun of eegannoon itti qabsaa'anii kaayyoo isaanii fashaleessuun gara fuula duraatiif biyya ofii bilisoomsanii seenaa ishii tolchuun barbaachisaa akka ta'e ibsa.

Daagujjaa mataa diimaa
As kenni ni qotannaa
Warra qotetu beeka
Gadhee garaa bishanii
Waarri keenya hin dhalchanii
Warra dhalchetu beekaa
Kanarras maafandheeressaa
Wal gahaa na eebbisaa
Gurra abbaa koon deebisaa
Ishoo!

Geerarsi kun ergaan isaa waa'ee biyya ofii kan beeku nama dhalataa biyyattii ta'ee biyyattiif quuqamuudha. Biyya keenya badhaatuu fi lalistuu tana akkaata itti ishii guddisanii itti fayyadaman kan beeku lammiima biyyattiiti malee alagaa miti. Alagaan yoo akka barbaadetti saamicha geggeessee itti fayyadamu kan cal'su gadheedha. Goototni biyya ofii dabarsanii hin kennan; abbootni duriis gootota biyya eeganii dhaloota ammaa harkaan gahanii dha. Kanaf haasawa dheeressuun bu'aa hin qabu. Nutis akka abbootiin keenyaa qabsaa'uun gabrummaa jalaa nu baasan sana waan gaarii raawwannee biyya guddisuutu nurra jiraata waan ta'eef, akka milkoofnu nu eebbisaati nu gadhiisaa yaada jedhu dabarsa. Eebbii Oromoota biratti iddoo guddaa kan qabuu dha.

Hori hori yaa saawwa
Hormaata hiddii ta'ii
Ajjeesaaf milkii ta'ii
Boodaadhaaf birmii ta'ii
Haati dhadhaa na dibdee
Dhukkubsattee hin ciisinii
Yoo ulfa ilmaa malee
Ba'aa ulfaataa hin baatinii

Geerarsi kun dubartoonni gootota yaa dayan; goototni yaa heddumaatan; yoo heddumaatan diina ofii barbadeessu. Akkasumas yeroo rakkoon biyyarraa gahitti iddoo rakkoon jiru sanitti hedduminaan ar-gamanii rakkoo jiru furuuf baay'inni goototaa murteessaa dha. Haati goota deessee nama qabbanees-site miidhaan irra hin gahin; yaa qananiitu.Yoo ulfa taatees ilma dhiira gootummaa qabaatee biyya irraa rakkoo baasu yaa deessu jechuun hawwii gootaaf qaban kan ibsuudha.

Ajjeerraa mana daasii
Ittan beeka kabaa ishii
Ajjeechaa bara Waaqii
Baga barre karaa ishii
Olka'ee itti waqareen
Gattaa'ee itti safaree
Rasaasa tokkoon dhahee
Saanjaadhaan lafaan dhahee

Geerarsi kun kan goota kakaasu yoo ta'u, goototni Oromoo tooftaa diina ofii ittiin moo'atan du-rumaanuu kan beekan  ta'uu agarsiisa. Kunis rakkoo arganiif battalumatti tarkaanfii fudhatu osoo hin taane  namoota rakkoo biyya irraan gahan  erga addaan baafatanii booda ijjannoon kan itti deeman fi kan diina ofirratti hin dhiifne ta'uu agarsiisa. Gama biraatiin dhiibbaan ummata Oromoorra gahaa jiru hubatamnaan karaa salphaatiin oforraa baasuu kan danda'an ta'uu ibsa. Dhiirummaa ummanni kun qabu agarsiisa.

Harooressa muranii
Dallaatti hirkisuuree
Ilmi abbaan sodaattuudhaa
Duula karaan banamee
Funyoo itti hidhatanii
Harkisanii geessuuree

Geerarsi kun geerarsa dabeessa jajjabeessu yoo ta'u, nama gadheen kan yeroo mara mana keessa naanna'uun dhokatu yoo ta'u kan akkanaa kana dirqiin qabanii dirree waraanaa fiduun hin ta'u. Ofiin of beekee gootota ilaalee goota ta'uutu irra jiraata yaada jedhu of keessaa qaba. Gama biraatiin gootni Oromoo uleeyyuu qabatee jennaan kan homaa hin soodanne ta'uu garsiisa.

Daagujjaa muummee gubbaa

Garbuu biyyoo sooressaa

Lammii isa dhumeef

Reef garaa na booressaa

Yaa harmee ilmaan korommii

Natti haasofte kaa ormii

Geerarsi kun ummanni Oromoo osoo baay'ina qabu miidhaan gara garaa irra gahuun isaa, akkasumas goototni hedduun lubbuun wareegamuun isaanii kan baay'ee nama gaddisiisu ta'uu isaati. Kana malees biyyi teenya osoo gootota qabdu alagaan qabeenya ishiitti taphachaa turuun kan baay'ee namatti dhagahamu ta'uu kan agarsiisu yoo ta'u, miidhaa nurratti geggeessaamaa tureen alagaan nutti gammada waan ta'eef xiiqa'anii gadoo deeffachuun saalfachiisuutu nurra jiraata ergaa jedhu dabarsa.

Geerari geerari naan jedhuu
Geerarii maal na gorsuu
Nayyuu garaan hin obsuu
Yaa abbaabbaa koo shallalaa koo
Ani hin baanee booree koo
Booreen abbaa guggubaa
Maaltu nama dhukkubaa

Geerarsi kun kan goota kakaasu yoo ta'u, goota namni isa gorsee osoo hin taane ofiinuu kan beekuu fi roorroo jiru yoo argu kan hin rafnee dha. Abboonni baay'ee ciccimoodha. Gochi isaan raawwatanii darban kan nama boonsuu dha. Dhaloonni ammaa immoo waan goota irraa eegamu dalaganii gahee ofii hin bane. Gocha badaa saba ofii irratti raawwate yoo yaadatan kan nama gaddisiisuu fi nama gaabbisiisu ta'uu agarsiisa. Kanaaf isa sana yaadachuun xiiqofnee biyya ofiitiif qabsaa'uutu nurra jiraata yaada jedhu dabarsa.

Harmee luuccaa maramaa
Akka mucaa balbalaa
Haati koo dhiiraa mitiiree
Xamaddee hin qottu malee

Yaa gubaatii akka miilaa
Yaa dubartii akka dhiiraa

Ishoo…

Geerarsi kun geerarsa haadha gootaa faarsu yoo ta'u, Kunis dubartiin yeroo dhiirri duula deemutti qe'eetti haftee waan abbaan manaa ishii raawwatu hundaa:qabeenya too'achuun, ijoollee kunuunsuun waan irraa eegamu hundaa raawwachuun kan isa eegudu ta'uu ibsa. Kana malees isa waliin duuluu yaabaattuu malee dhiibbaa biyya ishiirratti raawwatuuf kan garmalee xiiqa'uun dhiira kakaastu ta'uu agarsiisa.

Abbaabbaa fira danuu
Jirtii qalloon kee garuu
Qallaa migiraa tokkoo
Fiigduu simbiraa tokkoo

Abbaa koo nama hedduu qabda. Isaan keessa immoo goota akka simbiraa ariitii qabuu fi ofii rukku-tuu malee hin rukkutamnetu jira waan ta'eef biyya keetiif hin yaada'in yaada jedhu dabarsa. Kana malees biyyattiin abdii heddu qabaachuu agarsiisa.

Yaa waaroo gaafa bokkaa
Yaa haadhoo gaafa kolfaa
Yaa gangoo gaafa akkamii
Yaa haadhoo gaafa xiiqii
Wal fakkaatti ijoolleen kee
Akka funyaan harrootaa
Kana caalaa hin dheeressuu
Firakoo hin dheebessuu
Walgahaa na eebbisaa
Gurra abbaa koon deebisaa
Yaa guguddaa abbaa koo
Yaa xixinnaan moggaa koo
Kanarras maal dheeressaa
Lammii koo maaf dheebessaa

Dabareedhaan guddadhaa

Ishoo…

Ergaan geerarsa kanaa gaafa uummata Oromoorratti rakkoon gahu kan walitti birmaatanii irratti duuluun furatan ta'uu agarsiisa.

Gama biraatiin biyyattiin gootota hedduu kan qabduu fi goototni kun ammoo kaayyoo wal fakkaatu kan qabanii dha. Bara durii biyyattii irratti saamichi lafaa, qabeenyaa, gabrummaa fi roorroon gara garaa uummata Oromoo aanaa kanaarratti yeroo geggeeffametti abbootiin hedduun itti wareegamanii birmadummaa biyya ofii kabachiisaniiru. Ammas dhaloonni ammaa haasawa dheeressuurra tokkummaan rakkoo jiru hundarratti qabsaa'uun, biyya ofiitiif amanamummaan hojjachuun, biyya abboonni eeganii asiin gahan kana guddisuu fi eeguu akka qaban wal kakaasuu irratti xiyyeeffa. Kana malees maanguddoota kabajuun, joollee of cinaatti waan gaarii agarsiisaa guddisuun, boru ammoo akka isaan waan gaarii dhaalan gochuu akka qaban ibsa. Kan biroo goototni biroo jala jalaan onnee horachaa deemuun, biyyattiif murteessaa ta'uu dabarsa.

Qawwittiin gabaabduudhaa
Niitittiin maraattuu dhaa
Ijoolleen abbaa qabduu
Goofaree filtee yaatii
Ijoolleen abbaahinqabnee
Goodareen dibdee yaatii

Geerarsi kun ergaan isaa namoonni aangoo irra turan akka barbaadanitti qabeenya biyyattii dhuunfaan itti fayyadamaa turuu kan agarsiisu yoo ta'u yeroo sanitti biyyattiin hogganaa gaarii biyyaaf quuqamee hojjatu kan hin qabne ta'uu agarsiisa.Sababa kana ta'eef dhiibbaan hawaasarra gahaa ture. Keessattuu ummanni Oromoo aadaan isaa, afaan isaa fi kan kana fakkaatu akka hin guddanne gadi qabamaa ture. Sanyiin warra aangoorra turee garuu kallattii adda addaatiin kan wal fayyadan ta'uu agarsiisa. Goototni kana irratti xiiqa'uun qabsaa'nii yeroo ammaa kanatti kan fooyya'aa jiruu fi dhiibbaa duraan irra ture ilaalchisee quuqaa garaa qaban haala kanaan ibsachuun balaaleffachuu agarsiisa.

Dullaa baannee akka gadhee

Duwwaa nyaannee akka saree
Ilaaliimee yaa abbaa koo
Abbaa koo yaa shoolee
Ani hin baanee booree koo
Booreen koo hin dhumnekaa
Haftittiin hin heerumne kaa

Geerarsi kun “dullaa baannee akka gadhee duwwaa nyaannee akka saree” yoo jedhu baay’uma obsine. Osoo biyyi teenya qabeenya uumamaa fi kan biroo heddu qabduu, osoo alagaan bakka birootii dhufee itti fayyadamaa jiru arginu akkuma nama sodaatee callifne. Akkasumas osoo isaan qabeenyuma biyyattiitiin waan gaarii nyaatan ofii kenyaa midhaan nyaatatiinis miidhamaa jirra. Obsi maruma hammaate immoo sodaa fakkaate. Osoo keenyatti alagaan fayyadamuu nuti dhabaa taanee jiraachaa jirra. Ammas nammoonni roorroo nama irraan gayan kun keessa keessa ni jiru. Kanaaf goototni ammallee qabsaa’uun harcaatuu dhiibbaa nama irraan gahaa jirtu dhabamsiisuutu irraa eegama yaada jedhu fi ammaa achi obsi hin barbaachisu kan jedhu of keessaa qaba.

Booreen abbaa guggubaa
Maaltu nama dhukkuba
Geerari geerari naan jedhuu
Geerarii maal na gorsuu
Nayyuu garaan hin obsuu

Ishoo…

Bo’oodhan afuran kun ergaan of keessaa qaban ummannii karaa gara garaatiin dhibbaan irra gahaa ture kan baay’ee itti dhagahamuu fi kan gadoo qabate ta’uu mul’isa. Miidhama yookiin quuqaa garaa qabu baafachuuf immoo kan ofumaa garaan isa daddarbu ta’uu agarsiisa. Kana malees goototni Oromoo qabsoo isaan godhaniin gabrummaa diduun finciluu agarsiisa.

Urjii fi jiini wal lolee
Buusan araaroo haadhaa
Gaafa hiikaa Waaqayyoo
Ammaan nagaroo goodhaa
Muka arbaa weenniitu raasaa

Somboo gaaguratu raasaa
Warra arbaa lootiitu raasaa
Qalloo kee maaltu raasaa
Akka coqorsa Afraasaa

Geerarsi kun ergaan isaa hawaasumti biyya tokoo kan kallattii gara garaatiin wal dhaban yoo ta'eyyuu guyyaa Rabbii rakkoon gidduu jiru kan hiikkamuu dha. Kana ammoo kan raawwatu diina yoo ta'u harka wayaa jalaatiin holola gara garaa hawaasa keessa naquun ummatticha sabaan, gosaan, amantaan, siyaasaan, diinagdeen fi kan kana fakkaatuun walitti naquun kan wal lolchiisu yoo ta'u qabsoo fi injifannoo laaffisuun guddina biyyattii laamshessuufi. Hawaasni immoo kana beekee ab-shaala ta'uun diina of irraa eeguu qaba yaada jedhu of keessaa qaba. Ummanni urjii fi ji'aan wal fak-kaatee dhiyaate kun tokkummaan yoo walii galee hojjate biyyattii guddisuun ifatti baasuurratti gahee olaanaa taphata.

Hiriyaan koo isheen durii
Heerumtee lama deessee
Hiriyaan koo inni dhiiraa
Duulee lama booji'ee
Ani immoo gidduun jiraa
Akka gudeelcha ciraa

Geerarsi kun hamma lafa kanarra jiraatanitti namni yeroo, humnaa fi qabeenya qabutti fayyadamee waan biyyattiin irraa eegdu raawwachuun bu'aa buusuutu irra jiraata. Erga humni dhumee, qabeenyi biyyattiin qabdu saamamee dhumee fi yeroon taree olii gadi fiiguun bu'aa kan hin qabne ta'uu agarsi-isa. Lama dhabanii jiraachuun barbachisaa miti yaada jedhu qaba. Namni yeroon bultii yoo godhatee daa'ima argate, kan biyyattiif bu'aa buustu ta'uu danda'a. Ta'uu baannaan immoo ofii qabsaa'anii biyyattii irraa rakkoo furuutu namarra jiraata malee yeroo waan hin taanetti balleessuun akka hin bar-baachifne agarsiisa.

Xiyyitii tuksiitu kaasaa
Yoo shaara taate malee
Dhiira tuttuqaatu kaasaa
Yoo gadhee taate malee

Sigabaan nan dhalchinee
Waanni kees hin yarsinee

Geerarsi kun ergaan isaa xiyyitiin namni qabatee dhukaasu malee kan hin hukaane yoo ta'u akkuma kana gootni illee goota ta'eef akkasumaan kan nama tuquu miti. Haa ta'u malee yeroo lammii isaa, saba isaa, biyya isaa fi kan kana fakkaatu tuqan akka qawwee kan itti dhuka'u ta'uu agarsiisa. Gadheen garuu yeroo roorroon irra gahu illee kan sodaatee callisu yoo ta'u, dhalataan biyyatti garuu quuqama biyyatti fi dirqama lammummaa waan qabuuf onneen isaa kan kaka'u ta'uu dhaama.

Iddoo gabaabinaa koo
Farsoo kaamiyaan naqxee
Cuqqaallaan bakkanniisaa
Innuu na dhaadachiisaa

Geerarsi kun kan goota jajjabeessu yoo ta'u, gootni biyya isaarratti rakkoo yeroo geessan yoo arge kan obsa hin qabne ta'uu fi bakka hanqina qabu yoo jiraate immoo onnachiiftuun akka barbaachisu ergaa dabarsa.

Quuqaa qaba sireen koo
Irruman ciisa malee
Quuqaa qaba garaan koo
Beekkumaan dhiisa malee

Geerarsi olii kun ummata Oromoorra dhiibbaan gara garaa kan gahaa ture yoo ta'u osoma beeknu obsine malee akka rakkoon jiru wallaallee miti yaada jedhu of keessaa qaba. Kunis yeroon booda hammaachaa yoo dhufe kan obsa nama ficcisiisuudha. Yeromaaf yaa obsamu malee gafa achii obsi dhume ummanni kun kan hin callifne ta'uu akeekkachiisuuf kan geeraramaa turee dha.

Mana guddaa dulloome
Dagaleetu gaddeemaa
Ilma namaa dulloome
Sagaleetu gaddeemaa
Geerari geerari naan jedhuu
Geerarii maal na gorsuu

Nayyuu garaan hin obsuu

Ishoo…

Geerarsi kun manni yoo dulloome akkuma dagalee isaa gadi deemuun jiguuf jallatu namnis yoo dulloomu sagaleen isaa gadi bu'a. Haata'u malee yeroo humana qabutti wanti inni dalage seenaan isaa hin badu. Kanaaf namni hundi yeroo ijoollummaa isaanii waan biyyattiif ta'u dalaguu qabu malee erga dulloomanii humana fixatanii booda yoo dudubbatan sagaleen fudhatama hin qabu. "Muka jigetti qottoon baay'ata." jechuun Oromoon akkuma mammaaku dullumaan booda hunduu namatti roorrisuu kajeelti. Kanaaf goototni immoo kana ilaaluun seenaa duraan maanguddootni raawwatan kaasuun bifa geerarsaa kanaan quuqaa garaa qaban ibsatu.

Ilaalimee yaa abbaabbaa
Mee takka si yaamuuree
Hamma geessu ilaaluuree
Hamma kee silaa hin geenyuu
Hamma keenyatti hin teenyuu
Abbaabbaa koo shoolee koo
Abbaabbaa koo dhibaa koo
Anuu hin baane dhimma koo

Bo'oodhan shanan kunniin immoo goototni durii dalagaa guddaa raawwachuun biyya irraa rakkoo furuu isaanii kan faarsu yoo ta'u namni ammaa gootota durii wajiin yoo wal bira abamu kan waan irraa eegamu hin bane ta'uu agarsiisa. Yeroo teeknooloojiin hin jirree fi haalli mijataan hin jirretti abbootiin biyyattiif bu'aa guddaa buusanii kan darban yoo ta'u dhaloota ammaa irraa ammoo haala amma irra jirru kanarratti biyyattiin waan guddaa akka irraa eegdu ergaa dabarsa. Hamma ammaattuu qaabsoon addaan cituu batuyyuu kallattii gara garaatiin humana ofii cuunfanii hojjachuu irratti hanqinni jiraachuu isaa agarsiisa. Dhimma ofiitu raawwachuu irratti laafina qabaachuu kan ibsu yoo ta'u xiiqa'anii biyyaaf hojjachuun bu'aa argamsiisuun barbaachisaa ta'uu hubachiisa.

Booreen dhiira waame kaa
Maaliifan himadhe kaa
Ilaali mee yaa abbaabbaa
Irraan gadee abbayaa

Gadi buutu waayedhaa
Qeerroon hortee hin qabne
Niitii fuudhuun waayeedhaa

Geerarsi kun yaa abbaa koo gadi yoo deemtus ol yoo deemtus lammii miidhamee iyyu argita. Namni angoo dahoo godhatee nama miidhu miidhamaan sun akka waan rakkoo qabuutti kaasa. Gadoo kana deeffachuun qaba. Rakkoon ummata kanaa furamuu qaba jechuun cunqursaa uummata irra gahaa jiru waliitti himuun wal kakaasuu agarsiisa.

Unkuruun buqqee raajaa
Farsoon dinnichaa raajaa
Raajii lama hin raajinii
Dubarri godoo hin bultuu
Kan intala kee raajaa
Hin deemtu dubartiin qullaa
Kan haadha re'ee raajaa
Dubartiin kaasaa hin dhaqxuu
Kan saree dhaltuu raajaa

Aadaa fi safuun ummata Oromoo yoo cabu kuun kaanitti qabee wal balaaleffachuu osoo hin taane, walgorsuu fi wal sirreessuu akka qaban ibsa. Wanti ta'ee hin beekne yoo uumamu hordofuu fi of ee-gaannoo gochuunis nageenya biyya ofiitiif barbaachisaa ta'uu agarsiisa.

**4.3.2.Geerarsa Seenaa Goototaa Ibsu**

Geerarsi armaan gaditti dhiyaatan kan yeroo ammaa geeraraman yoo ta'u gootota dur qabsaa'anii fi kan yeroo ammaa keessa kalattii gara garaatiin guddina biyyattiif qabsaa'an faarsuu dabalata**.** Kunis aanaa Barbareettii maanguddoo ganda Gaadullaa Obbo Kadiir Jiloo irraa Waxabajjii 4/2011 kan argamee dha.

Ummata Oromoo obboleeyyan teenyaa
Dhiiraa dubartiin obboleeyyan teenyaa
Walii dabarsinaa qabsoo biyya teenyaa
Oromoo nuun jechuun maqaa saba keenyaa

Oromiyaa jechuun maqaa lafa keenyaa
Biyyeen Oromiyaa isiin haadha teenyaa
Itti walii gallee obboleeyyan keenyaa
Itti haa qabsoofnuu biyyee biyya teenyaa
Irratti haa duunu biyyee biyyaa teenyaa
Maanguddoo ganda Gaadullaa Obbo Kadiir Jiloo Waxabajjii 4/2011

Ergaan geerarsa kanaa biyyi teenya qabeenya heddu kan qabdu ture garuu qabeenyi kun armaan dura saamamaa kan turee dha. Haata'u malee qabsoo gootootni Oromoo godhaniin hamma tokko kan dhaqqabame ta'uu beekuu qabdu. Baroota dheeraaf ummanni Oromoo hundi haala wal fakkaatuun cunqurfamaa kan turee dha. Kunis biyyuma Oromoo keessatti abbaa biyyummaa dhabsiisuun kan raawwatamaa tureedha. Yeroo ammaa kanatti ammoo bilisummaan mul'achaa waan jiruuf Oromoon hundi tokko ta'ee qabeenya Oromiiyaan qabdu walii galteen eeguu akka qabuu fi qabsoon hamma lubbuun wareegamuuttuu yoo ta'e duubatti deebi'uun akka hin barbaachine dhaama.Yoo kana ta'e qabeenya kana dhaloota dhufu dhaalchisuun danda'ama yaada jedhu of keessaa qaba.

Minilikiin waan nugodhe
Abbaa keenya harka muree
Haadha teenya harma muree
Waan nugodhe yaa yaadannuu obboleeyyan
Nafxanyaan waan nu godhee
Abbaa keenya geeshoo mursiisee
Haadha keenya qunnaa daaksisiisee
Akka jabbii ofii gurshaa nyaachisiise

Geerarsi kun sirna bara durii keessa Minilik dhiibbaa inni ummata Oromoorraan gahe bifa seenaatiin kan ibsu yoo ta'u, kunis abbootii fi haawwotii gabroomsee ergaachuu bira darbee harkaa fi harma muruudhaan godaannisa nama keessaa baduu hin dandeenye kan kaa'ee darbe ta'uu agarsiisa. Gochi akkanaa sukuneessaan kun yoomiyyuu gocha dhala nammaarratti raawwachuu hin qabne ta'uu agarsiisa. Yeroo sanitti Oromoonni osoo akka gabratti jara tajaajilaa jiranii waanuma ofii dalagan kana fudhatanii nyaachuu akka hin dandeenyee fi xiqqoma akka jabbiitti kennamutti harkatti laatamaafii turuu agarsiisa. Kun tuffii ummata Oromoof yeroo sanitti qaban kan mul'isu yoo, ta'u gootota Oromootiin seenaa ta'ee kan dabree fi mirgi saba kanaas akkuma saba kamiituu kabajamuu agarsiisa.

Egasii Hayleen nutti taree
Kaaniin abbaa lafa jedhee
Kaaniin ciisii isaa jedhee
Kan safare lafa keenyaa
Wal nyaachisee fira keenya
Nurraa kaase Rabbi keenyaa
Haa yaadannuu obboleeyyan

Geerarsi kun Mootummaan Haylasillaaseetis haaluma walfakkaatuun kan ummata Oromoo gabroomfatee dararaa ture yoo ta'u kaan abbaa lafaa ta'anii,kaan immoo isaan jalatti gabroomanii akka isaan tajaajilan gochuun biyya ofii irraa fayyadamaa akka hin taane gochaa turuu isaa agarsiisa. Kunis lafa Oromootti abbaa ta'uun safaree abbaa lafaa jechuun saba tokkoof keennee kuun ammoo tajaajiltuu isaanii gochuun, ummata walitti buusuun, wal ficcisiisaa kan turee fi yeroo booda qabsoo goototа Oromoo  cimaa fi gargaarsa Waaqaatiin kan kufe ta'uu hubachiisa.

Haa yaadannuu obboleeyyan
Waan nu godhee Mangistuunii
Abbaa ilmaan gabbarsiisee
Niitii dhirsaan gabbarsiisee
Ilma fuudhee haati boochee
Dhirsa fuudhee niitiin boochee
Waan nu godhe Mangistuunii
Isa haa fuutu janfuunii

Ee…

Geerarsi kun immoo roorroo Mangistuu Haylamaariyaam ummata irraan gahe kan agarsiisu yoo ta'u kunis niitii irraa dhirsa,haadhaaf abbaa irraa ilmoo fuudhuun dirqiin akka duulan gochuun kan ficcisiisee ummata boochisaa ture ta'uu isaati. Inni kun mirga namaa sarbuu waan ta'eef kan baay'ee nama gaddisiisuu fi sirni akkanaa kan dhala namaarratti raawwachuu mitii tasumaa yaadamuu hin qabne ta'uu ergaa dabarsa.

Isinii odeessaa qabsoo jirtu durii
Qabsoo Oromootaa kan gaafa dhoombiri

Qabsoo Oromootaa kan gaafa janaaddee
Jegnoonni Oromoo dhiira gaafas tartee
Osoo oldeebitee bilisummaa agartee
Nuhoo Aagaa faa H/Roobaa Gadaa
Abdoo xinnoo fi Ahimad Timmbiyaa dhiira gaafas tartee
Lakkoofsi hindhaqqabuu dhiira gaafas tartee
Osoo ol deebitee bilisummaa agartee
Nagayaan yaa ciiftuu bakka gaarii ciiftee
Bilaashatti hin dhiifnee qabsoo nutti dhiiftee
Nullee lafa hin keenyee akka taane taanee
Bilisummaa keenyaan kunoo ammaan baanee

Geerarsi kun Oromoonni bara durii irraa jalqabanii qabsaawaa turuu ibsa. Kunis bara dhoombir fi bara jenaaddee jechuun kan beekamu yoo ta'u goototni hedduun lakkoofsaan ibsamuu hin dandeenye kan wareegamaniidha. Ta'uyyuu qabsoon isaan jalqaban kan lafatti hin hafnee fi goototni dhaloota ammaa keessaa bahan irraa dhaaluun bilisummaa isaan Oromoof hawwanii turan kan argamsiisan ta'uu agarsiisa.Kana irraa ergaan darbu goototni yoo du'an illee gochi isaan raawwatan rakkoo biyyattii furuu danda'uu isaati. Kana malees goototni yoo du'an illee kan biroo dhalachuun qabsoo kan itti fufsiisan ta'uu agarsiisa. Gama biraatiin dhaloonni amma jiru kun waan gaarii hojjachuun dhaloota itti aanu dhaalchisuun jireenya gara fuulduraatiif haala mijeessuu waan ta'eef itti fufiinsa qabaachuu akka qabu agarsiisa.

Seera durii mitii haarawoomsi gahee
Ummanni Oromoo qabsaa'ee wal ta'ee
Ega walii galee qabsoo irra gahee
Bilisummaa ofii yaadee itti ka'ee
Bilisummaa teessan baga isiniin gahee
Gammadaa Oromoo Rabbitu sinii ta'ee

Geerarsi kun ergaan isaa yeroo ammaa kanatti namni kamuu haaroomsa fudhatee; wal ta'ee tokkummaan hojjachuu akka qabuu fi lamuu cunqurfamuun akka hin deebine qabsaa'uun barbaachisaa ta'uu hubachiisa. Kana yoo jedhu qabsoon tokkummaa yoo hin qabaatiin kan hin milkoofne ta'uu fi yookana caalatti tokkummaan cime garuu bu'aa caalaan kan argamu ta'uu hubachiisa.

Lammaa Magarsaa gurbaa kaayyoo qabuu
Qabsoo bilisummaa ka qabsaa'ee hin dhabuu
Bakka inni laafellee Rabbi olaa qabuu
Martinuu yaadadhaa seenaa duraan teenee
Jabaadhaa qabsaa'aa akka lama hintaanee

Kan armaan olii kun ammoo goota Oromoo kan ta'e Lammaa Magarsaa biyya bilisoomsuuf kaayyoo fi ijjannoo kan qabu yoo ta'u deeggarsa gochuufin akka ummata Oromoorraa eegamu ergaa dhaama. Gama biraaiin namni hunduu muuxannoo isaanii kana fudhatanii akka biyyattiif ijjaannoon hojjatan fi yoo haala isaanii kana hordofan kan milkaa'an ta'uu eera.

Ministeera ta'ee Abiyyi Ahimadii
Qabsoon bakka geechee Oromoo gammadii
Sabaa fi sab lammii maraafuu dhabatee
Kanaafuu filatee ummanni jaalatee
Seera nafxanyootaa mara isaatuu diigee
Rakkataa gargaaree kan hidhame hiikee
Biyya bilisoomsuuf olii gadi  fiigee
Rakkoo uummataatii kan inni xaaruuf,
Homaa hin rakkatin Rabbi haa gargaaru

Geerarsi kun duraan saba Oromoo keessa gara hogganummaa biyyaatti kan dhufe kan hin jirre yoo ta'uu Oromoon hayyuu biyya bulchuu danda'u akka waan hin qabneetti kan ilaalamaa turee dha. Kana malees dhiibbaan gara garaa bifa adaatiin ummata kana irratti geeggeeffamaa kan turee dha. Yeroo ammaa kana ammoo goota Oromoo kan ta'e Dr.Abiy Ahimad gara aangootti erga dhufanii as jijjiiramni guddaan kan jiru yoo ta'u lammii biyyattii hundaafuu walqixa dhaabachuun rakkoo heddu furuu agarsiisa. Gama biraatiin biyyaattii keessatti rakkoowwan duraan umamanii turan kan hiikan ta'uu hubachiisa. Kun ammoo Oromoo keessa goototni jijjiiramaa kan jiranii fi saba fi sablammoota hundaafuu walqixa kan dhaabatan yoo ta'u ta'u Oromoonni rakkoo ilaalchaa kan hin qabne ta'uu irraa hubatama. Kana malees Oromoonni sirnoota darban keessa dhiibamaa turan ga'umsi biyya buchuurratti qaban olaanaa ta'uu agarsiisa'

Seera nafxanyootaa mara isaa kasaarsee

Ummata Itoophiyaa walitti araarsee
Sabaa fi sablammii walitti aaraarsee
Rakkoo ummataafii kan inni xaaruufii
Homaa hin rakkatin Rabbi haa gargaaruu

Ee…

Gama biraatiin ummata Itoophiyaa irratii cunqursaan geggeeffamaa ture diiguuf kan guddaa ifaajaa jiru fi jijjiiramaaf kutataa ta'uu agarsiisa. Kanaaf ifaajeen isaanii kun ummata biyyattii hundaaf ta'uu namni kamuu beekee kaayyoo isaan ka'aniif kun akka galma gahu deeggarsa gochuun barbaachiisaa ta'uu dhaama. Kana malees nammoonni biroo akka isaanii kanatti dhuunfaa ofii bira darbanii rakkoo biyyattiif dursa kennuun akka hojjatan kakaasa.

### 4.3.3 Geerarsa Goototа Durii Faarsu

Dakanaa ol qabannaa
Yaa gootota Oromoodhaa
Yaa gootota durii
Kan akka Waaqoo Guutuu faa
Kan akka Aliyyii Cirrii faa
Dakanaa ol qabannaa
Yaa gootota Oromoodhaa
Ka'eetan goota faarsaa
Goota Oromoodhaa
Issee issee yaa goota Oromoo
Yaa Aliyyii cirri yaa Abdiisaa Aagaa

Haa---

Jiraataa ganda Haarawaa Urgee Toleeraa Caamsaa 17/2011

Geerarsi kun ergaan isaa seenaa gootota durii yaadachuun faarsuun barbaachisaa yoo ta'u gochi isaan ummata Oromootiif raawwatan bu'uura bilisummaa ammaa mul'achaa jiru kanaa ta'uu ibsa. Bara dhoombir keessa gootοtni maqaan isaanii tuqaman kunniin yeroo ummata Oromootti maqaa biraa moggaasanii, namoota ummata ofiif qabsaa'an hidhanii tumuun ajjeesantti, kan goottummaa isaanii agarsiisaa turan fi hamma xiyyaara nafxanyaa waaqarratti dhahuun daangaa aanaa barbareerra qubsi-isanitti bosonatti badanii lolaa turaniiru. Gootοtni kunis akka fakkeenyaatti maqaa yaa dhayaman ma-lee kanneen hafanis Dallo Bunaa jechuunis kanneen amma aanaa Barbaree fi Dalloo Mannaa kees-

satti waliin qabsaa'aa turan jiraachuu maanguddoonni ibsaniiru. Kanaaf yeroo ammaa kana ammoo akka barbaadanitti bakka barbaadan jiraachuu, afaan ofiitiin fayyadamuu, kan kana fakkaatan argamuun kun bu'uura qabsoo yeroo saniirraa waan ta'eef, gammachuu qaban gootota kanniin kaasuun yoo ibsatan hawaasichi seenaa isaanii irraa ka'uun akka onnee horatan agarsiisa.

### 4.3.4 Geerarsa Gootota Yeroo Ammaa

Geerarsi armaan gadii kun kan gootota ammaa faarsuu fi hawwasa hunda misoomaaf kakaasuu dha. Kunis yoomessa nam tolchee irraa yeroo geeraramu waraabamuun barreeffammatti jijjiiramee kan hiikamee dha.

Diriire kaa diriire kaa
Mirgi Oromoo diriire kaa
Mirgi dargaggoo diriire kaa
Mirgi dubartootaa diiriire kaa
Qabsaa'atti yaa toluu
Dimokraasiin illee ifee kaa
Gadaan Oromoollee ifatti bahe kaa
Yaa Bayyuu sanbatoo
Gadaa Oromoo Addunyaatti galmeessitee
Yuuniskootti mallatteessitee
As deebitee Oromiyaa keessatti
Aadaaf tuurizimii jabeessitee
Yaa Bayyuu Sanbatoo
Gaafa Irreessa Harsadee
Uummata miliyoona torba walitti qabdee
Waamicha gootee irreessa harsadeetti geessitee
Gaafa irreessa harsadee kuun ni irreeffataa kuun ni ililfataa
Kuun wal keessa kaatee sirbee gammadaa
Gaazexanyaan keessa kaatee qarratsee
Addunyaaf gabaasaa
Jabaadhaa yaa ummata Oromoo
Jabaadhaa yaa dargaggoo Oromoo

Jabaadhaa yaa shamarran Oromoo
Dannii keessan illee kunuunfadhaa
Bineensotii illee keessatti kunuunfadhaa
Bineensotiin  dannii keessa kaatee
Kuun baala dheedaa kuun marga dheedaa
Boorteen qarreetti baatee
Funyaaniin xurumbaa afuuftee
Gammachuu ishii ibsitee
Lafeen gootota Oromoo
Seenaan gootota Oromoo
Tortoree lafatti hin hafnee
Qeerramsoo Lammaa Magarsaa
Anbassoo Abiy Ahimad biqilchitee
Haa…

Jiraataa Ganda Haarawaa Obbo Hayiluu Awaasoo  Caamsaa17/2011



Suuraa 4: Daawwannaa Ganda Harawaa Aanolee

Geerarsi armaan olii kun aanaa Barbaree keessatti yoomessa namtolchee uumuun kan waraabamee barreeffamatti deebi’e yoo ta’u ergaan isaa haala armaan gadiitiin dhiyaatee jira. Kunis yeroo ammaa kanatti bilisummaan argamee mirgi dhala namaa kamuu kan kabajame yoo ta’u, keessattuu ummanni

Oromoo bara dheeraaf cunqursaa keessa turuyyuu goototni Oromoo hedduun itti wareegamanii gabrummaa jalaa kan miliqan ta'uu agarsiisa. Goototni Oromoo bosonatti badanii qabsaa'aa turanis bosona keessaa bahanii kan ifaan ifatti rakkoo jiru irratti qabsaa'uu danda'anii fi akka barbaadanitti waan gafataniif deebii argachuu eegaluu mul'isa. Gama biraatiin dimokraasiin biyya keenya keessattibabal'achuu isaa, aadaan Oromoo illee kan duraan awwaalamee ture akka addunyaattii beekamtii kan argachaa dhufe ta'uu fi kun ammoo qabsoon dhufuu isaa agarsiisa. Aadaa Oromoo keessatti kabaja ayyaana irreechaa ilaalchisee ummanni Oromoo hedduun Hora Harsadeetti wal gahanii gammachuu ofii sodaa fi shakkii tokko malee kan ibsatan yeroo ammaa kana ta'uu agarsiisa. Kun ammoo lafeen gootata Oromoo itti unkutaa'uun kan argame yoo ta'u inni kuni yoomiyyuu dagatamuu kan hin qabne bu'aa ifaajee isaanii ta'uu beeksisa.

Kan biraa ummanni Oromoo jajjabaachuun gara misoomaa deebi'uu akka qabu, qabeenya uumama kunuunsuu fi eeguu akka qabu kan ergaa dhaamu yoo ta'u kunis yaada " dannii keessan kunuunfadhaa bineensotiillee keessatti kunuunfadhaa" jedhu sun bosonaa fi bineensota kan ilaallatu yoo ta'u dhala namaa mitii bineensiyyuu yeroo itti kabajaa argachaa jiru ta'uu hubachiisa. Keessattuu qabsoon gootota ammaa kan akka Lammaa Magarsaa fi Dooktor Abiy Ahimad olaanaa yoo ta'u isaanis kanneen wareegamaniin kan argamaniidha. Haaluma kanaan lammiin hundi mirga argame kana fuulduratti tarkaanfachiisuuf akka gootota kanaa jajjabaachuun akka irra jiraatu agarsiisa.

Biyya biyya caalu Itoophiyaan argee

Naannoo naannoo caalu Oromiyaan argee

Godina godina caalu ani Baaleen argee

Biyya  biyya caaluu ani Dallon argee

Biyya bunaa biyya caatii

Godina godina caalu biyya bunaa

Ani Jimman argee Iluabbaabooraan argee

Wallaggan argee biyya hayyuu biqilchitee

Oromiyaa keessatti ani Arsiin argee

Biyya atleetii biqichitee

Atleetii atleetii caalu Qanoo Baqqalaan argee

Akka qilleensaa lafarra kaatu waaqarra kaatu

Atleetii atleetii caalu kaataa kaataa caalu

Hayilee Gabrasillaaseen argee

Kaataa kaataa caalu Fayyisaa Leellisaatin argee

Kaattuu kaattuu caaltu atleetii atleetii caaltu

Daraartuu Tulluun argee durba Arsii

Atleetii atleetii caaltu kaattuu kaattuu caaltu

Ganzabee Dibaabaan argee

Ijjigaayyoo Dibaabaan argee

Dubra Dibaabaan argee

Kaattuu kaattuu caaltu Galatee Burqaan argee

Aartii aartii caalu weellisaa weellisaa caaluu

Qabsaa'aa Alii Birraatiin argee Xilee gassasaa wajjinuu

Weellisaa weellisaa caaluu weellisaa weellisaa caaluu

Jaamboo Jooteen argee Fayyisaa Furii Wajjinuu

Weellisaa weellisaa caalu weellisaa weellisaa caalu

Umar Suleeyman argee Haacaaluu Hundeessaan argee

Gaazexanyaa gaazexanyaa caalu Shibbiree Gassiroon argee

Gaazexanyaa gaazexanyaa caalu Abdiisaa Dhufeeraan argee

Gaazexanyaa gaazexanyaa caaltu Hamdiyyaa Mahaammad argee

Gaazexanyaa gaazexanyaa caaltu Dastaa Atoomsaan argee

Mootummaa mootummaa caalu pirezdaantii pirezdaantii caalu

Qeerramsoo Lammaa Magarsaan argee

Muummicha ministeeraa muummicha ministeeraa caalu

Dooktor Abiy Ahimadin argee maaloo

Haa---

Obbo Hayiluu Awaasootiin guyyuma walfakkaatu

Geerarsi armaan olii kunis aanuma Barbaree keessatti yoomessuma nam- tolcheerraa waraabamee kan barreeffatti deebi’e yoo ta’u,qaccessi isaas haala armaan gadiitiin dhiyaatera. Kunis biyyi teenya Itoophiyaan waan hundaanuu badhaatuu ta’uu agarsiisa. Gama biraatiin biyyota keessaa Itoophiya, Naannoolee keessaa Oromiyyaa, Godinaalee keessaa Baalee, Aanota keessaa Barbare maqaa dhahuun tartiibaan guddaa irraa gara xiqqaatti kan faarsu yoo ta’u kan qabeenya uumamaatiin badhaadhan fi baay’ee namati kan tolan ta’uu agarsiisa.

Inni biraa Oromiyaa keessatti godinaalee gara garaa keessaa hayyoonni gara gagaraa guddina biyyattiif ta’an kan argamaa jiran ta’uu agarsiisa. Kana malees Atleetota, Aartistoota, Gaazexeessitoota, Qabsaa’ota fi Weellistootaa biyya ofii akka addunyaatti waamsisan kan qabdu ta’uu agarsiisa. Dabalataan goototа ummata Oromoo keessaa bahan; kan lammii biyyattiif yaadanii biyyattii fulduratti tarkaanfachiisuun biyya bulchan kan qabdu ta’uu agarsiisa.

Akka walii galaatti biyyattiin kallattii gara garaatiin goototа biyya ofii tarkaanfachiisan heddu kan qabdu yoo ta’u isaan haala kanaan faarfamuun dhalootni har’aa akka onnee horatanii biyyaaf yaadan ergaa dhaama. Kan biroo goototni kallattii gara garaan kan ibsamu yoo ta’u, biyyattii tarkaanfachiisuu keessattii ummanni Oromoo gahee olaanaa taphachaa jiraachuu isaa agarsiisa. Kana malees tokkummaa fi kaka’umsa ummmanni Oromoo misoomaaf qabu maal akka fakkaatu mul’isa.

# BOQONNAA SHAN:Cuunfaa, Argannoo fi Yaboo

Boqonnaa kana jalatti Kan dhiyaatan cuunfaa, argannoo fi yaboo yoo ta'an haala armaan gadiitiin duraa duubaan taa'aniiru. Cuunfaa jalatti yaadotni boqonnaalee tokkoo hanga afurii jala jiran bifa gababina qabuun yaadni walii gala isaanii taa'aniiru. Itti aansuun ammoo afwalalooleen erga qaacceffamanii booda argannoowwan qorannicha irraa argamantu lafa kaa'aman. Argannoowwan irratti hundaa'uun ammoo, geerarsi akka hin badnee fi akka dagaagu gochuuf gaheen hawaasa Oromoorraa eegamutu dhiyaate.

## 5.1 Cuunfaa

Qorannoon kun kaayyoon isaa ergaa geerarsa gootota Oromoo Baalee Aanaa Barbaree faarsan qaaccessuu irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, qorannoo kanaaf ka'umsa kan ta'e immoo geerarsi gootota Baalee faarsu yeroo ammaa kana aanaa kana keessatti kan hin mul'anne dha. Kuni ammoo dagatamaa deemuu kan mul'isu yoo ta'u akka kuni hin taane walaloo geerarsichaa maanguddoota irraa guuruun bifa barreeffamaan walitti qabanii galmeessuun aadaan uummata Oromoo kun itti fufiinsaan dhaloota itti aanutti ergaa isaa qabatee akka turuuf qaaccessuun ka'umsa qorannoo kanaati.

Qorannoon kunis gaafilee bu'uuraa geerarsi gootota Baalee faarsu ergaa akkamii of keessaa qaba? Geerarsi gootota faarsu yoomessa akkamii keessatti dhiyaata? Geerarsi gootota faarsu kun akkamiin hurrubama? Geerarsi kun hawaasaaf faayidaa akkamii kenna?Gootummaan gama kam kamiin ibsama?Kanneen jedhan of keessatti qaba. Gaafilee bu'uuraa kanniin irratti hundaahuunis kaayyoon gooree qorannichaa qophaahanii jiru. Qorannoo kana geggeessuudhaaf gosti qorannoo hojiirra oole qorannoo ibsaa yommuu ta'u malli qaaccessa ragaa isaa immoo mala akkamtaati. Gama biraatiin qorattuun mata duree qorannichaa irratti hundaahuudhaan malleen iddatteessuu miti carraa jalatti ramadaman keessaa iddatteessuu akkayyoo fi darbaa dabarsaatti gargaaramteetti. Maddi ragaalee tokkoffaa fi lammaffaa yoo ta'an, qorannoo kanaaf madda ragaalee lamaanittuu fayydamtee jirti. Malleen funaansa ragaaf hojiirraoolan immoo afgaafii,daawwannaa fi sakatta'a galmeetti kan fayyadamte yoo ta'u ragaaleen funaanaman qaacceffamaniiru.

Haaluma kanaan boqannaa afur jalatti qabxiileen hammataman geerarsa bara dhoombir, bara janaaddee fi geerarsa yeroo ammaa yoo ta'u isaan jalatti immoo geerarsoonni jiran kan qawwee bara durii faarsan, hamilee gootota kakaasan, dabeessa jabeessan, gootota onnachiisan, roorroo ibsan, kan

seenaa goototaa faarsan fi  hawaasa dadammaksan of keessatti kan qabu ta'uu hubatameera. Kana malees geerarsi goototа ummata Oromoo keessaa bahanii yeroo ammaa kana biyyattiif bu'aa buusan keessatti bal'innaan ka'uun qaacceffamaniiru. Haaluma kanaan ummanni Oromoo aanaa Barbaree keessa jiran sirnoota darban keessa mirgi isaanii sarbamee, aadaan isaanii dhokatee, afaan isaanii hacuucamee, qabeenyi isaanii saamamee, bifa gabrummaatiin akka warra aangoorra jiran tajaajilanii fi kan kana fakkaatan irratti raawwachaa tureera. Kanuma irraan kan ka'e gootootni achii,  gootota aanota daangaa aanaa Barbaree jiran wajjin qindaa'uun diddaa gabrummaatiif qabsaa'aniiru. Qawwee gara garaas mootummaa Sumaaliyaa yeroo sanii irraa argatanii bosonatti galuun sirna kana of irraa kaasuf dhiibbaa godhaniiru. Yeroo sanitti geerarsa garagaraatiin ergaa  kan waliif  dabarsan yoo ta'u meeshaalee waraanaa gara garaa qabachuun kan wal jajjabeessan ta'uun ka'eera.

Haata'u malee geerarsi gootota faarsu kun sababa dhiibbaan waggoota dheeraaf afaanii fi aadaa hawaasa Oromoo irratti geggeeffamaa tureen yeroo ammaa kana irraanfatamaa jira. Sababa kanaaf geerarsi gootota faarsu kun namoota umrii dheeraa yookiin maanguddoota  biratti qofa beekama. Kunis maanguddoota biraa funaanuun bifa barreeffamaatiin galmeessanii dhaloota haaraa dhaalchisuun barbaachisaadha. Qorattittiin kanuma bu'uureffachuun qaaccessa ergaa gootota Oromoo faarsan godina Baalee aanaa Barbaree walitti qabuun  xiinxaltee jirti.

## 5.2  Argannoo

Qorannoo kana keessatti geerarsa gootummaa Oromoo Baalee aanaa Barbaree faarsan qaaccessuun kaayyoo qorannoo kanaati. Yaada walii gala od himtoonni afgaafiin kennan, sakatta'a galmee irraa argamee fi dawwannaa irraa fudhatame qaacceffamee jira.Kana keessaa argannoowwan bu'uraa haala armaan gadiitiin dhiyaatanii jiru.

- ✓ Geerarsi gootota Baalee faarsu ergaa akkamii akka of keessaa qabu hubatamee jira.Kunis ummanni Oromoo eenyummaa isaa akka beeku dadammaksa. Dhiibbaa fi cunqursaa ummata Oromoo irratti bara mootummaa Minilik, bara Hayilasillaasee, bara Dargiifi isaa as hamma ammaatti geggeeffamaa ture yookiin Oromoo gabroomfachaa turan  hawaasa barsiisa. Akkaataa itti gootootni qabsaa'uun saba ofii gabrummaa jalaa baasan hawaasaaf karaa eera.
- ✓ Geerarsi gootota Oromoo Baalee aanaa Barbaree  kun yoomessi inni keessatti dhiyaatu addaan bahee beekameera. Innis yeroo gootootni dirree lolaa deemanii diina isaanii injifatanii galan kan geeraramuu dha. Kana malees  yeroo sabni isaa qabeenya isaa seeraan ala saamamu fi

humni isaa saamamu aarii garaa qaban ibsachuuf bara dhoombirii fi bara janaaddee ak-kasumas isaa asis aanaa Barbaree keessatti geeraramaa turuun hubatameera.

- ✓ Geerarsi akkaataan itti hurrubamu beekemeera. Kunis yeroo sanitti qawwee dhoombir fi qawwee janaaddee mootummaa Sumaalee bara durii Ziyaad Baarree jedhamu irraa kad-hachuun ittiin diina isaanii waraanan, qabatanii kan geeraran ta'uu hubatameera. Kana malees eeboo, gaachana fi kan kana fakkaatuu qabatanii akka wal jalaa qabaa geeraraa turan ibsameera.
- ✓ Geerarsi gootota faarsu kun hawaasa keessatti faayidaa hedduu akka qabu hubatameera.
    - Seenaa gootota beekuuf
    - Roorroo nama irratti geggeeffamu hubachuuf
    - Diddaa gabrummaa agarsiisuuf
    - Kaka'umsa nama keessati horuuf
    - Dabeessa jajjabeessuuf
    - Gara fuulduraatiif akka of eeganiif
    - Quuqamni biyyummaa akka itti dhagamee onnee horataniif
    - Diina rifachiisuuf
    - Yaada hawwaasaa gartokkotti fiduuf
    - Misooma jajjabeessuuf
    - Quuqaa garaa qaban baasuuf fi kan kana fakaatu.
- ✓ Karaalee gootummaan ittiin ibsaman hubatameera. Kunis Kallattii gara garaatiin namootni biyyaaf bu'aa mul'atu buusanii biyya ofii beekkamtii akka argattu gochuun ofiillee beekaman gootota jedhamu. Isaanis kanneen diina isaanii moo'anii biyya bilisoomsan, hoggaantoota gaggaarii biyya ofiitiif akka gaariitti waan gaarii hojjatan fi lammii ofii ija tokkoon laaluun faayidaa ummataatiif dursa kennaan, kanneen alaabaan biyyattii akka addunyaatti akka mul'atu godhanii fi kan kana fakkaatantu gootota jedhamuun ibsamu.

## 5.3 Yaboo

Argannoowwan armaan olitti kaa'aman irratti hundaa'uun yaboo itti aanee jiru kana kennuun ni dan da'ama. Afoolli afaan akka dagaaguuf gahee olaanaa qaba. Kanaaf hawaasa keessaa walitti qabamanii qoratamanii osoo teessifamanii gaarii dha. Geerarsi gootota Oromoo faarsu faayidaa lakka'amee itti hin bahamne kan qabuu dha; Ergaa gara garaa dabarsa. Kunis sammuu namaa booji'uu irratti humana

olaanaa waan qabuufi. Gootota onnachhiisuu, gootummaa ibsuu, dabeessa jajjabeessuu, diddaa gabrummaa agarsiisuuf, aarii yookiin quuqaa garaa qaban baasuu, sirna ummata Oromoo miidhaa ture balaaleffachuu fi kanneen biroos bu'uura godhachuun geerarama.

Haata'u malee haala amma irra jiru kanaan afoolli kun aanaa Barbaree kana keessatti jijjiiramummaa bira darbee gara dhabamuutti deemuun isaa kan nama hin shakkisiisneedha. Sababni isaa geerasi kuni yeroo aanaa kana keessaa funaanametti maanguddootaa fi Waajjira Aaadaaf Tuurizimii Godinaa irraa muraasa galmeen jiru malee labata ammaa biraa hin argamne. Waajjira Aadaaf Tuurizimii aanaa keessayyuu wanti geerarsaan walqabatee barreeffamee taa'e yeroo qorattuun sakattaatetti hin jiru jechuun ni danda'ama. Gama biraatiin ammoo afoolli kunniin akkaataa duraan turan irraa maqanii yoo argaman ogumni hawaasni Oromoo qabu ni hir'ata. Aadaan hawaasichaas badaa deema. Keessattuu geerarsi gootota Oromoo faarsu hurrubbummaa isaa gadi dhiisee turuu danda'a. Kan biraa geerarsi kun sababa amantii irraa kan ka'e namoonni tokko tokko waa'ee isaa odeeffannoo kennuu irraa of qusachaa jiru.

Kanaafuu afoola kana lubbuun tursiisuu fi dagaagsuuf dhaloota ammaa irraa waan guddaatu eegama. Keessattuu sabni Oromoo roorroo duraan afaanii fi aadaa isaa irratti geggeeffamaa turetu akka ol hin jenne godhe waan ta'eef isa sana yaadachuun barbaachsaa dha. Yeroo  bilisummaan argamuurra jiru kanatti  waan guddaa hojjachuun barbaachisaa dha. Haaluma kanaan kanneen armaan gadii xiyyeeffannoo gochuutu irra jiraata.

- Geerarsi kun akka dagaagu gochuuf dhaloonni har'aa abbootii fi maanguddoota irraa walitti qabee  itti fayyadamuu qaba.
- Barsiisonni Afaan Oromoo " Gumii Afaanii fi Aadaa Oromoo" keessatti akka shaakalan gochuu qabu.
- Barattoonni maatii isaanii biraa afwalaloo geerarsa gara garaa fiduun shaakala isaa irratti hirmaachuu qabu.
- Yeroo ammaa kana qorannoon bal'innaan irratti hin geggeeffamne waan ta'eefis dhaloonni kun irratti geggeessuun akka beekamuu fi akka dagaagu gochuun dirqama ofii bahuun irra jiraata.
- Abbootiin amantii akkaataa geerarsi gootota Oromoo kun amantiin walitti hin buune irratti barumsa kennuun irra jiraata.
- Hayyoonni Oromoollee gama kanaan gahee isaanii bahuu qabu.

- Waajjirri Aaadaaf Tuurizimii Oromiyaa, kan godinaa fi kan aanaa hawaasatti gadi bu’uun geerarsa kana guuranii; galmeessanii; dhaloota itti aananiif dhaalchisuu qabu.

  Walumaagalatti Oromoonni hunduu geerarsi kun hurrubbummaa isaa eegee akka turuu fi akka dagaagu gochuun gahee irraa eegamu hundaa bahuu qabu.

# WABIILEE


Ababaayyoo Damissee(1987/1995).**Kitaaba Barnootta Afaan Oromoo Kutaa 8[ffaa].**Biiroo Barnoota Oromiyaa

Addisuu Tolosaa (1999).**TheHistorical Transformation Of Folklore Genre: the' Gerersa ' as a National Literature Of the Oromo in the context of Amara colonization in Ethiop**ia: Bloomington India University

Addunyaa Barkeessaa (2011). Akkamtaa, **Yaad rime Qorannoo Hujoo**.Addis Ababaa: Itiyoophiyaa.

___________________ (2014).SEMMOO.**Bu'uura Barnoota Afaanii Afoola Oromoo** East TradinPLC

Ayyaanaa Qabataa (1991).Wiirtuu. **Barruulee Waaltina Afaan Oromoo**(Jildii 4) Finfinnee: Biioroo Aadaa fi Beeksisa Oromiyaa Mana Maxxansaa Artisticp.E.

Beier C. (1966). **African poetry.Anthology of traditional African poems.** London: Combridge University Press.

Berhanu Matthews (2009).**Fandamental of Literature.(**2[nd] ed.) Addis Ababa Alpha printer PLC.

Birhaanuu Hirkoo (2003).**Biiftuu Ganamaa.**Finfinnee:Sofmic, Printing press.

Cohen. L . Munion, L. and Marrisson, K (2000). **Research Method In Education**. (5[th] ed). London and Newyork:Routledg.

Dastaa Dassaaleny (2002).**Bu'uura Qorannoo**.Finfinnee: Boolee P.E.

________________ (2013).**Bu'uura Aorannoo**.Haala Dhiheenya Durdurii Oromoo Safuu Barsiisuuf.

Dinscombe,M.(2007).**The Good Research for small scale social research projects**.(third ed.) Open University Press.

Dorson R. (1972).**Folklore and Folklife**: an Introduction Chicago: University.

Dundes A. (1965).**The Study Of Folklore.**Berkley:Prentice Hall Inc

Fedhasaa Taaddasaa (2013).Subii.**Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo**: Finfinnee Oromiyaa: Subi Printing Press

Finnegan,R . (1977). **Oral poetery:Its Nature,Significance and Socail Context**,Cambrige University Press.

Getaachoo (2008).Furtuu: **Seerluga Afaan Oromoo**. Finfinnee: DHaabbata Maxxansaa Meeggaa

Coninuity. Bloomington: IndiaUniversityPress.

Huseen Badhaasoo,(2000**). Seera Fuudhaaf Heruma Oromoo Arsii**.Finfinnee: Comercial P.E.

Misgaanuu Gulummaa,(2011).Dilbii:**Bu'uura Afoolaa ,Ogafaanii fi Afwalaloo Oromoo**.Finfinnee:

Okewho, I. (1992).African Oral Literature Backgrounds Chaacters and Continuity.Bloomington: India University Press.

Sims,C.M and stephents, M. (2005). Living Folkore: **An introduction to the study of people and their traditions.** Logan ,UTAH: UTAH state university press

Singh, Y.K.(2006).**Fandamental of research methodology and stastics**.New Delhi:New Age International(P)Ltd,Publications.

Tafarii Ayaanaa, (1998).**Afaan Oromoo**. Finfinnee Oromiyaa: Dhaabbata Maxxansaa Artistikii

Utley.F. (1965) The folktale: **life history and Structuralism**. TheHague: International (p)Ltd, Publications.

Waajjira Aadaaf Tuurizimii G/ Baalee, (2003).**Geerarsa, Faaruu Loonii fi Faaruu Fuudhaaf Heerumaa** (kan hin maxxanfamne)

Waajjira Aaadaaf Tuurizimii Aanaa Sadanii, (2002). **Afoola Oromoo Aanaa Barbaree,Anaa Sinaanaa fi Anaa Gooroo** (kan hin maxxanfamin)

Wasanee Bashaa (2008). **Qortuu Jaarraa**. FifinneeOromiyaa: Dhaabbata Maxxansaa Artistikii

Zarihuun Asfaw (1992).**Yesinetsihuf Meseretaawiyaan** (Afaan Amaaraatiin kan barreeffame): Addis Ababa University.

# DABALEEWWAN

**Dabalee A: Afgaafii**

**YUUNIIVARSIITII MADDA WALAABUU**

**KOLLEEJII SAAYINSI HAWAASAA FI**

**NAMUMMAATTI MUUMMEE AFAAN OROMOO**

**FI OGBARRUUF DHIYAATE**

Gaafilee af gaafii namoota waa'ee gootota godina Baalee aanaa Barbaree beekanii fi geerarsa gootota faarsan beekaniif dhiyaate.

Kaayyoon gaafilee dhiyaatanii Barnoota Afaan Oromoo fi Ogbarruutiin digrii 2<sup>ffaa</sup> guuttachuuf mata duree "Qaaccessa geerarsa gootummaa Oromoo Baalee Aanaa Barbaree faarsan" jedhu ilaalchisee ragaa funaannachuudha.Kanaaf kaayyoon qorannoo kanaa akka galma gahuuf tumsa gochuuf yeroo keessan, humana keessan fi beekumsa keessan aarsaa gootanii gaafilee isiniif dhiyaatuuf deebii naaf laachuuf ayyamamaa taatanii argamuu keessaniif gamanumaa galata guddaa isiniif dhiyeessa!

1.Odeeffannoo dimishaashaa

1.1 Saala ___________________

1.2 Umrii ___________________

1.3 Ganda ___________________

2.Odeeffannoo qorannichaa

1.Gootota Oromoo aanaa Barbaree beektuu?

1.1 Eeenyu fa'i ?

1.2 Maal raawwataniit gootummaan isaanii beekame?

1.3 Dhiibbaa akkamiitu ummata aanaa Barbaree kana irratti geggeeffamaa ture?

1.4 Barri sun bara maalii jedhamuun beekama? Maaliif Maqaan Kun moggaafameef?

1.5 Mootummaan Sumaaliyaa meeshaa waraanaa kana ummata Oromootiif akkammitti kenne ?

1.6 Bara Dhoombir fi bara janaaddee as hoo hacuuccaan gama afaanii, aadaa, siyaasaa, diinagdee fi kan biro jiruu ?

1.7 Yeroo kanatti hoo goototni haala kamiin qabsaa'aa turan ?

1.8 Geerarsi Isaan faarsu jiraa? Yoo jiraatee naaf geeraru dandeessuu?

1.9 Nama biroo kan geerarsa kana beekan naaf eeruu dandaeessuu?

2.Geerarsi goototaa kun ergaa akkamii of keessaa qaba?

2.1 Faayidaan inni ummata Oromoof kennu maal?

2,2 Geerarsi gootota durii lammii yeroo ammaatiif maal fayyda ?

2.3 Geerarsi kun akka hin badneef ummata oromoorraa maaltu eegama ?

3. Geerarsi kun yoomii fi eessatti geerarama?

3.1 Yeroo ammaa kana hoo geerarsi kun aanaa kana keessa jiraa ?

4.Yeroo geeraramu akkamiin hurrubama?

4.1 Maal qabataniit geeraru ?

4.2 Meeshaaleen kunniin yeroo ammaa kana jiruu ?

4.3 Yeroo geeraramu haala akkamii nama keessatti uuma ?

**DABALEE B: Daawwannaa**

**YUUNIIVARSIITII MADDA WALAABUU**

**KOLLEEJII SAAYINSI HAWAASAA FI**

**NAMUMMAATTI MUUMMEE AFAAN OROMOO**

**FI OGBARRUUF DHIYAATE**

Kaayyoon gaafilee dhiyaatanii Barnoota Afaan Oromoo fi Ogbarruutiin digrii 2[ffaa] guuttachuuf mata duree "Qaaccessa geerarsa gootummaa Oromoo Baalee Aanaa Barbaree faarsan" jedhu ilaalchisee ragaa funaannachuudha.Kanaaf kaayyoo qorannoo kanaa akka galma gahuuf tumsa gochuuf yeroo keessan, humana keessan fi beekumsa keessan aarsaa gootanii geerarsa kana naaf geeraruuf ayyama-maa taatanii argamuu keessaniif gamanumaa galata guddaa isiniif dhiyeessa!

Gaafilee Yoomessa uumamaa yookiin yoomessa nam tolchee irratti dhiyaachuun deebi'u

1.Geerarsa gootota faarsu yeroo geeraran daawwachuu fi waraabuu

1.1 Namoonni yoomessa namtolchee kanarratti argaman heddumina qabuu ?

1.2 Geerarsa kana irratti fedhiin isaanii maal fakkaata ?

1.3Geerarsi geerarame haala kamiin hurrubame?

1.4Yeroo geeraran miira akkamii keessa jiru ?

1.5 Walaloon geerarsichaa ergaa akkamii of keessaa qaba?

1.6 Faayidaan inni uummata Oromootiif oolu jiraa ?

1.7Goototni yeroo ammaa kana hoo jiruu? Yoo jiraatan gam kam kamiin ibsamu?

**DABALEE C : Gaafilee sakatta'a yeroo godhamutti akka deebi'an qophaahan**

**YUUNIIVARSIITII MADDA WALAABUU**

**KOLLEEJII SAAYINSI HAWAASAA FI**

**NAMUMMAATTI MUUMMEE AFAAN OROMOO**

**FI OGBARRUUF DHIYAATE**

Kaayyoon gaafilee dhiyaatanii Barnoota Afaan Oromoo fi Ogbarruutiin digrii 2^ffaa guuttachuuf mata duree “Qaaccessa geerarsa gootummaa Oromoo Baalee Aanaa Barbaree faarsan” jedhu ilaalchisee ragaa funaannachuudha.Kanaaf kaayyoon qorannoo kanaa akka galma gahu galmeewwan garagaraa mata duree qorannoo kanaatiin wal qabatan akka naaf laattan jechaa deeggarsa naaf gootaniif gamanumaa galata guddaa isiniif dhiyeessa!

1. Afoolli uummata Oromoo hawaasa keessaa walitti qabamanii bifa barreeffamaatiin taa'an jiruu ?
2. Geerarsi gootota Oromoo faarsan afoola kana keessa jiruu?
3. Geerarsi kun walaloon isaanii maal jedhu ?
4. Ergaa akkamii of keessaa qabu ?
5. Faayidaan hawaasaaf buusu maal fakkaata ?


**Dabalee D:Gabatee**

Gabatee namoota Odeeffannoon irraa funaaname fi  guyyaa itti fuunaaname

| T/L | Maqaa namootaa | Saala | Umrii | Ganda | Guyyaa |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Aadam Duubee Waaqoo | dhi | 64 | Walta'ii Burqituu | 20/09/2011 |
| 2 | Alii Dumaal Irreessaa | dhi | 68 | Walta'ii Burqituu | 5/09/2011 |
| 3 | Aliyyii Kitoo Boruu | dhi | 75 | Walta'ii Burqituu | 20/09/2011 |
| 4 | Hayiluu Hawaasoo Nagawoo | dhi | 68 | Harawaa  Aanolee | 17/09/2011 |
| 5 | Huseen Godaanaa Turee | dhi | 71 | Walta'ii Burqituu | 20/09/2011 |
| 6 | Huseen Waaqoo Caakkee | dhi | 64 | Walta'ii Burqituu | 5/09/2011 |
| 7 | H/Ibroo Duubee | dhi | 71 | Harawaa  Aanolee | 23/08/2011 |
| 8 | H/M/Huseen Sooraa Jamaal | dhi | 65 | Haroo Dumaal | 21/08/2011 |
| 9 | Kadiir Jiloo  Aagee | dhi | 80 | Gaadullaa | 4/10/2011 |
| 10 | Suleeyman Jibrii Hajjii | dhi | 65 | Walta'ii Burqituu | 5/09/2011 |
| 11 | Sulxaan Dambii Muhaammad-saanii | dhi | 71 | Awaash Qolaatii | 16/07/2011 |
| 12 | Urgee Toleeraa Lammaa | dhi | 45 | Harawaa  Aanolee | 17/09/2011 |

Dabalee 'E'

Suurawwan




Suuraa 1  Kaartaa Aaanaa Barbaree



Suuraa 2 : Qawwee Dhoombir



Suuraa 3 Daawwannaa Ganda Awaash Qolaatii



Suuraa 4  Daawwannaa Ganda Harawaa Aanolee